# XIINXALA FAYYADAMA AFAAN DUBBII DAREE BARNOOTAA KEESSATTI: HAALA GODINA ADDAA SABA OROMOO KAMISEE AANAA BAATEE MANA BARUMSAA FANNOO DIIMA BAATEE SADARKAA LAMMAFFAATTI

**KABBADAA OLJIRRAA GAARIITIIN**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# XIINXALA FAYYADAMA AFAAN DUBBII DAREE BARNOOTAA KEESSATTI:HAALA GODINA ADDAA KAMISEE AANAA BAATEE MANA BARUMSAA FANNOO DIIMA BAATEE SADRARKAA LAMMAFFAATTI


**KABBADAA OLJIRRAA GAARIITIIN**

**GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (PhD)**


**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA)**

**AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN**

**GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE**


**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI**

**MUUMMEEAFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**


**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

**Yuunversiitii Addiis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (AM) Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookiloorii Ittiin Guuttachuuf Kabbadaa Oljirraatiin Matadure; ”Fayyadama Afaan Dubbii Daree Barnootaa Keessatti: Haala Godina Addaa Saba Oromoo kamisee Aanaa Baatee, Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaatti” qophaa’e adeemsa barbaachisu guutee kan dhiyaatedha.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa________________________________Mallattoo_________ Guyyaa_________

Qoraa keessaa____________________________Mallattoo _________Guyyaa__________

Gorsaa_________________________________Mallattoo__________Guyyaa_________

______________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookiin wallitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaakoo kanaan dura yuuniversiitii kamiyyu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta’uufi wabiilee qorannoo kanaaf dubbsee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa’uukoo nan mirkaneessa

Maqaa_____________

Mallattoo___________

Guyyaa_____________

***Axeerera***

*Qaaccessa qorannoo mata duree "Xiinxala Itti Fayyadama Afaan Dubbii Daree Barnootaa Keessatti: Haala Godina Addaa Kamisee Aanaa Baatee Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Baatee " jedhu irratti kan gaggeeffame yommuu ta'u, adeemsa mataa isaa hordofee qophaa'e. Kunis, boqonnaa shan of keessaa qaba. Boqonnaan tokko ariirrata qorannichaa, ka'umsa, kaayyoofi barbaachisummaa isaa ragaadhaan deeggaruun kaa'ameera.. Boqonnaa lama keessatti immoo bareeffamatu sakatta'ame. Kunis, barreeffamoota dhimma mataduree qorannoo kanaa deeggaran akka qabiyyee isaa ibsuun kaa'uufi yaada ciminaa kan kennantu taa'eera. Boqonnaa sadii keessatti immoo mala qorannichi ittiin adeemsifamemala qorannoo ququlleeffataati. Maddi raga qorqnnoo kanaa barsiisota afaan oromoo mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Baateefi barattoota mana barumsaa kanaa kan Afaan Oromoo baratanidha. Malli filannoo raga kennitoota kanaas barattoota Afaan Oromoo kutaa 11-12 daree tokko tokko jiran keessaa 11fi12 daree tokko tokko fudhachuun, akkasumas barsiisota Afaan Oromoo barsiisan afur jiran keessaa mala xiyyootiin lama fudhachuun raga qabatamaa fudhachuun qaaccesseera. Akkasumas meeshaalee ragaan ittiin funaanamee fayyadamni afaanii daree keessaa maala akka fakkaatu irratti daawwannaa, fayyadama afaanii eenyummaa isaanii ibsuurratti immoo afgaafiifi marii gareetiin funaanamee qaacca'e. Malli ragaan ittiin ibsame gosa qorannoo ibsituutiin ragan gad fageenyaaan ibsamaniiru. Boqonnaan afur immoo xiinxala ragaalee keessatti ragaalee barattootaafi barsiisota irraa funaanamantu xiinxalamanii dhiyaataniiru. Kutaa jalqabaa keessatti adeemsa fayyadama afaan dubbii daree barnootaa keessatti taasifamutu ibsame. Itii aansuudhan immoo itti fayyadama afaanii eenyummaa barataafi barsiisaa ibsan loogawwn daree barnootaa keesatti mul'atan akka sadarkaa isaaniitti addeeffamaniiru. Dabalataanis, haala makaa haasaa daree barnootaa keessatii barattoonni mana barumsaa Baatee keessatti mul'atu duraaduuban ibsamaniiru. Kana malees, ergaa itti fayyadama afaanii daree barnootaa keessaa akkaataa ergaafi hiika isaaniitiin xiinxalamanii dhiyaataniiru. Arganoo qorannichaa keessatti loogni sadarkaa dhamjechaatti sadarkaa jechaafi himaattillee mullachuun isaa qorannoon kun mirkaneesseera. Makaan haasaa sadarkaa dhamjechaatti hanga himaattii makanii haasa'uun daree barnootaa keessatti dubbatamuun isaa waliigaltee barsiisaafi barttoota gidduu jiraachuun isaa qoratichi ibseera. Haala fayyadama afaanii daree keessaa keessatti ergaan barataafi barsiisaa gidduutti darbu maal akka fakkaatu ibsameera. Kanaafu yaada furmaataa keessatti barsiisonni makaa haasaa daree barnootaa keessaa hambisuun afaan barnotaan barsiisuun furmaata ta'ee ibsameera. Dabalataanis looga naannoo kanaafayyadamuurra afaan gidduu galeessa fayyadamuun gara afaan waalta'eetti fiduun barattoota dorgomaa gochuun gaarii akka ta'e qoratichi qorannoo isaa keessatti ibseera. Kana malees, fayyadama afaanii daree keessaa eenyummaa barataafi barsiisaa ibsan adda ba'nii dhiyaataniiru.*

**Galata**

Qorannoo kana yeroon hojjechaa turetti, nagaa guutuufi beekumsa sammuu kan naaf late waaqayyoon guddaan galateeffadha. Itti aansuun qorannoo kanaan akkan milkaa'uf gargaarsaafi gorsa kan naaf gochaa turan gorsaa koo Addunyaa Barkeessaa (PhD) guddaa galatoomaa jechuun barbaada.

Dabaltaanis, ragaa qorannoo kanaa kan naaf kennan barattootaafi barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Baatee Sadarkaa Lammaffaa guddaan galateeffadha.

Yeroon qorannoo kana gaggeessaa turetti kallattii hundumaan kan nacinaa dhaabbate meeshallee qorannoo kan nadeeggaraa ture obboleessakoo Abirahaam Oljirraaf galanniko guddaadha. Akkasumas kan yaadaan na gargaaraa turte Haadha manaako Buzee Lamuutiin naaf jiraadhun jedha.

Yeroon ragaa funaanaa ture keessatti hanga ammaatti gargaarsa wal irraa hin cinne kan naaf gochaa turan, meeshaaleefi barreeffamaan gargaarsa hedduu kan naaaf godhan mara osoon hin galateeffatiin hin hafu.

**Jibsoo**

Jechoonni qorannoo kana keessatti dubbistootatti gufuu ta'uu danda'u jedhaman armaan gaditti eeramaniiru. Kunis hiika qorataafi hiika hayyoota irraa argameenidha.

**Fayyadama afaanii _** dubbii afaanii keessatti sirriitti hubachuufi haala salphaan ergaa dabarsuu. Addunyaa (2018:166) "fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa uumama beekumsa natoo fi baranee ittiin hubachuufi ibsuuti"

**Daree barnootaa_____** kutaa deemsi qabiyyeen baruu barsiisuu itti adeemsifam

**Makaa haasaa__**afaan lamaafi isaa ol wakeessa makuun haasa'uu

**Qaaccessa____**Qabiyyee raga guuraman maal akka fakkaatan haala tokkoon ibsuu

**Looga** ____ Garaagarummaa dubbii afaan tokko keessa jiru.

**Goolaba____** xumura

**Yaaxina** _____ yaadiddama qorannoo afaaniitiif yaaliidhaan mirkanaa'anii dhiyaatan.

**Barattoota ____** Barattoota mana barumsaa Baatee Sadarkaa lammaffaatti baratan.

**Haasgocha____** Fayyadama afaanii dubbii afaaniifi gochaan raawwataman.

**Calaqqisan_____** mullatan

**Ergifannaa______** Afaan walirraa liqeeffachuun itti gargaaramuu

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axeerera ........ i
Galata ........ ii
Jibsoo ........ iii
Baafata ........ iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 2
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 3
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 3
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 4
1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 4
1.7. Argama Naannoo Qorannichaa ........ 5
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 7
2.0. Seensa ........ 7
2.1.Barnoota ........ 7
2.1.1. Imaammata Barnootaa ........ 8
2.1.2. Daree Barnootaa ........ 9
2.1.2.1. Dalagalee Daree Barnootaa ........ 10
2.1.2.2. Qajeelfamoota Daree Barnootaa Keessaa ........ 11
2.1.2.2.1 Qajeelfama Daree keessatti Brsiisaa Ilaallatu ........ 11
2.2.2.2.2. Qajeelfama Daree Kessatti Barattoota Ilaallatu ........ 12
2.2.2.3.Hirmaattota Daree Barnootaa ........ 12
2.2.2.3.1. Barsiisaa ........ 12
2.2.2.3.2. Barattoota ........ 13
2.2.2.3.3. Meeshaalee Barnootaa ........ 13
2.2.2.4. Qunnamtii Daree Barnootaa Keessaa ........ 14
2.2.2.5. Yoomessaa Daree Barnootaa Keessaa ........ 15

2.3. Faayidaa Afaanii ........ 15
2.3.1 Afaan Dubbii ........ 17
2.3.2. Afaan Barnootaa ........ 17
2.3.2.1. Dhimmoota Hawaasummaa Bu’uureffachuu barnoota Afaanii ........ 17
2.4. Fayyadama Afaanii ........ 18
2.4.1. Maalummaa Fayyadama Afaanii ........ 18
2.4.2. Haala Fayyadama Afaanii ........ 19
2.4.3. Akaakuu Fayyadama Afaanii ........ 20
2.4.3.1. Haasaa Makaa ........ 20
2.4.3.1.1. Haasaa Makaa Sadrkaa dhamjechaatti ........ 21
2.4.3.1.2. Haasaa makaa Sadarkaa Gaaleetti ........ 21
2.4.3.1.3. Haasaa Makaa Sadrkaa Cirootti ........ 21
2.4.3.1.4. Makaa Haasaa Sadarkaa Himaatti ........ 22
2.4.3.2 Ergifannaa ........ 23
2.4.3.3. Looga ........ 23
2.4.4. Ergaa Fayyadama afaanii ........ 24
2.5. Fayyadama Afaanii Daree Barnootaa Keessaa ........ 25
2.5.1. Amala Fayyadama Afaanii Daree Keessatti ........ 25
2.5.2. Ga’ee Fayyadama Afaanii Daree keessatti ........ 26
2.5.3. Hirmaattota Fayyadama Afaanii Daree Barnootaa Keessaa ........ 26
2.5.3.1. Fayyadama Afaanii Barsiisotaafi Barattoota Gidduutti ........ 26
2.5.3.2. Fayyadama Afaanii Barattoota dhiiraafi Dubaraa Gidduutti ........ 27
2.6 Eenyummaa Barsiisaafi Barataa Daree Barnootaa Keessaatti ........ 27
2.6.1 Eenymmaa Barsiisaa ........ 28
2.6.2 Eenyummaa Barataa ........ 28
2.7 Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 28

2.8 Yaaxina Qorannichaa ........ 30
BQONNAA SADII: MALA QORANNOO ........ 32
3.0 Seensa ........ 32
3.1 Madda Ragaalee Qorannichaa ........ 32
3.2. Odeeffannoo Iddattoowwanii Irratti ........ 32
3.3. Mala Filannoo Iddattoo ........ 33
3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman ........ 34
3.4.1. Afgaaffii ........ 34
3.4.2.Daawwannaa ........ 35
3.4.3.Marii Garee ........ 36
3.5. Mala Ragaan Ittiin Ibsame ........ 36
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAA ........ 37
4.0. Seensa ........ 37
4.1. Fayyadama Afaanii Daree Barumsa Keessatti Mullatan ........ 37
4.1.1. Of Ibsuu ........ 38
4.1.2. Haasgocha ........ 38
4.1.3. Malleen Dubbii ........ 39
4.1.4. Falmii ........ 40
4.1.5. Gaaffiifi Deebii ........ 41
4.1.6. Looga ........ 42
4.1.6.1. Loogaa Sadarkaa Dhamjechaatti ........ 42
4.1.6.2. Loogaa Sadarkaa jechaatti ........ 44
4.1.6.3. Loogaa Sadarkaa Himaatti ........ 48
4.1.7. Fayyadama Afaanii Makaa Haasaa ........ 49
4.1.7.1. Sadrkaa Jechaa fi Dhamjechaatti ........ 49
4.1.7.2. Gaalee ........ 50
4.1.7.3. Ciroo ........ 51

4.1.7.4. Hima ..... 53
4.2. Ergaa Itti Fayyadama Afaanii Daree Barnootaa Keessaatti ..... 54
4.2.1. Nagaa Gaafachuu Daree Barumsa Keessatti ..... 54
4.2.2. Eeyyama Gaafachuu ..... 55
4.2.3. Qajeelfama Kennuu ..... 55
4.2.4. Qabiyyeen Wal Barsiisuu ..... 56
4.2.5. Afaan Mirkaneeffannaa ..... 57
4.2.6. Madaallii Keessattii ..... 58
4.3. Ga’ee Fayyadama Afaanii Ijaarsa Eenyummaa Daree keessaa Mul’isan ..... 59
4.3.1 Fayyadama Afaanii Eenyummaa Daree keessaa ..... 60
4.3.1.1 Fayyadama Afaanii Eenyummaa Brsiisaa ..... 60
4.3.1.2. Eenyummaa Barataa ..... 62
BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA, ARGANNOO FI YABOO ..... 65
5.0. Seensa ..... 65
5.1.Gudunfaa ..... 65
5.2.Argannoo ..... 67
5.3.Yaboo ..... 69
WABII ..... 71
Dabaleewwan ..... 74
Dabalee –A ..... 74
Dabalee -B ..... 75
Dabalee -C ..... 76

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Barnoonni bu'uura waan hundaati.Beekumsa wayitawaa kan yeroo irraa yerootti fooyya'e dhala namaa gonfachiisa. Hundee guddina jiruufi jireenya dhalanamaas ta'ee haala jireenya namaa fooyyessaa jira. Barnoonni idileenis ta'e alidileen ni kennama. Idileedhaan daree barnootaa keessattii barsiisaa leenji'eetiin yeroo dhaabbataa keessatti barattootaaf kennama. Kana malees, meeshaaleen barnootaa qophaa'ee haala sirnaawaan daeree keessatti ni kennama.Barnoota daree keessaa haalaan akka hin milkoofne kan taasisan haalonni garaagaraa nijiru. Barattoonni kun duubee garaagaaraa qabaachuun isa tokko. (Addunyaa, 2010:1) "Caasaan hawaasaa tokko akkataa namni tokko itti dubbatu akkamitti akka murteessuu fi haalli itti fayyadama afaanii, kutaa hawaasaa adda addaa kanneen akka saala, umrii, kutaa hawaasaa sadarkaa hojii, iddoo jireenyaa, wajjiin hariiroo akkamii akka qabu xiinxala"jedha.

Afaaniif hiika kennuun rakkisaadha. Haata'u malee, tajaajila qunnamtiif ooluu isaafi baramuu danda'uu akkasuma haala ergaa dabarsuu isaatin hiika kennaniiru.Yaada kanas owens (1988:391) "language is acomplex and dynamic system of conventional symbols that is used varies modes for thougth and communication" jedha. Afaan meeshaa walqunnamtii ilmaan namaa ta'ee tajaajiluu keessatti eddoo olaanaa qaba. Waantonni jireenya hawaasaatiif barbaachisan kan ittiin ibsaman karaa itti fayyadama afaaniitiini ta'a. Haalli fayyadama afaanii kun immoo iddoowwan garaagaraatti bifa adda addaatiin hojiirra oola. "language in use is a variety of setting," (Halliday, 1994:233). Akka yaada kanaatti namoonni muuxannoo jiruufi jireenya isaanii gaggeeffachuu keessatti fayyadama afaanii adda addaatti dhimma ba'u. Kunis, yeroo irratti hundaa'ee, bakka irratti hundaa'ee, haala irratti hundaa'eefi dirree qorannoo (field of study) wkf.irratti hundaa'ee fayyadama afaaniiti dhimma ba'u.

Fayyadamni afaanii kun gama dirree qorannootiinillee garaagarummaa qaba. Fakkeenyaaf, bakka daldalaatti ,mana murtiitti, mana barumsaatti,mana yaalaatti, lafa taphaatti dirree siyaasaattifi k.k.f. keessatti haala garaagaraatiin dhimma itti ba'u. Gama birootiin fayyadamni afaanii ilaalchaafi raawwii namootaa waliin walqabata. Yaada kana Hodge and Kiross (1993:257) yoo ibsan "language to treatas ideology, actional and relational classification of thoughts and ideas should be taken into considaration" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti

afaannamoota yaada garaagaraa qaban, barumsa qoqqooddiiwalitti dhufeenyaafi gochaafiyaanni hubannaa keessa galuu qaba. Kanaaf, fayyadamni afaanii hawaasni muuxannoo jireenya isaa keessatti haalaafi iddoo garagaraatti karaa garaagarummaa qabuun waliigalteef kan itti dhimma ba'amu ta'uu hubanna.

Dhalli namaa yeroo afaanitti fayyadamu haala afaan iddoo sanaa beekuu fi beekuu dhabuun walqunnamtii gidduu isaaniitti taasifamu irratti dhiibbaa geessisuu danda'a. Hawaasni iddoo fi haala adda addaa keessatti maaliif afaanitti haala garaagaraan dhimma ba'aa, tajaajila fayyadama afaanii, kutaa barattoota garaagaraa biratti ergaa akkamii akka inni qabu beekuuf gaaffilee bu'uuraa xiinqooqaa hawaasni yookiin barattoonni afaan eenyutu, maaliif, akkamitti akka itti fayyadamu beekuun barbaachisaadha (Wolff, 2000).

Yeroo ammaa kana Afaan Oromoo 1989 afaan hojii mootummaafi afaan barnootaa ta'ee naannoo Amaaraa Goodina Addaa Saba Oromoo Kamisee keessatti tajaajilaa ture; tajaajilaas jira. Guddina afaaniif murteessa kan ta'an keessaa afaan barnootaa ta'uun tajaajilaaf ooluu afaaniiti. Afaan barnootaa Naannoo Oromiyaa qofa osoo hin taane yeroo ammaa kana naannoolee kaan keessattuu akka gosa barnootaa tokkootti kennamuu eegaleera.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Mata duree "Fayyadama Afaan Dubbii Daree Barnootaa Keessatti " jedhu irratti qorannoo akkan gaggeessuuf kan na kakaase, mana barumsaa kana yeroon barsiisu barattoonni Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa fi Qophaa'inaa Baateetti Afaan Oromoo baratan, harki caalaan isaanii haasawaa taasisan keessatti afaan waliigalaa ta'een of ibsuurratti ni rakkatu. Kun immoo wal hubannaa barataafi barsiisaa gidduutti ergaa isaa hubachuun isaan rakkisa. Yeroo tokko tokko immoo barsiisaan barattoonni fuulduratti ba'anii ibsa akka godhan yoo affeeru eeyyamamoo miti. Akkasumas, daree keessatti marii garee taasisuun deebisanii akka ibsan yoo ajaju, waliin dubbii gaggeessuufuu nii saalfatu. Kana malees, deebisanii ibsuuf afaan waliigalaatti dhimma hin ba,an.

Walumaagalatti, barattoonni kuni daree barnootaa keessatti of ibsuu, marii garee taasisuu, ibsa dhiyeessuufi waliin dubbii daree keessaa taasisuuf of kennoo miti. Kuni immoo, hubannaa barumsa isaanii irrattii gufuu ta'uudhaan kallattiinis ta'e alkallattiin jiruufi jireenya isaanii irratti dhiibbaa geessisa. Barattoonni kun qormaata Afaan Oromoo daree keessaa dandeettii dubbii isaanii yoon madaalu afaanichatti akka barbaadametti itti hin fayyadaan. Qabxiin madaallii

isaaniis gadaanaadha. Barattoonni baay'een isaanii qabxii gaarii galmeessisanii hin jiran.

Kanaafuu, ammumaan rakkoon barattoonni kun gama afaan dubbiitiin daree barnootaa keessatti isaan mudatu kana furuudhaan egeree isaaniitti milkaa'oo akka isaan ta'an gochuudha. Kanuma irratti hundaa'uun rakkoon barattoota kanaa maalii? gaaffii jedhu deebisuuf, gaaffilee armaan gadii bu'uura qorannoo kanaa godhachuun qoratichi kaa'ee jira.

1. Itti fayyadamni Afaanii daree barnoota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Baatee Sadarkaa Lammaffaa maal fakkaata ?
2. Ergaan itti fayyadama Afaanii daree barnoota Afaan Oromoo kan Mana Barumsaa Baatee Sadarkaa Lammaffaabarattootaafi barsiisaa gidduutti maalii?
3. Itti fayyadamni Afaanii daree barnootaa keessaa akkamiin eenyummaa barataafi barsiisaa ibsaa?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa fayyadamni Afaanii daree barnoota Afaan Oromoo kan Mana Barumsaa Baatee Sadarkaa Lammaffaa keessa jiru maal akka fakkaatu xiinxaluudha. Kaayyoowwan gooree immoo akka armaan gadiitti ta'a.

1. Itti fayyadama afaanii daree barnoota afaan oromoo kan Mana Barumsaa Baatee Sadarkaa lammaffaa ibsuu.
2. Ergaan Itti fayyadama afaanii daree barnoota Afaan Oromoo kan Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaafi Qophaa,inaa Baatee barattootaafi barsiisota gidduujiru ibsuu.
3. Itti fayyadama afaanii daree barnootaa keessaa eenyummaa (identity) barataafi barsiisaa calaqqisiisan ibsuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Fayyadamni afaan dubbii tooftaa afaan sana beekuufi miira keenya karaa salphaan ibsachuu danda'uufi calaqqee miira namaa hubachuu danda'uudha. Fayyadamni afaanii qindoomina, miidhagina, beekumsa fi hubannaa sammuu kan barbaadu ta'uudha. Kanaafuu, qorannoon kuni beekumsa fayyadama jechaa, miidhagina jechaa, hubannaa dubbii miiraafi yaada sammuu barattootaa caalaatti cimsa. Qorannoon kun faayidaa armaan gadii argamsiisa.

- Dhimmoota baruu barsiisuun walqabate daree keessatti qaamotni baruu barsiisuu keessatti qooda fudhatan hubannoo fayyadama Afaan Oromoo ni argatu.
- Barattoonni beekumsa hiika jechootaafi Afaan Oromootiin dubbatanii miira isanii ibsachuufi miira namootaa hubachuu ni dabalaf.
- Rakkoowwan fayyadama Afaan Oromootiin walqabatanii daree barnootaa keessatti mullatan kanneen akka afaan walmakaa, garaagarumma dubbii, caaseffama afaanii hanbisuuf.
- Qaamota qorannoo fayyadama afaanii daree barnootaa irratti hojjachuu barbaadaniif madda ragaa ta'ee akka tajaajiluuf.
- Barattoota Afaan Oromoo barataniifi barsiisonni eenyumaa isaanii daree barnootaa keessattii irratt hubannoo gonfatu. Madda beekumsa afaan dubbii ta'ee sodaa tokko malee akka of ibsatan taasisuuf.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun bakkaafi qabiyyeedhaan daangeffamee jira. Daangaan bakkaa qorannoo kanaa Naannoo Amaaraa Godina Addaa Kamisee Aanaa Baateetti Mana Barumsaa Baatee Fannoo Diimaa Sadarkaa Lammaffaafi Qophaa'inaatti yoo ta'u qabiyyeedhaan immoo "xiinxala Itti Fayyadama Afaan Dubbii Daree Barnootaa keessatti kan jedhudha. Qabanni daangessuu bakkaafi qabiyyee kanaa kan ta'e immoo, sababa maallaqaa, yeroo ga'aa dhabuufi odeeffannoo qabatamaafi miijataa argachuuf waan miijataadha.

### 1.6 Hanqina Qorannichaa

Hanqina qorannoo kanaa ta'ee qoraticha mudate kan gabaabina yeroofi hanqina maallaqaati. Inni biraa immo, akkaataa dubbii barattootaa fi barsiisotaa akkasumas looga meeshaaleen barnootaa ittiin qophaa'e wajjin wal bira qabnee ilaaluuf rakkisaa ta'uu isaati. Haata'u malee, haqina gama yerootiin jiru barsiisota Afaan Oromoo barsiisan gama barsiisuu irratti akka nudeeggaran miijeffachuu, rakkoo gama baasii immoo galii kan biraa barbaaduu ta'ee rakkoo gama hundaan na mudate cabsee qorannoo koo milkeesseen jira.


## 1.7. Argama Naannoo Qorannichaa

Aanaan Baatee Naannoo Amaaraa Kaaba Itoophiyaa Godina Addaa Saba Oromoo Kamisee keessatti argamti. Akka ragaan Bulchiinsa Aanaa Baatee ibsutti; Aanaan Baatee magaalaa guddittii Itoophiyaa Fifinnee irraa kiiloo meetira 420 fagaattee Kaaba irratti argamti. Magaalaa guddoo naannichaa jechuunis Baahidaar irraa immoo kiiloo meetira 545 fagaatti. Magaalaa godinichaa kan taate Kamisee irraa immoo kiiloo meetira 97 fagaattee gara baha godinichaatti argamti. Aanaan Baatee Bahaan naannoo Affaari, kaabaan aanaa warra Baabboo, Dhihaan Aanaa Qaalluufi kibbaan Aanaa Dawwee Haarawaatu daangessa. Aanaa Baatee kana keessa sabaafi sablammoota garaagaraatu jiraata. Kanaafuu, afaanota garaagaraatu keessatti dubbatama.

Haaluma kanaan Afaan Oromoo afaan hojii ta'ee tajaajilaa jira. Waajjira Bulchiisa Aanaa Baatee akka ibsetti. Afaan Amaaraafi afaan Affaar duraa duubaan sadarkaa qabatanii dubbatamaa jiru. Magaalaa Baatee keessatti garuu afaan amaaraa caalaatti dubbachuun ittiin walii galama. Haalli teessuma lafa ishee perseentiin 42 bu'aa ba'ii, harki 20 gaarreen, harki 28 hallayyaa fi harki 10 immoo dirree ta'uu isaati. Haalli qilleensa isaa harki 81 gammoojjii harki 1 immoo badda-daree kan hafe immoo baddaadha. Ummata kuma 90 ta'utu Baatee kessa jiraata. Bal'inni lafa ishee Iskuweer kiiloo meetirii 24696 bal'atu irra uummatichi jiraata. Olka'insi lafa isaa qarqara galaanaa irraa 1200-2800m yoot'u waggaatti rooba miillii liitira 500-1000 kan ta'u argata.

Aanaan Baatee bakkeewwan seenaa qabeessaa garaagaraa qaba. Isaanis, bakka fannoo namaa kan bara Haylesillaasee, Hora Caacaatuu, Masgiida Saatawwaafi Bosona Garfaati. Kana malees, Aanaan Baatee nyaata aadaa kanneen akka marqaa, nufuroo, dimmisoofi wkf qabdi. Baateen biyya miidhaginaan beekamtu keessaa ishee tokkoffaadha. Kanarraa kan ka'e "wubet silekkaa Baati new lekkaa" jechuun mammaakama. Baateen seenaa duudhaafi aadaa nama boonsu hedduu qabdi.

Uummatni Aanaa Baatee keessummaa simachuufi ofitti qabuun kan beekamudha. Haaluma kanaan uummata amantaa garaa garaa qabutu Baatee keessa jiraata. Caalmaatiin garuu, harki 95uummata amantaa musiliimaa kan hodofan yoo ta'u harki hafe immoo kan amantaa pirootestaantii hordofan harka 2.2 ortodoksii kan hodofanii fi harki 2.8 waaqeffataadha.Manneen barnootaa sad.1$^{ffaa}$ fi 2$^{ffaa}$ garaagaraa of keessaa qaba. Haaluma kanaan nutis Aanaa kana keessatti fayyadama Afaan dubbii kan Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti maal akka fakkaatu qoratichi xiinxalee haala inni keessatti argamu ragaadhaan dhiyeesseera.




Kaartaa 1. Kaartaa Aanaa Baate

Kaartaan armaan olitti dhiyaate kun kaartaa Aanaa Baatee kan agarsiisu yoo ta'u halluuwan garaagaraan kanneen qoqqoodaman immoo Gandoota Aanicha keessaa agarsiisudha.Aanaan Baatee, akkuma olitti ibsame Naannoo Affaariif Aanota Naannoo Amaara jala jiraniin marfamtee jirti. Kana irraa kan ka'e afaanota garaagaraafi sablammii garaagaraan walmaktee jiraatti.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.0. Seensa

Boqonnaan kun barruuwwan qorannoo kanaan hidhata qaban of keessatti kan hammateedh. Faayidaafi fayyadama afaanii, walitti dhufeenya afaaniifi barnootaa, akkaataa afaan walkeessa makaniifayyadamuu ibsameera. Kutaan kun maalummaa barnootaa ilaalcisee immaammanni barnootaa maal akka fakkaatu ibsameera. Dabalataanis, daree barnootaafi gochawwan daree barnootaa keessaa irratti yaada hayyootaatiin deeggaramee barruun sakatta'ame dhiyaateera. Kana malees, Qunnamtii daree keessaafi qajeelfamoota daree keessaa irratti yoomessi baruu barsiisuu maala akka fakkaatu yaada hayyootaa wal qabsiisee ibsi itti kennameera. Haaluma kanaan fayyadama afaanii keesattis maalummaa, haala fayyadama afaanii fi ergaa fayyadama afaanii irrattis bal'inaan kaa'ameera. Fayyadamni afaanii daree keessaa waan inni of kessatti hammatus yaaduma beektotaan kan deegarame taa'eera. Kana malees, barruun wal fakkii kan qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qabaniifi yaaxinoonni ittiin qorannoon kun ilaalame walduraa duubaan sakatta'amee dhiyaate of keessatti hammateera

## 2.1.Barnoota

Dhalli namaa jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti hubannoofi muuxannoo kan argatu barnootaani. Kanaafuu barnoonni meeshaa beekumsi ittiin argamudha.Yaada kana Noormohamadi (2008) "education is a potential instrument for incuraging independent thinking among the leaners" jedha.Akka yaada kanaatti barnoonni meeshaa beekumsa barattoonni ittiin argatan ta'uu isaa ibsa.Barnoonni muuxannoo dhalli namaa jireenya guyyuu isaa keessatti gonfatudha.Muuxannoon kunis muuxannoo dandeettii, muuxannoo beekumsaafi muuxannoo hubannoon kan argamu barumsaani. Yaada kanas, Silashii (2016:24)"Barnoonni adeemsa dhalli namaa dandeetti beekumsaafi hubannoo ittiin argatudha" jechuun ibsa. Barnoonni Aanaa Baatee keessatti kennamu sagantaa idileetiin bakka murtaa'etti barsiisaa fi barataan bakka jirutti meeshaan barnootaa qophaa'ee afaanbarnootaatiin kan kennamudha.Yaaduma kana Silashiin (2016) barnoonni daree barnootaa keessatti kitaabni sadarkaa isaa eeggate maxxanfamee barnooni akka kennamu dubbata. Kanaafuu, barnoota jechuun kan sdarkaa isaa eeggatee afaan waalta'een daree barnootaa keessatti barsiisaa leenji'ee, haala idileefi alidileen yoomessa mataa isaa eeggatee kennamudha. Haaluma kanaan itti fayyadamni afaanii daree barnootaa keessatti maala akka fakkaatu qoratameera.

### 2.1.1. Imaammata Barnootaa

Imaammanni barnootaa adeemsa yookii akkaataa sirni barnootaa hojii baruu barsiisuu keessatti raawwatamudha. Imaammanni barnoota biyya keenyaa afaan dhalootaatiin qabiyee barnootaa barachuun gaarii dha yaada jedhuun itti dhimma ba'aa jira. Akka Suan(2007) "calls for mother tongue based education are supported by several rights insteuments in international law …education reflecting the rights of people to develop their own language and culture" jedha. Akka yaada kanaatti afaani dhalootaa ofiin mirgi barachuun akka seera addunyaatti kan kennamedha. Kunis, mirga afaan ofii guddisuufi aadaaofii guddisuu keessatti ga'ee waan taphatuuf immaammanni barnootaa biyya keenyaas kanuma hordofa. Haata'uuti garuu afaan daree keessatti dubbatamu afaan dhalootaa qofaadha jechuun nama rakkisa.

> Akka www.campaignforeductio.org*"who receive schooling in their mother tongue in early grade tend to have butter leaning out comes and significantly better literacy levels. Chidren's understanding of what is being taught and discussed in class significantly improves, leaving them to focus on learning core skills, rather than struggling to learn in a language they not understanding"* jedha.

Akka yaada kanaatti imaammanni afaanii barattoonni waanta daree barnootaa keessatti baratan afaan dhalootaa isaaniitiin yoo ta'e caalaatti hubachuu akka danda'an ibsa. Biyyi kamuu kan ittiin barnoota hoogganu sirna mataa isaa qaba. Sirna wayita jennu sirna dhaabbileen garaagaraa ittiin adeemsa hojii keessatti ittiin hooggganamu jechuu keenyadha. Haaluma kanaan dhaabbanni barnootaas sirna barnootaa kan mataa isaa qaba. Sirni barnootaa immoo imaammata barnootaa kan barnoonni biyya keenyaa ittiin bulaa jiru qaba. Imaammata barnootaa kan sadarkaa biyyaafi sadrkaa naannootti adeemsa baruu barsiisuu keessatti mirga ittin barachuuf kennamedha.As keessatti imaammata afaan barnootaa akka biyyaatti kenname irratti xiyyeeffata. Yaada kana toorri interneetii "the FSM language policy designed to provied a framework at the national level and support the states with lingustics issues and in developing curriculum and instructional materials" jedha.Akka yaada toora inteneetii kanaattii imaammanni barnootaa sadarkaa naannoofi sadarkaa federaalaatti qophaa'uun dhimmoota xiinqooqaa naannoolee deeggaruufi sina barnootaafi meeshaalee barnootaa qoph'anii dhiyaatanidha.

Imaammanni barnootaa dhaabbilee barootaa keessatti hojiirra oola.Imaammanni barnootaa kunis faayidaa garaagaraa qaba.Imaammanni leenjiin barnoota afaaniitif kennamuu tajaajila leenjii ammayyaa keessatti barbaachisummaa ol aanaa akka qabu beektonni hedduun kan irratti walii

galanidha. Yaada kana Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessa Qaamolee Haqaa Qorannoo Seeraa Oromiyaa (2004) Ivingston Armytoge waabeffachuun barbaachisummaa imaammata leenjii yoo ibsu ;

> *The purposeof education or training policy is abrodiy to deffine the goals, scope, direction and purpose of that education programme and the means with which to ensure effective implementation. Thus, the exercise of examining the policy setting process focuse attention on arrenge of issues which are fundamental to the nature of the education programs uch as: why do we have continunig judicial education or training? what is it supposed to do ?how is it put in to effect ?*

Akka ibsa kanaatti imaammanni leenjii galma, daangaa, kallattiifi barbaachisummaa sagantaa leenjii adda baasuuf akkasumas akkaata hojiirra oolmaa sagantaa leejichaa bu’aa qabeessa itti taasifamu gochuu keessatti faayidaa ol aanaa akka qabu hubachuun rakkisaa miti. Imaammaanni gosa qabiyyee leenjii kennamuu, amalaafi bu’aa leenjichi buusuu danda’u fi maloota leenjichi ittiin kennamu ibsuu qaba. Akkasumas qaamoleen adeemsa raawwachiiftuu baruu barsiisuu kana keessatti hirmaatan gaheefi itti gaafatamummaa qaban adda baasuun immammata barnootaa gama fayyadama afaanii irratti shoora isaanii ba’uu qabu.

### 2.1.2. Daree Barnootaa

Dareen barnootaa kan barataafi barsiisaan akkasumas meeshaaleen barnootaa qophaa'ee adeemsi baruu barsiisuu keessatti raawwatamudha. Yaada kan “classroom is a learning space a room in which both children and adults learn”https://www.ok.gov yaada kanas dareen barnootaa bakka barnoonni itti gaggeeffamu kan dhaabbata mana barumsaa keessatti argamudha. Afaan Oromoos daree barnootaa keessatti akka gosa barnootaa tokkotti baratamu ykn barsiifama.Barnoonni afaanii dhimmoota hawaasaa hunda bu'uureffata.Afaaniifi hawaasni hariiroo gargar hin cinneefi waliin adeemu qabu.Afaan dhimmoota hawaasaa (haala jiruufi jireenyaa) hunda keessa seena.Barnoonni afaan bu’uura godhachuudhaan waa’ee hawaasa sanaa kallaattiinis ta’ee alkallattiin barsiisa. Kana yeroo jennu afaan barsiisuu keessatti saayinsii afaanii hubachaa, afaanitti fayyadamaa, Akkasumas, jijjiirama adda addaa gama amala barattootaatiin akka dhufu haala mijeessuufi kkf kan dabatudha. Afaan barsiisuu keessatti barattoota yoomessa uumamaan (natural setting) barsiisuun barbaachisaadha. Barnoonni afanii Saayinsii afaan barsiisuuf ooluu fi odummaa kan gaafatu ta'uu isaati. Yaaduma kana hayyuun Corder.s.p(1973)yommuu ibsu barnoonni afaanii saayinsiidha; beekumsadhas. Kunis adeemsa keessa darbamuu fi bu'uura irraa argamu qaba. Barnoonni afaanii daree barnootaa keessattis ta'e daree barnootaan alattis

nikennama ykn ni baratama.Barnoonni afaanii akkaataa garaagaraan ni kennama.Kana malees,barnoonni afaanii yoomessa mataa isaa kan filatu ta'uu isaa toorri interneetii akkas jedha *may take."language education time and place as a general school subject or in a specialzed language school".www.wikipedia.org.* Haalota kana dhimma bahuun mala baruu barsiisuu afaanii hojii qabatamaatti hiikuu nu gaafata. Seenaa jalqabaa barnoota afaanii ilaalchisuun hayyuun (Alan Davies, 2007:4) haala itti aanuun kitaabilee hayyoota garaa garaa wabeeffachuun ibsa

Kunis kan nuhubachiisu barnoonni afaanii daree keessatti erga jalqabee waggoota muraasa kan lakkoofsiseera. Kan yeroo ammaa kanas dhimma qorannoo afaaniitiif dhimma itti bahamuufi qaamolee qorannoo garaa garaa,malawwaaniifi yaaxinaalee afaanii warreen afaan barsiisuu waliin hidhata cimaa qaban Kanneen akka afheddee(multilingualism),afaan baruu (language acquisition), afaan lammaffaafi afaan alaa barachuu(second and foreign language learning),

Aadaa (culture)fi kkf waliin hariiroo kan qabu ta’uu isaa bal’inaan ibsa.

Daree barnootaa keessatti Afaan barsiisuun haala jiruu fi jireenya hawaasichaa hubachuun yoomessa uumamaa kan hawaasaa keessatti dhimma bahamu safuu, duudhaa, aadaafi amantii hawaasichaa eegee kan hojiira oluu fi yoomessa uumama kan mana barumsaa keessatti karaa idileen qindaa'ee, mala baruu barsiisuu filatamee, qabiyyeen qophaa'eefi jechoota waalta'een kan hojirra ooludha. Kana malees mala baruu barsiisuu afaan dhalootaa fi afaan lammataa hubachuun barbaachisaadha.Dandeettiiwwaan afaanii sadarkaa garaa garaatti barataman kanneen barataan akka ofiif shaakala gabbifachuu danda'uuf akkuma barbaachisummaa isaanitti dandeetiwwan dhageeffachuu, dubbachuu, dubbisuu,barreessuu fi dandeettiiwwan xixiqqaa akka hiika jechootaa, caaslugaa fi kkf akka barnootaaf tolutti mijeesuun barbaachisaadha.

### 2.1.2.1. Dalagalee Daree Barnootaa

Dareen barnootaa bakka itti adeemsi baruu barsiisuu itti gaggeeffamu ta’uu isaan ibsameera. Kunis kan adeemsifamu irra caala barattootaafi barsiisota gudduutti akka ta’es beekuun barbaachisaadha. Dalagaaleen daree keessatti raawwataman kanneen gurguddoon armaan gaditti ibsamera.

Akka Amhara National Reginal State Educational Bureau (2014) ibsutti “ class room activities that involve real communication can promot learning” kanaaf gochi daree keessaa walqunnamtii barachuu caalaatti akka cimu taasisa. Barsiisaan fayyadama afaanii daree keessaa kana akka

mijaina qabiyyee barnoota guyyaa sanatti ilaalee itti fayyadamuun walqunnamtii afaanii daree keessattii shaakalsiisuun barbaachisaa akka ta’e dabalataan dubbata.

Dalagaan daree barnootaa keessaa kun barsiisaan meeshaalee barnootaa isaa qabachuun barattoota barsiisuudha. Dalagaaleen daree barnootaa keessaa inni biraan seensa, ibsaa, madaalliifi cimsa kan ta’an dalagaa daree keessaati.

Madaalliin dalagaa barsiisaan barattoota isaa qabiyyee barsisa irratti hubannoo isaanii safaruu jechuudha. Yaada kana Brown (2003) yoo ibsu “Assessment, on the other hand is an on going process that …student responds to question, offers a comment …the teacher subconsciously make an assessment of the students performance” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti madaalliin daree keessaa walitt fufinsaan kan barsiisaadhaan kennamu ta’’uu isaafi barsiisaan ga’umasa barattoota isaa kan ittiin safarudha. Madaalliin gosa garaagaraa qaba. Isaan keessaa kan madaallii daree banootaa keessatti battaluma barsiifamaa jirutti kennamu madaallii al kallattii (informal assessment) jedhama. Brown (2003) “inrofmal assessment are formative their primary focus the on going developmet of the learners language” jedha. Yaanni kunis madaalliin walitti fufaan kan kennamu daree barnootaa keessatti osoo adeemsi baruu barsiisuu gaggeeffamuu beekumsa afaanii cimsuuf kennama.

### 2.1.2.2. Qajeelfamoota Daree Barnootaa Keessaa

Qajeelfamni daree barnootaa barattoota dareesanaaf bayyee barbaachisaadha. Barattoonni yoo seera yookiin qajeelfama qabaata waan hojjechuu qaban ni beeku. Akkasumas qajelfamichaan booda waan tokko akka jiru ni hubatu. Dareen barnootaa bakka adeemsi baruufi barsiisuu itti gaggeeffamu ta’uu isaafi warraaqsa barsiisaafi barataa gidduutti gaggeeffamu ta’uun isaa ni beekama. Haata’u malee, dareen barnootaa hooggansaafi qajeelfama ittiin bulu qaba. Qajeelfamoonni kunis qajeelfama barsiisaa ilaallatuufi qajeelfama barataa ilaallatutu jira.

#### 2.1.2.2.1 Qajeelfama Daree keessatti Brsiisaa Ilaallatu

Akka Evertson and Weinstein (2006) waabeffachuun Owens (1988) ibasnitti “classroom management to the action teachers take to create a supportive environment for the academic and social, immotional learning of students” jedha. Qajeelfamni daree barnootaa keessatti taasifamu kunis gacha barsiisan adeemsa baruu-barsiisuu barattootaa tasgabbaa’aa uumuufi walitti dhufeenya barattootaa cimsiifi miira barachuu barattootaa harkisuuf gocha fudhatamudha. Qajeelfamootakanas warra gurguddoo ta’an shan adda baasuun kaa’amaniiru. Akka toorri

interneetii ibsutti barsiisonni "be respectful toall, come to class prepared, do your best have a wining attitude and have fun and learn" jechuudhaan hayyuumti kun ni ibsa. Kanaafuu, barsiisonni qajeelfamuuta gurguddoo kanaafi kanneen biroos daree barnootaa kessattii raawwachuu qaba.

**2.2.2.2.2. Qajeelfama Daree Kessatti Barattoota Ilaallatu**

Qajeelfama karaa barattootaa daree barnootaa keessatti fudhatamu immoo, barattoonni yeroo gara mana barumsaa dhifan seera yookiin qajeelfama raawwachuu qaban qabu. Qajeelfamni baratootaa kunis, bariisaa dhaggeeffachuu, wal dhaggeeffachuu,harka baasuun gaafachuu yookiin deebisee, walkabajuu, nama biro kabajuu, meeshaa ofii seeraan qabachuu, yeroo kabajuu, jechoota filatanii dubbachuu, dhugaa dubbachuu, wal gargaaruu, barnootatti gammaduu, hiriyyaaa gaarii ta'uufi wkfhttps://www.teachingideas.Co.ul seera yookiin qajeelfamoota barattoonni daree barnootaa keessatti raawwatan ta,uu isaa toorri intarneetii ni ibsa.

Dabalataanis, barattoonni sadrkaa lammaffaa seeraafi qajeelfama daree barnootaa keessatti raawwachuu qaban toorri interneetii yoo ibsu, "arrive on time Ter n off cell phones and electironic devices, no food or dirink,attend ot personal needs befor ciass,bring required materials, start your assignment, use polite speech and body language,speak when permitted no cheating,listen and follow direction …"https://www.thoughco.com haaluma kanaan gochaalee kana barattoonni sadarkaa lammaffaa illee daree barnootaa keesatti raawwchuu qabu. Kuns fayyadama afaanii daree keessatti raawwatamuuf gumaacha guddaa godha.

**2.2.2.3.Hirmaattota Daree Barnootaa**

Adeemsa baruu barsiisuu daree barnootaa keessatti qooda kan fudhatan hirmaattota mataa isaa qaba. Hirmaattoni kunis, Barsiisota, Brattootaafi meeshaalee barnootaati. Barsiisota kan jennu gosa barnnnotaa afaan oromootiin leenji'ee adeemsa baruu barsiisuu daree keessaa kan hoogganu jechuudha. Qooda fudhattoonni maakun daree barnootaa keessatti ga'ee mataa mataa isaanii taphatu.

**2.2.2.3.1. Barsiisaa**

Barnooni afaanii wal qunnamti irratti hundaa'uun hirmaannaa barataafi barsiisaa gidduutti taasifamudha. Barnoonni kennamu mala barattoota hirmaachisuun kan gaggeefau yoo ta'u, adeemsa baruu barsiiuu keessatti ga'ee barsiisaan qabu muraasa. Kana jechuun barsiisaan

barbaachisaa miti jechuu miti. Barnoota afaanii keessatti barsiisaan qooda bahuu qabu hedduutu jira. Yaada hayyuu Richardsfi Rodgers (1986) yoo ibsan "The teacher has two main roles. The first one is to facilitate the communication process between all participant in the class room and between these participants and the varies activities and texts. The second role is act as an independent participant with the learning teaching group" jedha. Akka ibsa yaada hayyuu kanaatti barsiisaan daree barnootaa keessatti gae'ee gurguddaa lama akka qabu ibsa. Kunis adeemsa wal qunnamtii daree keessaa adeemsisuu yoo ta'u inni lammataa immoo, adeemsa baruu barsiisuu keessatti akka hirmaattotaa ta'ee dalaguu akka qabu dabalataan ibsa.

**2.2.2.3.2. Barattoota**

Waa'een barnootaa kaanaan barsiisaafi barataan akka jiru beekamaadha. Sababiin isaas barnoota, barataafi barsiisaan walirraa adda bahuun jirachuu hin danda'u. Sadan isaaniiyyu wal irratti ijaaramanii jiraatu. Kanaaf barataanis adeemsa baruu barsiisuu keessaa qaama tokkodha jechuudha. Ga'een barataa daree barnootaa keessatti ajaja barsiisaan laatu raawwachuudha. Kunis, hojii baruu barsiisuu keessatti barachuufi barsiisaa hordofuudha. Hojii manaafi hojii daree akka ajaja barsiisaatti hojjechuudha. Barattoonni qaama baruu barsiisuun irratti raawwatamudha.

**2.2.2.3.3. Meeshaalee Barnootaa**

Meeshaalee barnootaa kan jennu waantota adeemsa baruufi barsiisuu fiixaan baasuuf srna barnootaatiin qophaa'ee barnoonni ittiin kennamudha. Meeshaaleen barnootaa kanneen sirna barnootaa keessatti hammatamanii qophaa'anidha.Isaanis, silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaati. Meeshaaleen barnootaa kun akkuma gosa barnootaa garaagaraatti qophaa'a. Yaada kana Adaanee (2013) hayyuu Henich waabeffachuun yoo ibsu,

> *Meeshaaleen barnootaa sadarkaa kamirrattuu kennamu haala itti odeeffannoo barnootaa toora gale yookiin caalaatti akka hubataniif qindaa'ee barataabira ga'uun bu'aa qabeessa kan taasisudha. Kana malees barnoota qabatamaa taasisuun qabiyyee barnootaa gola keessatti kennamu naannooisaa waliin wal simsiisuun diyeessuun haala baruufi barsiisuu duraan kan miijessudha. Adeemsa baruufi barsiisuu haalaan qabatamaa taasisuuf meeshaaleen barnootaa qabiyyee barnootaa waliin deemanitti gargaaramuun caalaatti barnootichi faayidaa akka qabaatu taasisa.*

Akkuma yaada kana irraa hubatamu meeshaaleen barnootaa akka walii galaatti beekumsa waliigalaatiif dandeettiwwan afaanii gonfachiisuuf gahee guddaa kan taphatudha. Kanaafuu meeshaaleen barnootaa kun fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti qooda kan fudhatudha.

Haaluma wal fakkaatuun gaheen  meeshaaleen barnootaa inni biraan beekumsa waa'ee afaanii kan ilaallatudha. Beekumsa afaanii yoojedhamu immoo afaan gadfageenyaan caasaa isaafi ergaa isaa beekuun itti fayyadamuudha. Beekumsa afaanii ilaalchisee hayyuun Gurmeessaa (2015) akka jedutti,"afaan kan qoratamu haala caasaafi itt fayyadama isaati" jedha. Kunis: seerluuga (grammer), hiika jechootaa (vocabulary), sagaleessuu (pronounsation) fi fayyadama (usage) afaanicha of keessatti hammatee kan dhiyaatudha.

**2.2.2.4. Qunnamtii Daree Barnootaa Keessaa**

Qunnamtii daree barnootaa keessatti taasifamu garaagaraatu jira. Qunnamtiin kunis kan barttootaafi barsiisota gidduutti taasifamu akkamiin akka afaanitti fayyadamuun baruufi barsiisuu akka adeemsisan ilaallata.Iaan kunis maloota baruu barsiisuu milkeessuu oola hammata. Kan barsiisonniifi barattoonni daree keessattii ittin walqunnamuu adeemsa barumsaa gaggeessanidha.

Gaaffiifi deebiin qunnamtii daree keessaa  isa tokkodha. Yaada kana Susan (2007) "Questionig is a centeral part of developing interactive language in the classroom. Teachers allocate significant teaching time to asking question and it is these questions which give shap to the lesson" jedha. Akka yaada kanaati fayyadamni afaanii daree keessatti ittiin wal qunnaman haalli gaaffiifi deebii barbaachisaa ta'uu isaafi barsiisaan haala gaaffii baruu barsiisuu miijessu akka ta'e dubbata.

Qunnamtiin daree keessaa hirmaannaa gar-lamee waan ta'eef hirmaannaa baratafi barsiisaa giduutti taasifamudha. Yaada kana, Angela and Anthony (2009:279) "in an education setting, investgated tur-taking in formal classroom …that teachaers can direct" jechuun ibsa. Akka yaada kanaattii qunnamtiin daree keessaa qunnamtii gar-lamee kan barsiisaafi barataan afaaniin wal–wajiin taasisan ta'uu isaati. Kunis, yoomessaa mataa isaa kessatti barsiisaan ajajaa ta'uun qunnamtii raawwatamudha.

Gaaffileen kun gosa sadii qaba. Kunis gaaffii yaadachiisuu, gaaffii raawwachiisuufi gaaffii madaallii jedhamu.

Qunnamtiin daree keessaa inni biraa immoo qunnamtii garee xiqqaadha. Fayyadama afaanii daree keessatti barsiisuuf mala miijataa ta'ee fudhatamedha. Kana malees, falmii gaggeessuun, nagaa gaafachuu, qabiyyee barnootaa irratti yaada maddisiisuufi irratti waliigaluudha.

### 2.2.2.5. Yoomessaa Daree Barnootaa Keessaa

Barnoonni karaa lamakennamu danda'a. Kunis, idileefi al-idileen kennamuu waan danda'uufidha. Al-idileen barnoonni kennamu bakkaafi yeroo murtaa'e tokko hin qabu.Amma kan ilaallu barnoota idilee kan daree dhaabbataa fi yeoo dhabbataa keessatti kennamudha. Adeemsi baruubarsiiuunkan gaggeeffamu daree barnootaa dhabbataa ta'e tokko keessatti barnoonni kennama. Akka hayyuun "language education time and place as a general school subject or in a specialzed language school*".www.wikipedia.org*.ibsutti, barnoonni kan kennamu mana barnootaa walii gala dhaabbataa keessatti afaan filatamaan qindaa'ee barsiisaa leenji'eefi haala meeshaaleen barnootaa qaphe tokko keessatti kenname. Haaluma kanaan qorataan qorannoo isaa kangaggeesse yooessa uumamaa keessatti mana barumsaa sadaekaa lammaffaa Baatee daree dhaabbataa kessattidha.

## 2.3. Faayidaa Afaanii

Maalummaa afaanii ilaalchisee hayyoonni garaagaraa hiika garaagaraa kennaniiru kennaas jiru.Haaluma kanaan Castello (2015:3) " The means we use to convey ideas from one mind to another, and the acquisition of language remains …" jedha Akka yaada kanaati afaan meeshaa yaada nama tokkoo sammuu isaa keessaa gara nama biroottii dabarsaniifi ittiin afaanicha ittiin dhaalanidha. Hayyuun afaanii Angela and Anthony (2009 :15) "Language is more than the code it also involves social practicesof interpreting and making meaning" jedha. Akka yaada kanaatti, afaan mallattoo yookiin yaada hawaasa waliin shaakaluun yaadaaf hiika kennuufi ergaa hubachuudha.

Dabalatanis, Mehl (2003:67) waa'ee afaanii yoo ibsu, "The ways people use words convey a great deal of information about them selves, their audience and the situation they are beyond its communicative function" jedha. Akka yaada gubbatti dhiyaate kanaatti, afaan namni tokko eenyu akka ta'e, eessaa akka dhufe duuba isaa hubachuuf kan nama gargaaruudha. Afaan yaada namaa kan ibsu ta'uu ilaalchisee Holmes (1992:319) "language enables people to express idea, feeling, attitude during social enteractions" jedha. Kunis, afaan waliin dubbii keessatti kan yaada, fedhii, ilaalchaafi k.k.f. ibsachuun hawaasa keessatti waliigalteen akka jiraatu kan taasisu

akka ta’e hubachuun nidanda.ama. Maalummaa afaani ilaalchisee, afaani akka shaakala hawaasummaatis hiika qaba. Kunis afaan kan baramu shaakala keessa waan ta’eef afaan shaakalaafaan barachuuf gargaarudha.

Yaada kana hayyuun, Angela and Anthony (2009) “This understunding of language sees a language not simply as a body knowledge to be learnt but as cocial practice in which to participate” jedha. Kanaafuu afaan ofii isaa beekumsa miti karaa beekumsaati malee beekumsi kun immoo shaakalaan argama waan ta’eef afaan shaakaladha. Kans ta’e san afaan afaaniif hiika tokkichaa lafa kaa’uun rakkisaadha. Haata’u malee afaan mallattoo walii galtee dhala namaa kan karaa seera qabeessaa jecha walitti qindeessssaa hiika uumuun ittiin wali galamudha.

Faayidaa afaan kennu ilaalchisee Finch (2003:138) ”Language functions are two categories: One is micro function which covers the particular individuall use and the other is macro function which relates to the large or more general language“ jechuun ibseera. Akka yaada kanaatti tajaajila afaanii micro jalatti. Tajaajila odeeffannoo waraabuu, Tajaajila waa addaan baafachuu, Tajaajila yaada, fedhii, ilaalchaa ofii ibsachuu, Tajaajila ka`umsa / jalqaba/ dubbii uumuu, Tajaajila walitti dhufeenya yookiin hariiroo namoota gidduutti uumuu, Tajaajila miira dadhabbii, aarii, gaddaa ibsuu, Tajaajila miira gammachuu, hawwuu namootaa ibsuu ta`uu ibseera. Tajaajila afaanii “macro” jalatti ammo afaan bu`aawwan xixiqqoo (micro) heddu walitti qindeessuun kennuu akka danda`u lafa kaa`eera, Tajaajila addunya keessa jiraannu, faayidaa dhuunfaa keenyaa ykn waliiniitiif akkaataa itti hubannee afaaniin ibsinu, Tajaajila jechootatti gargaaramuun mataa keenya ibsuu yookiin eenyummaa keenya namoota birootiif ifa gochuu (the interpersonal function) Tajaajila addunyaa keessa jiraannutti ofis ta`ee namoota gammachiisa.

Tajaajilli afaanii filannoo fayyadama afaanii irratti kan hundaa'uufi haala, hawaasaafi bakkaan kan walqabatu ta'uu Fishman (1971) ibsee jira. Akka waliigalaatti fayyadamni afaanii filannoofi mata duree dhimma sirrii ta`e irratti eenyummaan dhuunfaa sadarkaa fuulleetti waliigalteen ta`u irra caalattii hubatamuu kan danda`uudha. Dabalataanis, filannoon fayyadama afaanii bu`aa barbaadameef, kutaa hawaasaa itti fayyadamuuf yeroo wajjiin kan walitti hidhateedha. Keessattuu bu`arratti xiyyeeffachuun afaan fayyadmuun hawaasa afaan lama yookiin sanaa ol warra fayyadaman hubachuuf nama gargaara. Gama birootiin fayyadamni afaanii kan haalaafi iddoo idileefi al-idilee ta`e keessatti hojiirra oolu garaagarummaa kan qabu ta`uuisaati. Yoomessa idilee keessatti fayyadamni afaanii qajeelfama faana kan deemu ta`uu hubanna.

### 2.3.1 Afaan Dubbii

Dubbiin kan dhalli namaa sagaleelee walitti qindeessuun kan ittiin hiika waliif dabarsudha. (owens,1988:3) "speech is a method or averbal means of communicating or conveying meaning" jedha. Akka yaada kanaatti dubbiidhaa odeeffannoo waljijjiirn hiika waan tokkoo hubachuun akka danda'amu ibsa.Afaan dubbii kanatti dhimma ba'uu kan danda'us dhala namaa qofa akka ta'e hayyuun kuni ni dubbata. Kunis, dubbataafi dhaggeeffataa akka barbaada."...The conveentional orsocially shared code of language allows listner and speaker" yaanni kun dubbataafi dhaggeeffataa gidduutti odeeffannoo hiika qabu dabasuufi hubachuuf qaamni lamaan kun jiraachuu akka qabu dubbata. Waanti afaaniin dubbatamuun ittiin walii galamu kun akkatuma duubee hawaasichaatiin fayyadamni isaanii garaagara.

### 2.3.2. Afaan Barnootaa

Fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti haalamana barumsaa Baatee jedhu kana keessatti haala ittiin wal qunnamtii barnootaatu ilaalamu. Afaan barnootaa afaan daree barnootaa keessatti meeshaa wal qunnamtii ta'ee ittiin adeemsi baruu barsiisuu ittiin gaggeeffamudha.Kanaafuu afaan barnootaa daree keessatti ittiin gaggeeffamu afaan salphaafi ifa ta'e ta'uu qaba. Akkasumas afaan dhalootaa yoo ta'e caalaatti waantota ulfaatoo ta'anitti hiika kennuu danda'u.Yaada kana Lado (1957:13) " Lingustic destance proposed that sturactures that similar to those in c the native language shuld be tought first ...native language will be simple for him and those elements that are different will be difficult" Akka yaada kanaatti afaan itti afaan hiikkatan sanaan waa barachuun akka isaaniif salphatu dubbata. Akkasumas caasaa afaan biroo afaan dhalootaan wal fakkaata dura barata. Dabalataanis, caacculee Afaan xiyyeeffannoo ulfaatoo adda ta'anii afaan dhalootaan itti fayyadamuuf akka salphatu ibsa.

Holmes (1992:27) yoomessa uumamaa daree barnootaa keessatti waa'ee Afaanii yoo ibsu, ”Informal settings such as the law court or the parlimeat require official languages for interactions” jedheera. Akka yaada kanaatti, fayyadamni afaanii karaa afaan idilaawwa ta'een manneen barnootaa ykn dhaabbilee mootummaa keessattillee waliigaltee raawwatamuun hojii mijeessuu akka danda'u lafakaa'a.

#### 2.3.2.1. Dhimmoota Hawaasummaa Bu’uureffachuu barnoota Afaanii

Yaadrimeen kun barnoonni afaanii giddu galeessatti dhimmoota hawaasaa hunda bu’uureffata yoo jennu hariiroo Afaanii fi Hawaasa gidduu jiru qorata jechuun ni danda’ama. Namoonni haala

galumsa hawaasa adda addaa keessatti maaliif bifa garaagaraatiin akka dubbatan, afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennuu fi kutaa hawaasaa adda addaa biratti ergaa akkamii akka qabu ni xiinxala. Karaa birootiin immoo unkaa fi tajaajila afaan tokko qorachuun karaa argametti fayadamee caasaa garee hawaasaa tokko xiinxaluuf yaala. Barnootni afaanii hawaasa hunda bu'ureffata yoo jennu, hawaasni garee namoota kaayyoo, aadaa, afaan tokkoon naannoo tokko jiraatan yoo ta'u, walitti dhufeenyi yaada aadaa fi hawaasa sanaa caalatti ifa taasisa. Afaan tokko hawaasaafi aadaa isaarraa adda ba'ee jiraachuu hin danda'u. Halli qabatamaan afaan baattuu aadaa, aadaan ammo ibsituu jiruuf jireenya hawaasaa jechisiisees isa kanaa dha. (Addunyaa, 2010:1). Caasaan hawaasaa tokko akkataa namni tokko itti dubbatu akkamitti akka murteessuu fi haalli itti fayyadama afaanii, kutaa hawaasaa adda addaa kanneen akka saala, umrii, kutaa hawaasaa sadarkaa hojii, iddoo jireenyaa, wajjiin hariiroo akkamii akka qabu xiinxala.

Walumaagalatti, barnoonni afaanii dhimma namoota afaan barsiisaniifi baratanii qofaan daanga'uu kan hin dandeenye, dhimmoota hawaasa hundaa bu'uureffatudha. Jiruufi jireenyi hawaasummaa hin jiru taanaan afaan sana barsiisuun yookiin barachuun faayidaa kennu hinqabu. Afaan kan baratamu yookiin kan barsiifamu hawaasa sana deebisanii ittiin tajaajiluuf waan ta'eefidha. Kanaafuu, fayyadamni afaanii daree barnootaa keessatti baratamu haala jiruu fi jireenya hawaasaa waliin wal qabatee baratamuufi itti fayyadamuu qaba.

## 2.4. Fayyadama Afaanii

### 2.4.1. Maalummaa Fayyadama Afaanii

Faayyadama afaanii jechuun namuusa (decipline) dandeettii afaanii irratti kan fuuleffatu ta'ee akkaata afaan itti baramuufi addunyaa ammayyaa ta'e keessatti haala fayyadama afaani iirratti kan xiyyeeffatudha. Ejjennoon xinqooqaas garaagarummaa afaan tokko keessatti ykn loqoda tokko keessatti; haala dubbiin seerlugan; jecha uumamu ykn garaagarummaa afaanota ykn loqoda gidduutti uumamudha. Kaayyoon xinqooqas garaagarummaa fayyadama kana irratti mul'atu kan xiinxaludha. Haaluma kanaan Goldman (1998) yaada kana yoo cimisu "Language use is concerned the promoting our understanding of the role of language play in human life. At its centers are theatrical investigation real a world issues in which language plays leading role" jedha. Egaa fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabatanii dhufan hiikuu keessatti ga'ee guddaa taphachuu akka danda'u ni amanama.walumaagalatti fayyadamaa faanii bifa garaagaraatiin ibisuun ni danda'ama. Akka hayyoota xinqooqaatti fayyadamni afaanii barruu fi

dubbii kaayyoon isaa tartiiba jechootaa ykn caasaa afaan keessatti dubbatamuu fi haala (cntext) keessatti dubbate sana adda baasuun ibsuudha.

Fayyadamni afaanii tooftaa afaan sana beekuu fi miira keenya karaa salphaa ibsachuu danda'uufi calaqqee miira namaa hubachuu danda'uudha. Yaada kana Addunyaa (2018:166) "fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa uumama beekumsa natoo fi baranee ittiin hubachuufi ibsuu jechuunis nidanda'ama...sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhatee miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu" jechuun dubbata. Akka ibsa kanaatti fayyadamni afaanii qindoomina, miidhadina, beekumsafi hubannaa sammuu kan barbaadu ta'uu isaa ibsa. Ilmaan namaa jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota isaan walitti fidu qabu. Wantoota kanneen keessaa tokko fayyadama afaaniiti. Fayyadamni afaanii kallattii dubbiitiin irra caalaa gaggeeffama. Akkaataan itti gaggeeffmu irratti garuu wal hin fakkaatu. Sababni isaas haalli namootni keessatti fayyadaman, bakkaan, umriifisaala, akkasumas, sadarkaa barnootaatiin yookiin jireenyaatiin garaa garummaa qabaachuu danda'a. Kana qofa osoo hin taane afaanuma tokko keessattillee garaagarummaan afaanii nijiraata .Kanarraa ka'uun dhimmootaafi kaayyoowwan adda addaatiif looga afaanicha keessa jiran akka isaa mijatutti jijjiiruun namootni afaanitti fayyadamu. Afaanichatti fayyadamuuniifi haalli hawaasummaa keessa jiraannu, caalatti ammo dhiheenyiifi fageenyi kaayyoo afaanichaatiin walitti hidhatu murteessummaa qaba. Fayyadamni afaanii yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa afaanii xiinxaluun guddinna afaaniitiif gahee olaanaa kan taphatuudha.

Afaan haala hubannoo fayyadama afaanii akka argatan gochuun bu'uura yaaxxinaa lafa kaa'a. Kunis Afaan yoom, eessattiifi haala akkamii keessatti fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e hubannoo namootaa gabbisuun bu'aa olaanaa kan kennuudha. Fayyadamni afaanii yaaxina vygotsk's dhimma ba'a. Kana jechuunis (Wood 1998) "vygotsk's theory focouses heavily on language and social interaction and the rule they in helping learneners acquire" jedha. Akka yaada kanaatti fayyadamni afaanii walqunnamtii yookiin walitti dhufeenya namaafi afaan gidduutti taasifamufi seera afaanichaa barachuuf qajeelfama jirudha.

### 2.4.2. Haala Fayyadama Afaanii

Haala fayyadama afaanii waantota garaa garaa irratti hundaa'uun itti fayyadamu.Yaada kana hayyuun Mehl and othrs (2003) akka ibsitutti ulfaatina sagalee (analyzing verbal tone with

Diction) haala ulfaatina sagalee jechaa ittiin dubbatame xiinxaluudha. Inni biraa immoo amala dubbichaa xiinxaluu (analysisof verbal behavior) kunis amala dubichaa haala inni keessatti dubbatamu xiinxaluun akka itti fayyadaman ibsa. Kana malees, haala fayyadama afaanii jechootaa keessaa unkaa afaanihaa qorachuufi jechootaa lakkaa'uun jechootatti haala darbaadameen ergaa isaa hubachuufi ergaa dabarfachuun ni danda'ama. Fayyadama afaanii keessatti illee haallii fayyummaa qaamaa illee ilaalcha keessa galuun ittii fayyadamuun gaarii akka ta'efi haalli yeroo darbee illee fayyadama afaanii keessatti barbaachisaadha.

### 2.4.3. Akaakuu Fayyadama Afaanii

#### 2.4.3.1. Haasaa Makaa

Afaan wantoota hawaasni walitti dhufuun gamtaan akka jiraatan taasisan keessaa isa tokkoodha. Hawaasni gamtaan jiraatu kun ammo si'a afaan fayyadamu inni tokko afaan isa kan biro afaan ofii keessatti galchuun yoo fayyadamu mul'achuu danda'eera. Afaan walkeessa makuu jechuun yeroo namni tokko haasawaa isaa keessatti afaan garagaraa galchuun fayyadamu jechuudha. Yaada kanaas, Matras (2009:540) "Code switching is the alternation of language with in a conversation. That means a change from one language in to an other occursin the middle of a speeh" jedha. Yaadni Kunis, dubbataan afaan fayyadamaa jirurraa gara afaan birootti cee`uun jechoota, gaaleewwanfi ibsoota garagaraa fiduun jidduu dubbii isaatti galchuun dubbachuudha. Hayyuun kun yaada"code switching‟ jedhu, codemixing‟ isa jedhuun garaagarummaa akka hin qabnetti ibseera.

Haata`umalee Gudykunst and kim (2003:239) "...code switching" kan jedhu hubannoo qabaachuu barbaadanii afaan biroo afaan dubbataa jiran keessatti galchuun fayyadamuu yoo ta`u "code mixing" ammoo osoo hin beekin ykn hin hubatin afaan biroo dubbii ofii keessattii fiduun fayyadamuudha" jechuun akka garaagarummaa qabaatanitti ibsanii jiru. Zalaalam ( 1998:198-199) Gumperz and Bakamba waabeffachuun waa`ee makoo ( code switching and code mixing) yoo ibsu fayyadama afaanii keessatti afaan dubbataa jiran irraa gara afaan birootti cee`uun dhuma himootaa yookiin dubbii gidduutti (keessa himootaatti) jechoota gaaleewwan, maxxantootaafi himoota fayyadamuu akka ta`e lafa kaa`ee jira.

Gama birootiin Afaan walitti makuun tasa osoo hin taane sababa qabatamaa irraa kan uumamu ta`uu seera wajjiin wal qabsiisuun Tiersma ( 1999:105) akka kanatti ibseera." Code switching is

virtually never random speakers will alternate between varieties of language depending on a number of factors or reasons. One factor is the topic of conversation when speaking about the law, it is natural for lawyers to switch to a legal language; particularly to technical terminologies."

Akka yaada kanaatti ka`umsi afaan makoo fayyadamuu yaada ibsuu barbaadan ibsachuu dadhabuu, rakkoo dagachuu yookiin haala walitti dhiheenyaa mul'isuuf akka ta'e, Akkasumas icciitii uumufillee kan raawwatamuu hayyootni niibsu*."The reason for switching of language is to hide fluency or memory problem in second language, to facilitate interpersonal particular relationship and to create secret use of languagee*." Gudykunst and Kim (2003:237). Sababni biraa kan afaan walitti makuu, Hudson (1996:52) "Speakers choose a language which the other person understand" jedha. Akka yaada kanaatti namootni afaan dubbataa jiraniin irraa gara afaan birootti cee`uuafaan dhaggeeffataan nama hubatu filachuu yookiin ergaa dhaggeeffataa biratti uumuuf akka hubachuun danda'ameera. Haaluma kanaan makaan haasaa adarkaa caasaa himaatti argama.

**2.4.3.1.1. Haasaa Makaa Sadrkaa dhamjechaatti**

Damjecha kan jedhamu jecha duraan yookiin jecha duubaan galuun hiika jecha sanaa kan jijjiirudha.Yaaduma kana Silashii (2016) yaaduma kana ibsa. Innis, dhamjechi jalqaba jechaafi dhuma jechaa irrattii maxxanuun akka inni hiika jechaa jijjiiru dubbata. Kunis dhamjecha walabaafi walbalaa akka ta'es itti dabalee ibsa. Kanaafuu, dhamjecha makaa haasaa kan jennu jechoota ergifataman irratti dhamjecha afaan ergiratee dabaluun makaa haasa uumamudha.

**2.4.3.1.2. Haasaa makaa Sadarkaa Gaaleetti**

Makaan haasaa sadrkaa gaaleetti uumamu immoo kutaa himichaa yookiin sadarkaa gaaleett afaan lanaan lairratti makuun yoo dubbatamedha. As keessatti jechoonni argaman jechoot afaan oromoo fakkaatu malee kan afaan oromoo miti. Kun immoo gergaa yookiin hiika gaalee sanaa akka hin hubanne nama taasisa. Jechoota amaariffaa irratti jecha yookiin dhamjecha makuun gara Afaan Oromootti yookiin gara afaan itti waliigalaniitti fiduun kan uumamudha.

**2.4.3.1.3. Haasaa Makaa Sadrkaa Cirootti**

Haasaa makaa sadarkaa cirootti uumamu keessatti caasaa hima tokkoo keessatti afaan lama walmakee argama. Kunis ciroo hirkataafi ciroo of danda'aan lamaan isaa afaan garaagaraatiin

walirratti ijaaramuun ergaa tokko galmaan ga'a. Haasaa makaan kun keessumaayyu namoota afaan oromoo dobbataniifi afaan amaaraa dubbatan gidduutti caalmaan dubbatama.Makaan haasaa kun sababa waliin jireenya hawaasa afaan garaagaraadubbatuutiin jiruufi jireenya isaanii gaggeeffachuuf Afaan makaa sadrkaa ciroottii itti fayyadamu.

**2.4.3.1.4. Makaa Haasaa Sadarkaa Himaatti**

Makaan haasaa sadrkaa himaattillee nimul'ata. Kunis, himni kan madaalamu ergaa inni dabarsuun waan ta'eef makaan haasaa kunis hima afaan maddaa fakkeessuun afaan lammaffaa yookiin afaan makame sana dubbachuun ergaa dabarfachuudha. Makaa haasaa sadarkaa himaatti umamau Silashii, Poplack (1990) wabeeffachuun yoo ibsu, "makaa haasaa himeen amaan gidduutti godhamu yookiin ciroofi himni yeroo afaan garaagaraa keessatti uumamanidha" jedha. Kunisa hima tokko keessatti ciroofi himichi afaan garaagaraa irraa ijaaramuun ergaa yoo dabarsan (inter-sentential ) makaa jedha.

Makaan haasaa hima walfakkaatu keessatti umamu immoo (inteasentential swichigng) jedhama. Gosti makaa haasaa kum hima walfakkaatu keessatti kan uumamu ta'ee afaan lama irrattii caalmaan xiyyeeffata. Afaan lama yoohima tokko keessatti walmake caasaan hima sanaa jijjiirameera. Garuu nama dubbatu sanaaf caasaan isaa sirrii ta'uu danda'a; Ergaas dabarsa. Haasaa makaa haala hima gaaffii ta'een uumamu ammo kan mullachuu danda'u, walqabannaa afaan lama gidduutti caasaa himaa seera isaa hin eegnedha. Kanaafuu fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti gaggeeffamu keessatti haasaa makaa kun ilaalameera.

**2.4.3.2. Malleen Dubbii**

Malleen dubbii gosa fayyadama afaanii qunnamtii hawaasummaa keessattis ta'e daree barnootaa keessatt mullatanidha. Yaada kana Owens (1988) yoo ibsu "The school age also develop figurative language" jedha. Haaluma kanaan malleen dubbii dubbii afaanii dhaggeeffachuun hiika sirriifi hiika dhokataa og barruu sanaa beekuufi hiika itti kennuu akka ta'e ubachuun barbaachisadha. Malleen dubbii gosa garaagaraatu jira. Haaluma kanaan daree barnootaa keessatti kanneen mullatan qoratici qorannoo isaa keessatti ragaa guuramee qaacca'e irratti hundaa'uun boqonnaa afur keessatti ibseera. Kunis kan barattoonni hirmaannaa daree keessaattii dubbatamantu fudhatame.

#### 2.4.3.2 Ergifannaa

Amaloota afaanii keessaa inni tokko ergifannaadha. Ergifannaan kunis sagalee, jechafi seera afaanii walirraa ergifachuudha. Ergifannaan afaan biroo irraa ergifachuun afaan itti gargaaramaa jiran keessatti fayyadamuudha. Yaaduma kana Silshii (2016) yooibsu “ergifannaan immoo afaan biro irraa ergifannee afaanichawaliin walsime tokkoo faayidaa jechoota guyyaa guyyaan fayyadamnudha” jedha. Akka yaada kanaatti ergifannaan afaanii faayidaa guyyaa guyyaaf akka ooluuf afaan maaddaafi affan xiyyeeffannoo walsimuu qaba. Afaan kan ergifatamus jechoota afaan maddaatiin yaada ofii ibsachuu yoo hin dandeenye afaan biroo ergifachuun itti fayyadamuun akka danda’amu seerri afaanii ni eeyyama.

Afaan ergifachuu ilaalchisee Silashiin, Taakkalaa (2000) waabeffachuun yoo ibsu” jechoota afaan dandeettii ibsachuu yoo hin dandeenye afaam madda biroo irraa fudhannee itti gargaaramna” kanaafuu Afaan ergifannee bakka afaan dubbachuu hin dandeenye sanaa buufannee itti gargaaramuu dandeenya. Ergifannaan karaa sadii raawwata. Yaada kana Silashii , Katambas (1994) waabeffachuun yoo qoodu, Inni duraa ergifannaa kallattiiti. Ergifannaan kallattii kan raawwatamu jechoota afaan ergifatamuu akkauma jirutti ergifatanii afaan xiyyeeffannoo keessatti yoo itti fayyadamanidha. Ergifannaa inni lammaffaa  ergifannaa fooyyessanii ergifachuudha. Gosti ergifannaa kun dhamsagaafi dham jecha afaanicha ergifatamuu jijjiiruun yookiin hiika jechaa akkuma jiruun walin egifachuudha. Ergifanna inni sadaffaan immoo, ergaa afaan jechi irraa ergifamee hubachuun jecha yookiin yaada sana bakka bu’u afaan xiyyeeffanootiin moggaasuun itti fayyadamuudha.

#### 2.4.3.3. Looga

Looga kan jennu garaagarummaa loqodaa afaan tokko keessa jiran jechuu akka ta'e hayyoonni garaagaraa ni ibsu. "Adialect is a language rule system used by an identifiable group of people that varies in some way from an ideal language standard" owens (1988). Yaada kana irraa waanti hubannu loogni mala seera afaanii garee hawaasa muurtaa'aa tokkoo waantotaa adda addaatiin garaagara ta'niin kan dubbatamu ta'uu isaa ibsa. Garaagarummaan kun immoo sadarkkaa adda addaatti ni argama. Kunis, sadarkaa jechaatti, sadarkaa sagaleetti, sadarkaa himaa fi seera afaaniitti ykn caasaa afaanii ta'uu danda'a. Yaada kanas, Getaachoo (2017) "kaayyoolee afaan duraa barachuu keessaa inni tokko garaagarummaa afaan tokkoo keessa jiran dhiphisuudha ykn wal-fudhachiisuudha. Garaagarummaan loogota gidduu jiru garaagarummaa jechootaa, sagalee

ykn seera afaanii ta'uu danda'a" jechuun dubbatu.

Haata'u malee garaagarummaan afaanii kun ykn loogni itti fayyadama afaanii barattootaa daree keessatti taasisan irratti xiyyeeffannoo keessa galuu qaba. Kunis waanti baratamu ifaa fi qabatamaa akka ta'uuf haala naannoo irratti hundaa'ee qophaa'uu qaba. Addunyaa (2013:36). akka ibsutti kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaafi kitaabilee wabiifi silabasiin sadarkaalee umurii barataafi haala naannootiin walsimachuu baannaan kaayyoon baruufi barsiisuu fiixaan bahuu dhiisuu danda'a. Qabanni isaas qabiyyeen barnootaas ta'e unki xiinqooqaa akkaataa sadarkaa sanaatti hubatamuu danda'uutti ta'uu barbaada. Fakkeenyaaf, unkaa xiinqooqaa, xiinqooqa, xiinlooga jedha yaadrimee isaan dabarsan waliin barattoota kutaa gad-aanaatiif dhiyeessuun rakkisaadha.

Akka yaada kanaatti, fayyadamni afaanii daree barnootaa keessatti illee haala barattootaaf miijatuun haala looga naannoo isaaniitiin qophaa'ee dhiyaachuu qaba. Loogni ku sadarkaa garaagaraatti argama. Kunis sadkaa dhamjechaatti, sadarkaa jechaatti, sadarkaa himaattillee ni mullata.

Looga sadarkaa dhamsagaatti mullatana loogawwan afaan tokkoo keessatti dhamsagoonni iddoo garaagaraatti tolfamuun garaagarummaa sagalee uumu. Yaada kanas Gosaa (2016) Biioo Aadaafi Turizimii Oromiyaa (1998) waabeffachuun yoo ibsu, “dhamsagoonni afaan tokko keessatti argaman iddoo garaagaraatti tolfamuun isaanii dhamsagoonni garaagaraa akka tolfaman isaan taasisa” jechuun yaaduma oil ibsame cimsa.Sadrkaa sagaleetti immoo sagaloota afaan oromoo keessa jiran  sagalee bakka walii bu’uun akka dubbataman ragaan ni mirkaneessa.

Akkasumas loogni sadarkaa jechaatillee garaagarummaan dubbii ni mullata. Looga naannoo Kamisee Baatee keessatti mana barumsaa keessatti barattoonni itti fayyadaman haala garaagaraan hiika itti kennuu; ittis gargaaramu. Jechoonni loogaa kunis jechoota hiika garaagaraa qabu. Jechoonni loogaa kun hiika adda addaa qabaachuu isaanii Gosaa (2016) yaaduma kana cimsee ibseera.

### 2.4.4. Ergaa Fayyadama afaanii

Fayyadama afaanii keessatti egaa garaagaraatu darba.Akkasuma daree barnootaa keessatti illee fayyadamni afaanii barattootaaf ergaagaraagara akka hubatan isaan taasisa.Fkkeenyaaf dheeressuufi gabaabsuu, sagalee ol kaasuufi gadbuusuuirratti hundaa’uun ergaa dabarsuun ni

danda’ama. Georgetown University (2005) ”The syllabale is higher in pitich than would be expected with in the normal declanation of the intpnation contour and may be louder and of longe duration” jedha. Akka yaada kanaatti birsaga dheeressanii dubbachuun sammuu dhaggeeffataa keessatti ergaa garaagaraa uuma. Akkasumas yaada ka’e tokko irratti osoo yaada hin kenniin dhaggeeffataa turuun ergaa mataa isaa akka dabarsu dhugaa ba’a. Hiika mataa ofii akka uummatan taasisa. Georgetown (2005) ”repetition in the talk of high jumping” kana malees haasaa keessatti irra deddeebi’uun yookiin irra utaaluun ergaa dabarsu qaba. Fayyadama afaanii keessatti ergaa kan hubannu inni biraan afuurri ciccituun ergaa mataasaa akka dabarsu hayyoonni kun agaa ba’u. Ergaa waan tokkoo hubachuu kan dandeenyu inni biraan haala (context) irrattis hundaa’uun ergaa hubanna. Ergaa tokko akka hin dabarre kan godhu yaad ofii keessatti hambifachuudha. Yaada kana Georgetown (2005) yoo ibsu “ mental space theory his idea is that mental representation in descouse…” jedha . Akka yaada kanaatti ergaan kan hubatamu caasaa waanta sanaa beekumsa duraan qabnurraa ka’uun itti guuttachuun hubachuudha

**2.5. Fayyadama Afaanii Daree Barnootaa Keessaa**

Fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti haala Afaan Oromoottii barattoonniif barsiisonni ittiin gargaaramanidha. Fayyadama afaanii daerr barnootaa keeaattii yoo jennu haala ittiin ergaa dabarsiuufi fudhachuus ni dabalata. Kunis haala armaan gadiin caccabee akka qarannoo kanaaf miijatutti taa’eera.

**2.5.1. Amala Fayyadama Afaanii Daree Keessatti**

Fayyadamni afaanii daree barnootaa keessatti akka feetee miti. Kan inni gaggeeffamus gochaalee daree keessatti raawwataman irratti hundaa’eti. Kunis, Gochaaleen kunis gocha barataafi barsiisaa gidduutti raawwatamu keessatti amala qunnamtii gar-lamee qaba. Yaada kana Angela and Anthony (2009) yoo ibsan “studies of class room interaction have intended to focus on the organisation of talk in the class room and on identifying structures, such as intention –response – feedback structure of teacher –student talk” jedha. Akka yaada kanaatti amalli fayyadama afaanii daree keessattii kan inni xiyyeeffatu qindoomina haasaafi caasaa addaan baasuudha. Caasaaleen kunis yaada-deddeebisa-duubdeebii akka ta’e dubbatu. Kanaafuu, amalafayyadama afaanii daree keessatti taasifamukun amala qunnamtii garlamee barsiisaafi barataa gidduutti haasaa yookiin qunnamtii taasifamudha.

### 2.5.2. Ga'ee Fayyadama Afaanii Daree keessatti

Fayyadamni afaanii dubbataa afaanichaa biratti ga'ee guddaa qaba. Akka Andrea G.Tyler(2005) "This sort of language wouid both minimize ambibuity and maximize the languages communicative potenitial" jedha. Yaanni kun fayyadamni afaanii wal qunnamtii afanii keessatti waantoota ifa hin taane ifa taasisa. Waa'ee fayyadama afaaniikutaa olii keessatti ka'eera. Ga'een fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti taphatu ni jira. Kunis daree barnootaa keessatti meeshaa wal qunamsiituu ta'ee barataafi barsiisaa gidduutti tajaajila. Yaada kana Angela and Anthony (2009) "The role of language in learning can not be over-emphasised. Language I the prime resouce teachers have and use for mediating learning. When learning languagess, then teachers and students are working with language simultaneously as an objectof studyand as amediumfor learning" jedhu. Akka yaada hayyoota kanaatti ga'een fayyadama afaanii daree barnootaa kessatti riqicha wal qunnamsiisu ta'ee barsiisaafi barataa walitti akka fidu dubbatu. Kana malees afaan gae'ee inni daee barnootaa keessatti qabu,ga'ee beekumsa maddisiisuu, qajeelchuu, jajjabeessu, madaaluufi sirreessuufillee ni gargaara.

### 2.5.3. Hirmaattota Fayyadama Afaanii Daree Barnootaa Keessaa

Adeemsa baruu barsiisuu daree keessatti kanneen qooda fudhatan barattootafi barsiisotaa ta'uun isaa ni beekama. Yaaduma kana (2018) "the participants were divided in to two groups: teachers and learners" Fayyadama afaan dubbii daree barnootaa afaan oromoo mana barumsaa baatee sadarkaa lammaffaa keesatti kan qooda fudhatan immoo: barattootaa afaan oromoo baratanfi barsiisota Afaan Oromoo barsiisanidha. As keessatti waanti qoratame fayyadama afaanii barataafi barsiisaa giduutti, barattoota fi barattoota gidduutti fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti taasifamutu qoratame.

#### 2.5.3.1. Fayyadama Afaanii Barsiisotaafi Barattoota Gidduutti

Fayyadama afaanii daree barnootaa kessatti taasifamu keessatti gocha barattootaafi barsiisota giddutti taasifamudha. Kunis, adeemsa baruu barsiisuu keessatti qunnamtii barsiisaan barataa waliin yaada wal jijjiiruun raawwatama. Yaada kanas, Angela and Anthony (2009:279) "In an early study using communication methodology in an education setting, investigated turn-taking in formal classroom …that only teachers can direct speakership in any creative way" jedha. Akka yaada kanaatti yoomessa daree barnootaa idilee keessatti barsiisaan ajajuufi akka

barattoonni dubbatan haala miijessuudha.Kunis,Qunnamtii gar-lamee barataafi barsiisaa gidduutti afaaniin wal wajjin dubbachuun barachuudha.

**2.5.3.2. Fayyadama Afaanii Barattoota dhiiraafi Dubaraa Gidduutti**

Fayyadamni afaaniidaree barnotaa keessatti akkaatuma hirmaattotaatii garaa garummaa qaba. Owens (1988) "men and women differ in the amount of tlking in turn taking". Garaagarummaan kunis garaagarummaa fayyadama afaanii barattoota dhiiraafi dubaraa gidduu jiraachuu isaati. Yaaduma kana Owens **(**1988:347) "school years of boys and girls begin toreflect the gender differences …the differences can be noted in vocabulary use and conversational style." jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti fayyadamni afaanii barattoota dhiiraafi dubaraa gidduu jiraachuu isaafi garaagarummaan kun immoo garragarummaa, fayyadama hiika jechootaafi haala fayyadama waliin dubbii daree keessaa akka ta'e ibsa. Owens (1988:347) yoo ibsu shamarran daree keessatti fayyadama jechootaa garraamummaa (polite words) agrsiisan kanneen akka adaraa (please), galatoomi, (thank you) finagaan ooli (good bay) fayyadamuu akka jaallatan ibsa.

**2.6 Eenyummaa Barsiisaafi Barataa Daree Barnootaa Keessaatti**

Dursa hiika eenyumaa ibsuun barbaahcisaadha. Addunyaa (2017) "identity refers to the multipie identities of an individuall or group" eenyummaan maalummaa namoota baayyee yookiin nama dhuunfaas ta'e garee kan ibsudha. Sababni tokkoo eenyummaa isaa kan ittiin ibsatu yookiin calaqqisiifatu waan garaagaraa qaba. Isaan keessa immoo fayyadama afaan dubbii ta'a. Fayyadamni afaanii eenyummaa barataafi barsiisaa ibsanis akka ogumma isaaniitti itti fayyadamu. Akka Park (2008) "The reaction represent their legitimizing identity in the sense that they accept that social status as students in the classroom" jedha. Yaanni kun sochiin fudhatama qabu barattoonni daree barnootaa keessatti taasisan akkaata bartee hawaasichaan ta.uu qaba. Miira barattoota daree sana keessaa birattis fudhatama qabaachuu qaba.

Eenyummaan deemsa baruu barsiisuu keessatti hiika wal xaxaa qaba. Haata'u malee yeroo ammaa kana haala bu'aa haasaafi eenyummaa barsiisaan daree keessatti raawwatudha. Yaada kana Alijani (2018) "identity is…the effect of teachers' talk and identity in the classroom contexton the EFL learnersachievements" akka yaada kanaatti eenyummaan bu.aa barachuu barattootaa galmaan geessisuuf carraaqqii barsiisaan daree barnootaa keessatti barattoota irratti agarsiisudha. Wa'ee hirmaattota daree barnootaa keessaa armaan olitti baattootaafi barsiisota

akka ta’e ibsameera. Amma immoo fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti eenyummaa barataafi basiisa ibsan fayyadamuun daree barnootaa keessatti dhiibbaa gaarii barattootaatti fida.

### 2.6.1 Eenymmaa Barsiisaa

Daree barnootaa keessatti maalummaa yookiin eenyummaa barsiisaa kan ibsa amala mataa isaanii qabu. Yaada kana “Teacher identity is viewed as ‘relational, negotiated, constructed enacted,transforming and transitional” Afsaneh (2018) jedha. Akka yaada kanaatti eenyummaa barsiisaa kan ibsu, walitti dhufeenya, kan araarsu, kan waa uumu, fakkaachuufi wkf kan raawwatu ta’uu isaa ibasa. Barsiisonni haasaa isaan yeroo daree barnootaan ala jiran haasa’aniifi kan isaan daree barnootaa keessatti haasa’an garaagara ta’uu qaba. Daree barnootaa keessatti eenyummaa barsiisaa ibsuu kn danda’uun fayyadamuun barbaachisaadha. Yaada kana Alijani (2018) yoo ibsu “out side of  the classroom talk in Persian context was applied for understanding the identity of professional teacher” jehda. Akka yaada kanaattii barsiissan fayyadamni afaanii isaa daree keessatti eenyummaa isaa kan gadi hin buusne akka ogummaa isaatti jechoota filatee dubbachuu qaba. Hayyuumti kun daree barnootaa keessatti jechoonni dubbataman jechoota filatamoo, jechoota madaalamoofi jechoota qaacca’an ta’uu qaba yaada jedhu dubbata. Kanaafu, barsiisaan daree baronntaa keessatti jechoota eenyummaa isaa mul’isan fayyadamuun gaariidha.

### 2.6.2 Eenyummaa Baràtaa

Barattoonni daree barnootaa keessatti eenyummaa isaanii kan ibsu waan baayyee qabu. Park (2008) ”with resistance identity, students tend to challenge teacher”kanaaf barataan eenyummaa inni qabu yaada qajeelaa irratti barsiisa mormuudha. Akkasumas barsiisota waliin yaada waliin galchu fayyadamuu qabu. Waanta daree keessatti raawwatamu amaleeffachuun eenyummaa barataa kan ibsudha**.** Kolfisiisuu, gammachiisuu, amnsiisuufi wkf eenyummaa barataa mul’isu.

## 2.7 Sakatta'a Barruu Walfakkii

Barruun wal fakkii waraqaa qorannoo kanaan wal fakkaatu jechuunis xiinxala Fayyadama Afaaanii Daree Barnootaa keessatti jedhu waliin wal fakkaatu guutummaa guutuutti hin argamne. Haata'u malee qorannoo kana waliin walitti hidhata qaban sakatta'amaniiu. As jalatti tokkummaa fi garaagarummaa isaan qabanis ibsameera.Isaan kunis waraqaa qorannoo sadarkaa digirii lammaffaatti qoratamanti fudhatames:

Waraqaa qorannoo kan Silashii, mataduree "Qaaccessa Makaa Haasaa Haala Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa" jedhu irratti qoratedha. Tokkummaan inni qabus argannoo qorannookootii wajjiin walitti firoomu. Garaagarummaan isaas qorqnnoonko fayyadama afaan dubbii daree barnootaa keessatti kan jedhu yoo ta'u kan Silashii immoo makaa haasa afaan oromoo fi afaan amaaraa kan jedhuudha.

Waraqaan qorannoo kallattiidhaan matadureekoo wajjin wafakkaatu haadhabamuyyu malee hamma tokko naqajeelchu jedhee kaniin fudhadhee sadii akka armaan gadiitti dhiyytaniiru.Inni tokko, Kan Meseret. (2007). “Classroom interaction InTeaching Oral Communucation Thrugh The Use Of Task” kan jedhu irratti qorannoo gaggeeffamedha. Tokkummaa inni qorannoo kan waliin qabus waliin dubbii irratti tauu isaa, tooftaa waliin dubbiitiin daree barnootaa keessatti ta'uu isaafi hojiirra oolmaa dubbii kan jedhu irratti waan ta'eef tokkummaa qabu. Garaagarummaan inni qabus, Knan Meseret gocha bauu barsiisuu daree keessa dubbii afaanii milkeessan irratti yoo xiyyeefatu, kan koo immoo xiinxala fayyadama afaanii daree barnootaa irratti xiyyeeffata. Dabalataanis, kan Meseret kan inni daanga’e” East Gojjam Amanuel High scool” yoo ta’u, kan koo immoo godina adda oromoo Kamisee Aanaa Baatee Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaaffaa irrattii qorannoon kun gaggeeffamuu isaati.

Inni lammaffaa immoo, Waraqaa qorannoo kan Daangaa .(2018). "qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo Daldala Dhuunfaafi Gamtaa: MagaalaaSulultaa"jedhi irratta digirii lammaffaa guuttachuuf hojjete bu'uura godhachuun qorannookoo gaggeesseera..Tokkummaan inni qabu fayyadama afaan oromoo irratti ta'uu isati.Garaagarummaan inni qabus bakka daldalaatti ta'uu isa, Bakkaan garaagara ta'uu isaati. Akkasumas, qabiyyeedhaan fayyadama afaanii bakka daldalaa waan ta’eef qorannoo kanaan adda ta’ee argameera.

Inni sadaffaa immoo,kan Xahaa .(2016)."Qaaccessa Itti Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Agariffaa" jedhu irratti hojjetedha. Kunis, mata duree qorannookootii walii kan wal fakkaatu fayyadama afaan oromoo irratti yoota'u,bakkaan garuu garaagarummaa qaba. Tokkummaan isaa fayyadama afaanii irratti ta’uu isaa, dhaabbata irratti waan ta'eef adeemsa qabaachuu isaa fi fayyadama afaan dubbii illee qorachuu danda'uu isaati. Garaagarummaan isaas, bakkaan mana murtii irratti ta'uudha. Qabiyyeedhaan immoo fayyadama afaan oromoo dubbii fi barreeffamaa irratti hojjechuu isaati.

## 2.8 Yaaxina Qorannichaa

Yaaxinna jechuun adeemsa ogafaan tokko ittiin hubatamuufi xiinxalamu yommuu ta'u faayidaa hogbarruu, walitti dhufeenya dubbataafi dhaggeefataa hawaasa seenaafi afaan ittiin walii galu haala isaafi haala inni keesatti hiika argatu kan ibsudha.Yaaxinni qorannoon kun ittiin ilaalame keessaa tokko yaaxina fayyadama xiinqooqa haalawaati. Yaaxinni fayyadama haaawaa haala dubbii keessatti afaanitti akkamitti fayyadamuu akka qunnamtii gaggeeffamu kan ilaaludha. Yaada kana Halliday (1994) "the study how meanings are made in different context". jechuudhaan yaaduma olii ibsa. Kaaf qorannoo fayyadama afaanii keessatti akkaata barattoonniifi barsiisonni daree keessatti afaanitti fayyadaman kan ittiin ilaalamedha.

Yaaxinaaleen hojii qorannoo ittiin ilaalamu hedduudha. Isaan keessaa qorannoon kun kan inni bu'uureffate yaaxina tajaajilaati. Yaaxinni kunis, hiika waan tokkoo beekuuf ergaa yookiin tajaajila waan sanaa beekuun barbaachisaa ta,uun isaa ittiin ilaaluuf gargaara. Yaaxinni fayyadamaa xiinxala fayyadama afaanii, afaan guddisuufi hubannaa kennuu keessatti gahee ol aanaa qaba. "Functiolalisim addresses socity as a wole in the terms of function of its constituent elements; namly norms, customs, traditions and institutions". Akka yaada yaaxina fayyadamaatti waanti hawaasa keessatti argamu tokko faayidaa waan argamuuf qaba. Dabalataanis, bu'aa waan tokkoo hojjechuuf gargaara.

Walumaa galatti akka yaaxina fayyadamaatti fayyadamni aafaanii daree barnootaa keessaa hiika kan inni argatu qaama dhimma sana raawwataniifi maalummaa qaamota sanaa birattidha. Kanaafu yaaxinni fayyadamaa milkaa'ian fayyadama afaanii daree barnoota keesatti qorannoo gaggeessameef gumaacha guddaa kan ooledha.

Yaaxinni xiin qooqa fayyadama maltee afaan akka qabeenya hawaasni hiika galumsaa keessatti dhimma isaanii ittiin guuttachuuf itti fayyadamuutti kan ilaallatudha. Yaaxinni fayyadama maltee keessatti amaleeffannaa (registr) waan baayyee barbaachisaadha. Galmeessi kun dirree (field) jireenya baratameefi mala (mode) Halliday (1994) jedha. Yaaxinni kun dirree keessatti qoratan haala keesatti xiinxalamu waan ibsuuf dhimma qorannoo kanaaf murteessaadha. Kunis, Qorannoo fayyadama afaanii daree barnootaa keesatti taasifamu ittiin xiinxaluuf bu'aa kan buusedha.

Yaaxinni qorannoon kun ittiin ilaalame inni biraan immoo yaaxina tajaajilaa xiinqooqaa haalawaa ta'uu isaati. Akka yaaxina kanaattii afaan kan inni tajaajilu akkaataa hawaasa afaan sana dubbatuufi haala keessatti dubbatamu irratti hundaa.uun akka ta'e hayyuun dhugaa ba'a. Halliday (1994) "Functional systematic theory how meanings are made in different context" jedha. Kanaafuu afaan tajaajila kan inni kennu haala keessatti dubbatameefi abbaa biratti dubbatame biratti malee hiik hin qabu. Haaluma kanaan fayyadamni afaanii dareebarnootaa keessatti raawatame qunnamtii barsiisaafi barattoota gidduutti taasifamu keessatti hiika argatee xiinxalamee dhiyaateera. Haaluma kanaan yaadiddama ijaarsaatiin fayyadama afaanii barattootaa harca'aa adeeme kana iddoottii deebisamii ijaaruun barbaachisaadha.

# BQONNAA SADII: MALA QORANNOO

## 3.0 Seensa

Qorannoon kun fayyadama Afaan dubbii kan Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti: Haala godinaaddaa kamisee Aanaa Baatee maal akka fakkaatu xiinxalanii ibsuurratti kan xiyyeeffatudha. Kutaa kana jalatti mala qorannoo, gosa qorannoo, mala odeeffannoo ittiin funaaname fi iddattoowwan odeeffannoo duraa duubaan ibsamaniiru. Haata'u malee malli ani fayyadame mala qorannoo qulqulleeffattaati. Ragaa akka madda odeeffannoo tokkoffaatti barattootaafi barsiisota irraa funaanuun ni kaa'ameera. Kaayyoon qorannichaas haalli fayyadama Afaan dubbii afaan Oromoo daree barnootaa keessatti jiru maal akka fakkaatu ibsuu yoo ta`u malli qorannoo filatamees mala qorannoo ibsaati. Sababni isaas haala qabatama. Afaan Oromoo dubbachuufi fayyadamuurratti waan ta'eef haala jiru faana bu'uun odeeffannoo battalaa argachuun kan ibsame ta'uuisaati.

## 3.1 Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorannoon kuni kan adeemsifame Mana Barumsa Fannoo Diimaa Sadarkaa lammaffaatti qoraatu mala kaayyeffamaadhaan fudhatamee akka bakka qorannoo kanaatti tajaajile. Tarreen hirmaattota qorannoo kanaas akka armaan gadiitti kan taa'e yommuu ta'u. Isaanis, Barattoota kutaa11$^{ffaa}$fi 12$^{ffaa}$ Afaan Oromootiin afaan hiikkatan, Barsiisota afaan oromoo kutaa 11$^{ffaa}$-12$^{ffaa}$ barsiisan fudhachuun raga qorannoo kanaa guurradheera. Qaamonni kun kan filataman adeemsa baruu barsiisuu daree keessaa irratti qooda waan fudhataniifidha. Walumaagalatti, madda odeeffannoo qorrannoo kanaa kan ta'an barsiisotaafi barattoota fudhachuudhaani.

## 3.2. Odeeffannoo Iddattoowwanii Irratti

Odeeffannoowwan madda ragaalee sadarkaa tokkoffaa ta'an kanneen qaamota sirna baruu barsiisuu keessatti qooda fudhatan barattoota, barsiisotadha. Haala ibsa isaanii akka armaan gadiitiin walduraaduubaan dhiyaateera.

Walumaagalatti hirmaattonni odeeffannoo kanaaf filataman barsiisota gama saalaan, umuriin, dandeettii afaan dubbataniin, loogaan, gosa barnootaa barsiisaniin, sadarkaa barnootaafi muuxannoo hojiitiin maala akka isaan fakkaatan raga qorannoo kana kennuufa ga'oodha.Kun immoo, odeeffannoo waa'ee fayyadama afaan dubbii daree keessatti mul'atu irratti kennuuf baayyee kan miijatedha.

### 3.3. Mala Filannoo Iddattoo

Iddateessuun mala qaamota raga filataman ittiin fudhatanidha. Yaada kana Dastaa (2013:132) "iddateessuun qaamota yookiin namoota odeeffannoo kennan keessaa fudhatanii qaamota qorannoon irratti gaggeeffamu bakka buusanii itti fayyadamuudha". Kanaafuu malli filannoo iddattoo kanaa barattoota raga kennuu danda'an keessaa mala carraatiin barattoota armaan gaditti eeraman fudhachuudha. Adeemsa qorannoo kanaa keessatti qoratichi qorannoo kana fiixaan baasuuf iddattoo mala xiyyeeffanoofi mala carraatiin gaggeeffamedha. Kunis barattoota akkaatuma kutaa isaaniitiin mala ramadii gareetti fayyadamuun barattoota kutaa 11ffaa fi12ffaa daree tokko tokko jiran fudhacuun qoratichi raga isaa guurrateera. Kunis kutaa jiran hunda isaanii carraa lotorii kennuun garee armaan olii akkaatuma kutaa isaaniitiin wal duraa duubaan filataman. Malli carraa barattoota daree sana keessa jiran ta'ee waa'ee dhimmichaa ragaa ga'aa waan kennaniifidha. Gama baayina isaaniitiin immoo, barattoota kutaa11ffaa barattoota daawwannaa daree barnootaa keessatti fayyadameen jira. Yeroo marii garee immoo barattoota 10 fudhadheen qorannookoo gaggeesse. Kunis, batattoota kutaab 11ffaa 32 jiran keessaa .% 33.33 tuu mala marii gareetiin raga kenne. Barattoota kutaa 12ffaa immoo daree tokko seenuun yeroo shan daawwannaa daree gaggeesseen jira. Yeroo marii garee immoo 8 fudhadheen yeroo sadii ragaa qorannookoo guurradheera. Kunis, barattoota 24 jiran keessaa mala carraa wal qixaatiin filataman. walumaagalatti barattoota 18 afgaaffiifi marii gareef dhiyaachuun raga qabatamaa naaf kennaniiru. Afgaaffiidaaf immoo barattoota madda ragaaf filataman keessaa warra sadarkaa qaban kutaa11ffaafi 12ffaa keessaa barattoota shan sshan fudhachuun yeroo lama lama afgaaffii gaggeesseen ragaakoo guurradeera. Kan barattoonni kun filatamanis dhimma kanarratti ragaa qabatamaa waan kennaniifidha.

Gama barsiisotaan immoo mala xiyyootiin barsiisota Afaan Oromoo barsiisan mana barumsaa sanaa 4 jiran keessaa 2 fudhachuun raga koo nan guurradhe. Barsiisonni kuni lamaan kan filatamaniifis kutaawwan kana lamaan seenanii waan barsiisaniifidha. Haala kanaan ragaako funaannadhee qaaccesseera. Ragaa qabatamaa bakka isaan barsiisanitti argamuun fudhachuun ibsi itti kennameera. Kunis dhimmicharratti beekumsaafi ga'ee guddaa kan taphatu barsiisota kan waan ta'eef haala isaa adda baasanii odeeffannoo irraa fudhachuuf filatamaadha.

Walumaagalatti, idattoo qorqnnoo kanaa ta'ee kan filatame barattoota mana barumsaa kanatti Afaan Oromoo baratan keessaa kutaa 11ffaafi 12ffaa yeroo shan shan seeuun daawwadheera.

Akkasumas barsiisota Afaan Oromoo barsiisan 2 % 50 mala xiyyootiin haala afgaaffiin ragaakoo guurradheera.walumatti odeeffannoo kennitoota barattoota 18fi barsiisota 2 walumatti 20 filachuun odeeffannkoo funaannadheera. Sababiin isaan kun filatamaniifis, barattoonniifi barsiisonni adeemsa baruu barsiisuu keessatti waliin dubbii taasifamu keessatti fayyadamni afaan dubbii maal akka fakkaatu ibsuuirratti gumaacha guddaa waan godhaniifidha. Barattoonnii fi barsiisonni kun afaan itti tajaajilamaa jiraachuurraa kan ka'e fayyadama Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti raga quubsaa kennaniiru.

### 3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanamu gosa hedduutu jiru. Qorannoo kana keessatti malleen funaansa odeeffannootiif kan filataman afgaaffii, daawwannaa fi marii gareetiti. Malleen kunneen ragaa jechaanyookiin dubbiifi akkamtaan ibsaman, dubbiifi sagaleen jiran argachuuf kan dandeessisaniidha. Dabalataanis, malleen kunniin akka hammataman kan ta'aniif ragaa barbaachisu osoo bira hin gahamin akka hin hafne gochuuf kan filatamaniidha.

#### 3.4.1. Afgaaffii

Afgaaffiin qoratichi fuullee madden ragaatti argamuun meeshaa ragaa fudhachuuf gargaaruudha. Yaada kana Dastaa (1213:111) “af-gaaffiin gosa odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta’ee kan qorataafi odeef kennaan (informant) fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kennanidh”a. Kanaaf, af-gaaffiin qorataafi odeffannoo kennaan qaamaan walarguun mala raga alii kennuuti. Keessattuu rakkoowwan hubannoon amala darbuu yaadachiisuun ragaan bifa quubsaa ta’een akka qindaa`uuf mijataadha. Ragaalee akkamtaa karaa qulqullina qabuun fudhachuu, maddoota ragaalee keenyallee sirritti hubachuuf malacimina qabuudha. Barattoota 11ffaa shan fi 12ffaaa shan akkasumas barsiisota 2 walumatti 12 irraa ragaan guuramee qaacca’eera. Haaluma kanaan akkaataan itti fayyadama Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti barsiisaafi barattootaa yeroo baruufi barsiisuun alatti hiika jechoota loogaairratti akkaatuma kutaa isaaniitiin barattoota 18 jiran keessaa shan shan fudhachuun raga isaan kennan waraabuun booda irratti immoo gara barreefamaatti jijjiiruun ragaakoo guurradheera. Yeroo barsiisan, yeroo barataniifi gaaffii gaafatan afgaaffiin yaada kana deebisuuf gargaaran muraasni qorannoo kanaan akka hammataman nita’a. Gaaffiiwwan afgaaffii kanas bifa caaseffameefi hin caaseffaminiin barsiisotaaf, nidhiyaate. Sababiin afgaaffii qaamota kanneeniif dhihaateef qaamotni kun yeroo dheeraadhaaf hojii baruu barsiisuu keessatti qooda

fudhachaa waan turaniifidha. kunis barsiisonni kun hiika loogaa irratti akkasumas ergaa ragaa kanarratti ibsa gad-fagoo waanqabaniifidha.

### 3.4.2.Daawwannaa

Daawwannaan dhimmoota iddattoon raawwatu hunda yoomessa uumamaa keessatti kan mul'isu waan ta'eef qoratichi odeeffannoo barbaachisu akka qulqulleeffatu taasisa. Yaada kana Dastaa (1213:111) "daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokkodha. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessusanattii yeroo yerootti argamuun qaama qorannicha itti gaggeessu hordofa". Kanaafuu, daawwannaan mala qaama qorannoon irratti gaggeefamu daawwachaa raga guurratani akka ta'e ibsa. Haaluma kanaan daawwannaa daree kaniin taasises yeroo baruufi barsiisuun gaggeeffamaa jirutti wayitii afaan oromoo barsiisaanitti qaamaan daree keessatti argamuun ragaako funaannadheen gara barreeffamaatti jijjiiruu qaaccesseera. Kutaa 11ffaafi 12ffaaimmoo yeroo shan raga guuruun kan qorannoo kana milkeessan bakka tokkotti akka dhufu ta'eera. Qoratichis ofumaa waan barsiisuuf daawwanna adeema keessatti raga funaannadheen gara barreeffamatti deebisuun ragaako qaaccesseera. Malli ragaan ittiin wanitti qabaes, adeemsa daawwannichaa suur sagaleefi sagalrr waraabuun yeroo booda gara barreeffamaattii debisera. Karaa birootiin daawwannaan adeemsa namootni dhimma tokko irratti maal akka raawwataa jiran qaamaan biratti argamuun hubatanii raga koo fudhachuu waan ta`eef qorannoo tokkoof murteessaadha. Daawwannaan raga battalaa fudhachuuf akkasumas, ragaawwan mala biraatiin fudhachuuf nama rakkisan ittiin fudhachuuf illee kan ooluudha. "Observation provides information when other methods not effective, relatively less complicated, and less time consuming and offers collection of wide range of information "Sarantakos (2005:234) miija'ina daawwannaatiif yaadotni karaa caaseffameef hin caaseffamneen qabxiileen akka qophaa'an godhameera. Bu`uuruma kanaan haala fayyadama Afaan Oromoo hubachuuf manneen barnootaa akka iddattootti fudhataman keessatti yeroo yerootti argamuun itti fayyadama afaanii daree keessattii kan barsiisaa, kan barataafi kan qaamolee warra kaanii maal akka fakkaatu nan daawwadha. Akkasumas, adeemsa baruu barsiisuu waliin dubbii barsiisonnii fi barattoonni taasisan looga isaanii, hiika isaaniifi caasaa isaanii nan daawwadhe. Kana malees, Haalli qaamonni dhimma kunneenis deebiiitti kennaniifi yaada qaban ibsatan ni ilaalama. Adeemsa kana keessatti akkaataan dhimma seeraa afaaniin itti ibsamu, haalli afaan walitti makanii fayyadamuufi waliin dubbii godhamu keessatti jechoota afaan biroo ergifachuun maal akkafakkaatu hubachuuf yaalameera. Walumaagalatti, qoratichi

ragaalee daawwannaan argaman qaaccessuun ibsoota waliin dubbii keessatti ka'an raga argatametu xiinxalame dhiyaate.

### 3.4.3.Marii Garee

Malli kun raga yeroo daawwannaa osoo ifa hin ta’iin hafan mala ittiin ifa ta’udha. Kanaafu, raga yeroon daawwannaa daree ademsisu ifa hin ta’iin hafan mirkaneeffachuuf itti fayyadameen jira. Mariin garee raga gama mala adda addaatiin funaanamanii ifa hin taane mala adda ittiin baasanidha. Malli kun barattoonni daree barnootaa keessattii Afaan Oromoo yommuu baratan gareedhaan ta'uun ni teessisu. Achumaan waliin dubbiifi ibsa isaan godhan wajjin taa'ee mari'achuudhaan ragaakoo nan funaannadha. Malli marii garee kun barattoota daree adda addaa keessaa iddatoof fudhataman akkuma daree isaaniiti bakka daree barnootaa isaaniitti gareetti qooduun waliin marii taasisuun kan ragaan argamedha. Barsiisaan yoo haala miijessu barattooni immoo afaaniin waliin mari'achuun raga fayyadama afaanii irrtti fudhadheera. Kunis, akkuma daree isaaniitiin yeroo shan shan osoo isaa marii garee gaggeessanii waliin ta’uun raga waraabuu yeroo booda gara barreeffamattii deebiseera. Yeroo kana qoratichis ragaa karaa marii garee argame walitti qabuun qaaccessee dhiyeesseera.

## 3.5. Mala Ragaan Ittiin Ibsame

Qorannoon kun qaaccessa fayyadama Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti maal akka fakkaatu ibsuuf kan gaggeeffamedha. Ragaalee mala daawanna, afgaaffiifi mala gareetiin guuraman qaaccessuudhaan ibsameera. Qorannoon kun gosa qorannoo akkamtaa waan ta’eef ragaaguurame quulqulleeffatee ibseera. Ragaan haala fayyadama Afaan Oromoo qaamota mana barumsaa kanneen akka: barsiisotaa, barattootaa, irraa argaman walduraa duubaan qaacca'eera. Dursa odeeffannoon mala daawwannaatiin dhiyaatan kan ibsaman yoo ta'ufayyadamni afaan dubbii gosa qorannoo qulqullee (akkamtaa) waan ta'eef mala kanaan qaaccaffame.Kankana irraahafan marii garee barattoonni daree keessatti taasisan irraa ragaa fudhachuun warra akkamtaa ta'an gosa gosaan walitti qindaa`anii qaacceffamuun ibsattii jijjiiramuun hiikamanii dhiyaataniiru. Ragaaleen daawwannaafi marii garee irraa argamanis haala itti aanuun qindaa’ anii dhiyaataniiru.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAA

## 4.0. Seensa

Boqonnaa kana jalatti xiinxala ragaalee fayyadama afaan dubbii daree barnootaa keessattii ilaalchisee ragaa karaa afgaaffii, daawwannaa fi marii gareetiin funaanametu xiinxalamee dhiyaate. Qabiyyee inni of keessatti hamates fayyadama afaanii daree barnootaa keessaatti muiiatan ibsamaniiru. Kana malees ergaa fayyadama afaanii daree barnootaa keessattiifi fayyadama afaanii eenyummaa barsiisaafi barataa ibsan wal duraa duubaan dhiyaateera. Dabalataanis, haala itti fayyadama afaan dubbii Afaan oromoo daree barnootaa keessatti akkaataa afaan Amaara makanii fayyadamuu, ergaa itti fayyadama afaanii daree keessaa, garaagarummaa dubbii barattootaafi barsiisota gidduu jiru, haala uumama jechoota haaraa fi rakkoolee gama itti fayyadama afaaniitiin mul'atan wal duraaduubaan akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

## 4.1. Fayyadama Afaanii Daree Barumsa Keessatti Mullatan

Kutaa kana jalatti dhimmoonni barnootaan wal qabatan keessatti akkaataa fayyadama afaanii ittiin raawwataman qaacca'anii dhiyaataniiru. Akkaataan qaamotiin barnootaa daree keessatti afaan dubbiitti fayyadamuun adeemsa baruu barsiisuu haalaan mirkaneessuun ni danda'ama. Kunis adeemsa mataa isaa qaba. Adeemsa daree keessatti fayyadama afaaniin walqabatee mul'ate bu'uura godhachuun ibsoonni dhiyaataniiru. Haaluma hojii barnootaatiin fayyadamni afaan dubbii kan calaqqisu ta'ullee, yeroo adeemsi baruu barsiisuu afaan barsiisonni gaggeeffamu fayyadaman haala fayyadama afaanii gulantaalee jiran keessatti xiyyeeffannoo barbaadan adda ba'anii qaacca'aniiru. kunis, gochaafi afaan barsiisotaafi afaan barattootni fayyadamantu ilaalame. Kana malees,rakkoo gama fayyadama faan dubbiitiin mul'atan adda ba'anii ibsamaniiru. Qoratichis ragaa argame kana mala daawwanaatiin walitti qabatee akka armaan gadiitiin wal duraa duubaan xiinxaleera.

Bakka kana jalatti fayyadama afaanii kan jennu, barsiisonni gara adeemsa baruufi barsiisuu qabiyyee guyyaa sanaatti osoo hin seenin gocha dubbii afaaniin barattootaa fi barsiisota gidduutti; Akkasumas, barattootaafi barattoota gidduutti haala jirutu qoratamee dhiyaate. Kanaafuu, hirmaannan daree kessaatti taasifamu barataafi barsiisa akkasumas barsiisaafi haala daree gidduu galeeffatee raawwatametu xiinxalame.

Adeemsi kun adeemsafi qindoomina fayyadama afaanii baruu barsiisuu keessatti taasifamedha. Qindoominni fayyadama afaanii kanaas kakaasaa, deddeebisaafi duubdeebiidha. Marsaa fayyadama afaanii barnoota daree keessattii kanas akka armaan gadiitti ilaalameera.

### 4.1.1. Of Ibsuu

Fayyadama afaanii adeemsa baruu barsiisuu keessattii kallattii adda addaatiin barattoonniifi barsiisonni dhimma itti ba'u. Adeemsa baruu barsiisuu keessaa gochi inni jalqabaa of ibsuudha. Adeemsa qorannoo kana keessattis akka armaan gadiitti dhiyaateera.

1. Barsiisaa: Ani maqaan koo barsiisaa Taganuu Alamuun jedhama. Kaniin isin barsiisus barnoota Afaan Oromooti. Sadarkaan barnoota koos digirii jalqabaati.

2. Baratаa: Ani Maammed-n jedhama. Kaniin dhaladhes abbaako Indiris Abduufi haadhakoo Faaxee irraayi. Kaniin jiraadhus Ganda Birra keessa.

3.Barattuu: Ani maqaan koo Haliimaan jedhama. Abbaa koo Huseen Kadiriifi haadhakoo Kadooirraan dhaladhe. Kutaa 11ffaan baradha.

Kutaa kana jalattii barattoonniifi barsiisonni yeroo of ibsan agarra. Kunis fayyadama afaanii of ibsuu barattootaa keessatti waa'ee mataa isaanii maalummaa ofii isaanii ibsachuuf ga'ee taphata. Kana malees, barsiisonni afaan ofii beekaniin yoo of ibsan barattoonnis haaluma kanaan wal baru. Sadarkaa kanatti fayyadamni afaanii daree barnootaa keessatti of ibsuudhaaf haala kanaan dhiyaataniiru. As keessatti fayyadamni afaanii ga'ee ofii ibsuufi looga barataafi barsiisaa gidduu jiru" Maammed-n " –n mullisanii dubbachuutu jira. Garuu barsiisota birattii waanni akkasii mullachuu dhabuun argameera.

### 4.1.2. Haasgocha

Fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti mullatan keessaa tokko has gochadha. Haasgochi fayyadama afaanii dubbii afaaniifi gochaan barsiisuu ilaallata. Fayyadama afaanii kana daree barnoota Baatee keessatti mullate akka armaan gadiitti ibsameera.

Barsiisa: Keeyyata gaarii tokko barreessuuf jalqaba akka kanaatti mata duree daangeffachuun eegalama. Itti aansuudhaan immoo kuno akka kanaatti hima ijoo keenya baafanna. Hojiin dabalataa immoo akkas goonee himoota calla keenya barreeffanna.Himoota calla keenyas haala kanaan waduraa duubaan kaa'uudhaan keeyyata gaarii tokko ijaarra.

Ragaa argame kana irraa waanti hubatamu fayyadamni afaanii daree barnootaa keessatti taasifamu barnooticha qabatamaa taasisuuf afaan barsiisaan fayyadamudha. Kunis akkaataa keeyyanni tokko ittiin ijaaramu afaaniin dubbataa gochaan immoo hojjechaa barattoota barsiisaa jiraachuun isaa hubatameera. Fayyadama afaanii haasgocha barsiisaa armaan olii kun barnooticha caalaatti qabatamaafi hubatamaa taasisa.

### 4.1.3. Malleen Dubbii

Malleen dubbii gosa fayyadama afaanii qunnamtii hawaasummaa keessattis ta'e daree barnootaa keessatt mullatanidha. Malleen dubbii gosa garaagaraa jiran keessaa kanneen daree barnootaa keessatti mullatan adda ba'anii dhiyaataniiru.

Haaluma kanaan daree barnootaa keessatti kanneen mullatan akka arman gadiitti ibsameera. Kunis kan barattoonni hirmaannaa daree keessaattii dubbatamanitu fudhatame.

Barattoota: Dukkanni baadiyaa inum nama nyaata. Warri baadiyaa sababa kooran hin qabneef akka hiyyeessaa osoma qabanii beela'u …warri magaalaa immoo hojii waan hin qabneef akkuma saree rafaa oolu…yaa urgaa magaalaa kanaa hinuma waanjedhamu.

Kutaa falmii barattoota kanaa keessaa malleen dubbii muraasa luqqisamanii fudhataman keessaa muraas isaanii qaccessamaniiru.

**Nameessa** amala namaa gonfachiisuun dubbachuu yoo ta'u as keesatti "dukkanni nama nyaata" kan jedhu baayina dukkanaa ibsuuf jecha amala dukkanaa kan hin taane dukkanaaf kennuudhaan ittiin isaniiru. Kutaa kana keessatti jechi loogaa naannoo kanatti barattootaan dubbatamu kanneen akka "kooran" ibsaa elektiriikii jechuu akka ta'e qoratichi qorannoo isaa keessatti mirkaneesseera.

**Akkassaa:** Warri baadiyaa "akka hiyyeessaa" osooma qabanii beela'u. Akka yaada kanaatti fayyadamni afaanii daree keessattii barattoonni malleen dubbiitti dhimma ba'anidha As keessatti baadiyaaan sooreyyiidha garuu rakkoo ibsaa waan qabanii qixxuma warra magaalaa beela'u isa jedhu ergaa dabarsa.

**Eemiti:** Yaadota waliif faallaa ta'an lama kan yaada eeyyeefi mitii of keessaa qaban kan ibsu waan ta'eef kutaa kana keessatti "osoo qabanii beela'u" kan jedhu yaada kana bakka bu'ee dhiyaattera.Kunis,qabeenya qabaachuun isaanii yaada eeyyentaa yoo ta'u beela'uun isaanii

immoo yaada hi’eentaa agarsiisa. Kanaafuu daree barnootaa keessatti illee fayyadamni afaanii malleen dubbii dandeettii barattootaa cimsuu irratti ga’ee taphata.

Kutaa raga armaan olii keessatti jechoonni loogaa kanneen akka kooran (ibsaa elektiriikii) hinuma malleen dubbii gurra guddisuu yookiin hamma isaa olkaasuuf kan barattoonni itti fayyadamanidha.

### 4.1.4. Falmii

Adeemsa qunnamtii daree keessatti taasifamu keessaa tokko falmii gaggeessun fayyadama afaan dubbii barattootaa fi barattootaa gabbisuun waan danda’amuuf mala fayyadama afaanii kana ragaan argameibsameera. Barsiisaan Afaan Oromoo kutaa 11ffaa mata duree barnootaa” falmii “ jedhu jalatti falmii akka gaggeessaniif daree bakka lamatti qooduun akka walfalman taasise. Matadueen falmii sanaas “jieenya magaalaa moo jireenya baadiyaa wayyaa” isa jedhu irratti barattoonni magaalaa deeggaran garee A barattoonni baadiyaa deggaan immoo garee B ta’uun falmii isaanii gaggeessan

Fakkeenyaaf, warri magaalaa deeggaran **A**n*“ magaalaa keessa jiraachuun baxxmiitti namatti tola. Bakka itti tazinaanna’an qaba. Waanni biraa immoo i-i-i…mabiraat yookiin immoo kooran waan jiruuf kurraaz lokkosuun waan jiru. Mabiraatiin dhabamuu irraan kan ka’e dukkanni isaa waanuma nama nyaatu fakkaata. Dhiheena ofii illee yeroo isaa eeganii nyaatu. Yoo fedhanis bishaan manum jalaa waraabbatu.Sila kana ta’eefuu katama jiraachuu wayya male gaxar jiraachuun waan miidhagu”.*

**B**n *“katamaa katamaa waanni jedham kun warra baadiyaa malee waamiidhagu. Dhiheenumti nyaattamu kun isum baaadiyaatii dhufedha. Midhaanumti isaan bitanii nyaatan isuma warri gaxar fidanii bitandha.Waanni ajii katamaa kan keessaa waa nama hin dabarsu. Kanaa manna baadiyuma taa’anii qilleensa qulqulluu habbuuqqachaa jiraachuu wayya”*

Falmii barattootaa armaan olii irraa akka hubannutti barattoonni yaada isaanii osoo wal irraa hin kutiin dubbachuun ergaa dabarsuu irratti rakkoon jira. Sababiin isaas Afaan Oromootiin dubbatanii haasaa xumuruuf waan isaan rakkisuuf afaan amaaraa keessa makanii dubbatu. Kana malees, ciccitinsa yaadaa i-i-i jechuun addaan kutanii yerootti dhaabatan jira. Kun immo ergaa darbu irratti dhiibbaa qaba. Akkasumas, sababa afaanicha sirriitti dubbachuu hin dandeenyeef addaan kutanii dhaabachuun jira. Kun immoo ergaa daree keessatti darbu irratti dhiibbaa qaba.

Gama walii galtee yaadaa irratti fayyadama afaanii naannoo isaani waan ta’eef makanii haasa’uun barattoota gidduutti rakkoo ergaa dabarsuu hin uumne. Garuu qaama afaan amaaraa waan hin beekneefidha. Dabalataanis, jechoonni loogaa tokko tokko kanneen akka “kooran, hinuma, dhiheen, waamiidhagu, bitan” jedhaman ergaa hubachuu irratti rakkoo ta’anii jiru. Hiikaanis kooran jechuun ibsaa,hinuma jechuun caalaatti,dhiheena jechuun nyaata ta’uun isaa ifoomeera.

Walumaagalatti, fayyadamni afaanii daree keessaa karaa mala falmii barattootaafi barattoota gidduutti taasifamuu isaa hubachuun barbaachisaadha. Kanaaf, qunnamtiin daree barnootaa keessatti afaanitti fayyadaman falmiin ta’uus akka danda’u qorannoo kanaan mirkanaa’eera.

#### 4.1.5. Gaaffiifi Deebii

Fayyadamni afaanii daree barnootaa keessatti barattoonniifi barsiisonni itti fayyadaman tokko gaaffiifi deebiidha. Malli fayyadama afaanii gaaffiifi deebiin raawwatamu akka lafeen dugdaa soco’uuf qooda guddaa qabu akkasuma gaaffiifi deebiinis hirmaannaa baruu barsiisuu keessatti ga’ee taphatudha.

4. Barsiisaa: "Har'a immoo waa'ee hiika jechootaa baranna".

5. Barsiisaa: Jechoota: “utaaluu,riqicha, dhawaata, rifachuu, walkipha” hiika isaanii 3’iif tilmaamaa.

6. Barsiisaa: Tole, mee kan nutti himu ?

7. Barataa 1: utaaluu-xullaabuu, riqicha-waanbeeku, rifachuu-nahuu, walkipha-walqixa

8.Barattuu 2: utaaluu-cehuu, riqicha –buuntoo, rifachuu –nahuu, walkipha-walbira

9.Barsiisaa: Tolega, barattoota “xullaabuufi buuntoo” jechuun maalii ?

10.Barataa3: xullaabuun ol utaaluu gochaan agarsiisa, buuntoon immoo “dildiy” isa jedhanidha.

11. Barsiisaa: Amma immoo nacaqasaa! utaaluun –irra darbuu, riqicha kaabii, rifachuu-nahuu, walkipha- walirra oolmaa

Akka raga 4 irraa arginutti fayyadama afaanii barsiisaafi barattoota gidduutti taasifamuu isaa agarra. Akka fayyadama afanii barsiisaa shanaffaa irratti dubbate waan mataduree beeksisuudhaan gara gaaffiifi deebiitti seene. Haalli fayyadama afaanii daree keessaa barsiisaafi barataa gidduutti akkasumas barsiisaafi barataa gidduuttii yoo inni taasifamu agarra.

Akka raga armaan olii irraa hubannutti fayyadamni afaanii gaaffiifi deebiin barataafi barsiisaa gidduutti taasifame irratti barsiisaan qabxii 6,9,11 gubbaattii gaafataa yoo ta'u barattoonni immoo qabxii 7,8,10 irrattii deddebisaa ta'anii dhiyaataniiru.

Akkasumas, ragaa 11ffaa irratti dabaree isaa barsiisaan deebisaa tae'ee yoo inni dhiyaatu hubachuun ni danda'ama. Barattoonnis, deebisanii waan isaaniif hin gallee barsiisaa gaafachuun deebii wal harkaa fudhachaa turaniiru. Kun immoo fayyadama afaanii daree keessaatti barattoonniifi barsiisonni raawwatan qorannoon kun mui'iseera.

Walumaa galattiiragaa fayyadama afaanii qorataan daawwannaadhaan daree barnootaa keessatti argamuun raga fudhatee qaaccesse irraa waanti hubatamu jira. Qunnamtiin daree keessaa barataafi barsiisaa gidduutti haala gaaffiifi deebiin ta'uu isaati. Qunnamtiin gama lachuun ta'uu isaa ragaan armaan gadii nuhubachiisa. Fayyadama afaanii garaagarummaa dubbii barattootaa fi barsiisotaa jiraachuufi qunnamtiin garlamee ta'uu isaa qoratichi xiinxalee lafa kaa'eera. Waanti xiyyeeffannoo barbaadu barsiisaan afaan inni kutaa kana keessatti fayyadame jechoota akka" tole, tolega kan jdhuufi amma immoo' kanneen jedhaan jechoota garraamummaa agarsiisan ta'uu isaa hubanna. Kanaafuu fayyadama afaanii kana jalatti afaan ga'ee waanta gara fuulduraa godhamuuf kallaattii fuulduraa agarsiisuuf hinkoo taphata. Kanaaf as keessatti gaaffiifi deebii barataafi barsiisaa gidduutti taasifamu keessatti fayyadamni afaanii walcaqasuu, dabaree walii kennuu wal irraa barachuuf ga'ee guddaa kan taphatu ta'uu isaa agarsiisa.

### 4.1.6. Looga

Fayyadama afaanii barattoonnis ta'e barsiisonni haala naannoo isaanii keessaatti itti fayyadaman keessaa tokko looga. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti akkaataan itti fayyadama loogaa akka armaan gadiin dhiyaateera. Kunislooga barattootaa kan naannoo isaanii keessatti dubbatamu akkaataa caasaa afaaniitiin walduraa duubaan wal qabatee xiinxalameera. Akkasumas, akka naannoo barattootaatti eenyummaa gartuu barattoota Baatee kan ibsudha.

#### 4.1.6.1. Loogaa Sadarkaa Dhamjechaatti

Fayyadama afaanii kan looga barataafi barsiisaa ibsan sadarkaa dhamsagaattis ni jiru. Garaagarummaan afaan dubbii kun immoo daree barnootaa mana barumsaa Baatee keessatti illee akkaatuma dubbii barataafi barsiisaa gidduutti mul'atuun qoratichi akka armaan gadiitti ibseera.

Akkuma armaan gadittii raga guuramee qaacca’e keessatti hubachuuf yaalame waliin dubbii barataafi barsiisaa gidduutti gaggeeffame bu’uureffachuun haa ilaallu.

Barsiisaa; Kaleecha waan baranne keechaa kan natti himu jiraa

Barataa: Waannii kalee$^{yi}$ssa baranne kee$^{yi}$saa tokko amala afaaniiti

| **Looga barattootaa** | **looga barsiisaa maccaa** | **looga barsiisaa tuulamaa** |
|---|---|---|
| kee$^{yi}$ssayi | keessa /s/ | keecha/ ch/ |

Akka fakkeenya looga barattootaa walloo looga barsiisota maccaafi looga barsiisa tuulamaa oilitti kennameetti mee haailaallu. Jecha "keessa" jedhu kana barattoonniifi barsiisonni haala garaagaraatiin sagaleessu. Kunis, barattoonni walloo immoo "keessa" kan jedhuu dubbachuuf "kee-yi-ssa" jedhu. Sagalee ee-dheeressuudhaan laagaan keenya wal riguudhaan yookiin waan cufame fakkaatee sagalee uumamudha. Yeroo kana sagaleen -ss-waan laafte fakkaattee ariitiidhaan dubbatamti**.** As keessatti sagaleen /y/ amala gam-dubbee waan qabduuf sagalee dubbachiiftuu /i/ of duuba buufattee dubbatamti.

Looga barsiisota Wallaga Bahaa yoo ilaallu immo, Jecha “keessa” jedhu dubbachuufsagalee -ss- jabeessu.yeroo kana sagalee /ee/ dheeressanii sagaleessuudhaan sagalee /s/irratti immoo jabeessanii dubbatu.

Akkasumas barsiisonni tuulamaa jecha "keessa" jedhu dubbachuuf dhamjecha jijjiiru. Keessaaf "kee-ch-a" jechuun dubbatu.Amala sagalee /s/ yoo ilaalle, miti xiixa, irgee, lootuudha. Amala sagalee /ch/ yoo ilaalle immoo, miti xiixa laagaa jabaa,rigduudha. Kanaafuu, looga Walloofi looga Tuulamaa amala haala dibbee sagaleetiin waan wal fakkaataniif bakka walii bu'an.

| | | |
|---|---|---|
| nadh$^{w}$oow | nadhoo | nadhoo |

Akka fakkeenya armaan oliitti jecha "nadhoo" jedhu dubbachuuf garaagarummaa dubbii sadarkaa dhamsagaatti qaban ilaalla. Barattoonni Oromoo Walloo nadhoo jechuuf dhamsaga/dh/ jabeessuun sagalee akka /w.../ dhgeessisu. Sababiin isaaa dhamsagni /o/amartee yoota'u /w/ nis hidhiin keenya geenga'uudhaan waan uumamaniif /dh/ jabeessuun dubbatu.

Fakkeenya ; jechoota, dhugaa, haaraa, dhadha

Barsiisonni immoo dhamsaga /dh / keessaa haquun" na'oo" jechuun dubbdtu. Kanneen Tuulamaa ta.an immoo osoo garaagarummaa sagalee hin qabaatiin osoo keessaa hin haqiin haala sirriin dubbatu. Haaluma wal fakkaatuun loogni barattoota Oromoo Walloo, "dhu$^{w}$gaa, haariya, dhadha" jechuun dhamsaga /u/ biratti /w/ sagaleessuu, akkasumas, haaraa jechuuf "iy" itti ida'uun /a/ immoo irraa haquun haariya jechuun dubbatu. Barsiisonni Oromoo Oaccaa immoo dhugaa jechuuf "ugaa", haaraa jechuuf "haaraa", dhadhaa jechuuf immoo "a'a'aa" jedhanii dubbatu. Warri barsiisota tuulamaa ta'anis dhugaa, haara fi dhadha jechuun dhamsaga /a/ irraa muruun dubbdatu. Qoratichis sdarkaa dhamsagaattii loogni barattoonnii fibarsiisonni daree barnootaa keessatti dubbatan garaagarummaa qabaachuu isaa hubateera.

Kanaafuu, As keessatti barsiisotas ta'e barattoota akka birsagaa fi dhamsagaatti yoo ilaalamu garaagarummaan dubbii jiraachuun isaa beekamaadha. Kun immoo daree barnootaa keesatti wal hubachuu barattootaafi brsiisotaa gidduutti dhiibbaa uumuu danda'a.

### 4.1.6.2. Loogaa Sadarkaa jechaatti

Fayyadamni afaanii armaan gaditti xiinxalamanii dhiyaatan kanneen yeroo daawwannaafi marii garee daree keessatti dubbataman bu’uureffachuun afgaaffiif dhiyaatanidha. Akkasumas adeemsa baruu barsiisuu keessatti yaadota barattootaan dubbataman caalaatti ifa baasee ibsuun waan barbaachiseef adda ba’anii dhiyaataniiru.

Haaluma kanaan, Looga barsiisonnii fi barattoonni sadarkaa jechaatti daree keessatti dubbatan ilaalamaniiru. Kunis, akkaataa eenyummaa barataafi barsiisaa ibsuun dhiyaataniiru. Isaanis jechoota naannawaa Baateetti dubbataman kanneen afaan oromoo dubbatan biratti sirriitti hin beekamne hiika isaanii waliin tokko tokkoon ibsamaniiru. Ragaan hiika looga jechootaa kunimmoo mala afagaaffiitiin fudhatamee dhiyaate. Sababiin isaas looga isaani qofa kaa'uu osoo hin taane qaama looga Walloo irratti hojjetuuf galma akka ta'uuf hiika isaa kaa'uun dirqama natti ta'ee hiika waliin kaa’eera.

Loogni armaan gaditti hiika isaanii waliin ibsi itti kenname kun kan looga barattootaa naannicha ibsanidha.

Jechi **goge**jedhu barattoota kana biratti **deeme, sokkite** abbaa manaa dhiistee warra isheetti galte. **Xullaabe**kan jedhu **utaale** kan jedhuuf hiika ta'a. Akkasumas , **buuntoo** kan jedhuimmoo **riqicha** yookiin daandii gamaa gamanaa wal qunnamsiisu kan jedhuuf hiika ta'a.**Bobba'e**gara hojii deeme

**Gubattuu___**dubartii ejja yookiin sagaagaluu feetu.

**Gaarayyuu** hiriyyummaa dhiiraafi durbaa(boy and girl firend) . Kunisa sadarkaa umurii waggaa 12 oliif kan itti faffadamanidha.

Kaa malees, jecoonniloogaa naannoo Baatee kana keessaatti dubbataman kan biroonis ni jiru. Isaanis hiika isaanii waliin ibsamaniiru.

wonase xilliqqoo sogoda hoolotaa

orma musbahaa garadee addunnaa

Jechoonni loogaa naannoo kana keessatti dubbataman kan barsiisota biratti hin beekamne waan ta'eef hiikaafi ibsa isaanii yoo ilaallu; jecha "**wonasee**" jedhuuf hiika daabbee, bullaalaa, maakodii, guggee, saphaliisafi andarii jedhu qaba. Jecha **xilliqqoo** jedhu immoo kan afaan amaaraa irraa ergifatamee ittii dubbatamudha. Akkasumas jecha "**sogoda"** jedhu hoolata, qufaa isa jedhiif hiika kennu.Baattoonni kun oromoo jechuudhaaf **orma** jechuun hiika itti kennu. **Musbahaa** kan jedhu immoo meeshaa miidhagina dubartootaati. Akkasumas, **garadeen** jecha ergisaa afaan amaaraa ta'ee kan barattoonni baayinaan itti fayyadamanidha. Kana malees,**addunnaa** jechuun horii manaa undaaf kan itti gargaaramanidha. Akkasumas, **dhiheena** jechuun nyaata **kooran** jechuun ibsaa elektiriikii akka ta'e mirkanaa'eera.

**A. Jechoota nagaa wal gaafachuu**

Jechoonni loogaa nagaa wal gaafachuu keessatti ittiin tajaajilama ragaa waliin dubbii irraa argameyoo ilaallu immoo:

Barataa A: Nagaa bultanii?

Barataa B: Nagiyaa bulle.

Barataa B: Isinihoo ?naqqaatanii?

Barataa A: niquudha

Barataa A: Dubahoo?

Barataa B: Bareedduu.

Kutaa nagaa wal gaafachuu kana keessatti barattoonni lama lamaan ta'uudhaan yeroo nagaa walgafatan agarra. Akka looga barattoota naannoo kanaatti ganama yeroo nagaa wal gaafatan nagaa gaafataan "nagaa bultanii ? yoo jedhu deebisaan immoo "nagaa bulle" jedhee deebisa. Deebisaan "isinihoo ? naqqaatanii ?" jedhee deebisee gaafata. Akka ibsa nagaa kanaatti afaan amaaraa walkeessa makuun nagaa walgaafatu. Niquudha jedhee erga deebiseen booda haasaa gara biraatti darbuuf "dubahoo" jedhee gaafata dubahoo jechuun egaahoo, itti aansee hoo, akkami ? yaada jedhu ergaa dabarsa. Yeroo deebisaanis bareedduu jedhee itti deebisa bareedduu jechuun gaarii, tolaa, dhibeen hin jiru kan jedhu ergaa dabarsa. Kutaa kana keessatti fayyadamni afaanii nagaa gaafachuu sadarkaa loogaafi ergifannaatiin mullata. Kunis, ergifannaan “naqqaatanii ? … niquudha” kan jedhaman ergifatamanii itti fayyadamuu agrsiisa. Kanneen looga ta’an immoo bareeduu kan jedhu malleen dubbii nameessa bakka buusuun itti fayyadamu. Loogni dubahoo jedhu immoo kan bakka kanatti itti gargaaraman egahoo kan jedhuun hiikama.

**C. Jechoota lakkoofsa lakkaa'uu**

Barattoonni kun waantoota yeroo lakkaa'an akkaataa afaan itti fayyadaman kan mataa isaanii ibsu qabu. Kunis,tokko jechuuf taakka, laama, sadi, afur, shaan, jahaa, torba,...kudha tokkoo jechuuf immoo kudhanii taakka, kudhanii laama, kudhanii sadi....digdamii taakka, digdamii laama, digdamii saad...jechuun lakkoofsata lakkaa'u. kanaafuu loogni barattootaa kun akkaataa lakkoofsa lakkaa'uu keessatti illee kan qoratichi ragaakaraa daawwanna argate xiinxalee ibseera.

**D.Jechoota Maqaa guyyootaa**

Jechoonni loogaa barattoonni daree barnootaa keessatti dubbatanii ittiin walii galan akka naannoo isaaniitti qabu. Maqaan guyyootaa kunis kan torbaanii agarsiisu. Kanas, maqaa isaanii maqaa waalta'aaisaanii waliin kaa'amaniiru.

| Guyyoota | |
|---|---|
| **Kan barattoota Baatee** | **Hiika waalta’aa** |
| Sanyoo | Wixata |

| | |
|---|---|
| Kibxata | Kibxata |
| Arbaa | Roobii |
| Kamis | Kamisa |
| Juma'aa | jimaata |
| Sanbat-duraa | Qidaamee |
| Ihud | Dilbata |

Jechootaa maqaa guyyootaa akka naannoo barattoota Kamisee Baatiitti dubbachuudhaan ittiin walii galaanidha. Loogni sadarkaa jechaatti barattoonni kun dubbatan fayyadama afaanii uummata oromoo walloo kan ibsu waan ta'eef barattoonnis looguma kanatti dhimma ba'aa maqaa guyyoota torbaaniittiin walii galu. Haata’u malee, jechoonni ergisaa kanneen akka ihudiifi sanyoo illee jiraachuun isaa kan barattoota Baatee kana adda taasisudha. Kanaaf guyyoota waamuu irratti jechoota Afaan Oromoo waalta’anifi jechoota Afaan Amaaraa ergifataman walkeessa makanii haasa’uun mul’teera.

**E. Maqaa Namootaa**

Jechoonni loogaa akka naannoo kanaatti ittiin wal waaman akka armaan gadiitti adda ba’anii dhiyaatanii jiru. Jechoonni kunis akkaataa naannoo barattoota oromoo walloo Baateetti kan itt fayyadamaa jiranidha.

Hintoo___ dubara maqaa ishee hin beekne ittiin waaman

Abboo ___dhiira maqaa isaa hin beekne ittiin waaman

Aabbee__ Maqaa abbaa isaanii yoo waaman *Abbee* jechuun waamu.

Innee__Maqaa haadhaa yoo waaman Innee jedhanii waamuun beekamu

Abbeeraa__Maqaa obboleessa abbaa kan ittiin waamanidha.

Eeshumaa__Maqaa obboleessa haadhaa.

Abba gudda__Maqaa obboleessa abbaa isa hangafa.

Abba xiqqa__Maqaa obboleessa abbaa isa eegoo.

Jechuudhaan jechoota loogaa firummaa fi kan biroo waliif faallaa ta'an dubbachuudhaan ittiin waliigalu. Kun immoo barnoonni daree keessatti kennamu idilaawaa waan ta'eef hunda biratti hiika ifa ta'e dubbataa afaan sanaa ala hubachuun rakkisadha.

#### 4.1.6.3. Loogaa Sadarkaa Himaatti

Sadrka himaattillee garagarummaan dubbii jiraachuun isaa qorannoo kanaan bira ga'ameera. Himni tokkokaninni hojiirra oolu ergaa dabarsuu isaatiini. Kunis,adeemasa baruu barsiisuu daree keessaatti waaan mul'ate qoratichu muraasa dhiyeesseera.

1.Aanshaan qalama <u>bitte</u>.

2. Anshaan Lukkuu <u>bitte.</u>

3.Aanshaan booru <u>fuuti</u>.

4.Maammad booru<u>fuudha</u>.

Kutaa hima armaan olii1fi 2irratti "Aanshaan qalama bitte" jedhu fi "Aanshaan lukkuu bitte" jedhu yoo xiinxallee ilaallu seer-luuga afaan oromoo kan eegedha. Caasaa isaatinis mathima, anthima fi gochima irraa kan ijaaramedha. Gama hiika isaatiin yoo ilaallu immoo,hima tokkoffaa keessatti Aanshaan gabaa baatee qalama bitattee galuu ishee ergaa dabarsa. Hima lammaffaa kessatti immoo, Aanshan gabaa baatee lukkuu gurgurtee galuu ishee erga dabarsa. Kanaafu jechi “bitte, bitte”jedhu kunakka fayyadama afaan dubbii barattoota kanaatti ergaa maallaqaan kan isheegodhatte jedhuufi gurgurte jedhu dabarseera. kun immoofayyadama afaanii barattootaa dubbii daree keessaa kan ibsudha. Ta'us ergaa hima kana lamaanii adda baasanii huachuuf nama rakkisa. Kanaaf qorataan loogni barattoota kanaa sadarkaa himaatti maal akka fakkaatu ragaa yoomessa qabatamaa keessatti argamuudhan xiinxalee dhiyeesseera.

Kutaa himaa 3fi4 keessatti "Aanshaan booru fuuti” kan jedhuufi “Maammad booru fuudha" kan jedhu keessatti himni lamaanuu ijaarsa caasaa himaatiin doggoggora hin qabu. Gosa himaa tajaajilaanis lachuu hima himamsaati.Gama fayyadama afaanii irrattis rakkoo hin qabu. Garaagarummaa isaan qaban garaagarumma saalaa qofa. Garuu, akka looga Aanaa Baateetti ergaa garaagaraa qaba.Himni "Aanshaan booru fuuti" jedhu "heerumti, abbaa manaa godhatti " kan jedhuun bakka bu’ee ergaa dabarsa. Akkasum himni lammaffaas ergaa "haadha mana godhata, niitii godhata" jedhu bakka bu’ee ergaa dabarsa. Haata'u, malee loogni barattoonni kun daree keessatti fayyadamanfayyadama afaanii isaanii ibsa. Garuu, ergaa himoota kana lamaanii

namni afaan oromoo dubbatu hundi hubachuu hin danda'u. Kanaafuu, kun rakkoodha. Qoratichis ragaa qabatamaa kanayoomessa qabatama keessatti argamuun funaanee xiinxaluudhaan dhiyeesseera. Kun immoo.sadarkaa himaattis loogni mul'ate kun kan fayyadama afaanii barattoota oromoo walloo Baatee kan ibsu ta'uu isa qoratichi mala marii gareetti ragaa argate qaaccessee ibseera.

**4.1.7. Fayyadama Afaanii Makaa Haasaa**

Makaa haasaa jechuun afaan lama wal keessa makanii haasa'uu dubbachuun ittiin walii galuudha. Makaan haasaa kun hawaasa huda birattiifi sadarkaa umurii hunda keessatti illee akka argamuinsee jira. Kutaa qorannoo kana jalatti haala makaa haasa barattoonni daree barnootaa keessatti taasisantu xiinxalame.

Akkaataan makaa haasaa kunis dubbii afaaaniitiin sarkaa garaagaraatti mul'ata. Sadarkaan makaahaasaa warri jedhamanis, sadarkaa dhamsagaatti, sadarkaa jechaatti sadarkaa gaaleetti, sadarkaa ciroo sadarkaa himaattille nijiru. Yaanni kun makaan haasaa sadarkaa garaagaraaatti akka jiran dubbata. Barattoonni daree keessatti mala falmii fi mala mariitiin argame akkaataa caasaa isaatiin ragaan funaanamee dhiyaate. Makaa haasaa barattoota kanaas akkaatuma sadrkaa isaatt akka armaan gaditti addeeffameera.

**4.1.7.1. Sadrkaa Jechaa fi Dhamjechaatti**

Barattoonni jechoota afaan oromoo ta'an yerooma sanatti kan bakka buusanii haasa'an yoo dhaban jecha afaan amaaraa fudhachuun ittiin walii galu. Adeemsa kana keessatti jechoota Afaan Amaaraa ta'an irratti dhamjechoota afaan oromoo dabaluu gara Afaan Oromootti jallisuun itti fayyadau. caasaa afaanii duraa irratti caasaa kan biraa dabaluun haala jijjiiruu akka ta’e dubbata. Kanaafuu makaan haasaa Afaan Amaaraairratti Afaan Oromoo dabaluu gara afaan ofiittii deebiseera.

1.Wuxxeetiin ko nama as xalla'a.

2.Fatanaan kun kabbaadiidha.

Makaa haasa sadarkaa dhamjechaan hima kana keessatti Afaan Oromoofi Afaan Amaaraatiin ibsame adda baasnee ilaaluuf wuxxeet-ii-n as-xell-'a afaan lamaan wal makuun ergaa dabarsuu danda'a. Dhamjechoonni addaan ba'anii jiran kun hundee jecha afaan maddaa irratti gara

maxxanuudhaan gara afaan oromootti yookiin tajaajila Afaan Oromoof ooleera. Fakkeenyaaf "wuxxeetiin" kan jedhu -ii n Afaan Oromoo keessatti tajaajila xiyyeeffannoof yoo oolu, -n immoo tajaajila mathima mul'istuu ta'ee Afaan Oromoo keessatti waan ooluufidha. Akkasumas, /as/-dhamjecha duree taasisaa -xalla- hundee -'a n  taasisaa ta'uun tajaajileera. Dhamjechoonni kun tajaajila isaan galaniif waan beekamu fakkaatee ergaa haa dabarsu malee ifatti hin beekamu.

Kutaa hima lammaffaa kana keessattis" fatana fi kabbaad" jechoota afaan amaara yoo ta'an dhamjechoota -n fi -ii -dha jedhan hundee jecha amaariffaatti maaxxananii hiika akka argatu taasiseera. Kun Afaan Oromoo waan haasa'u fakkaatee jechoota Afaan Omaaraa fi Afaa Oromoo maxxanfachuun makaa haasaa uume. As keessati jechoonni Afaan Amaaraa fi dhamjechoonni Afaan Oromoo wal makanii jiru. Kun kan ta'u sababa afaan tokkooffaa sirriitti dubbachuu dadhabuu irraa kan ka'edha.

3. Fatanaa ko naataqqaabali.

4. Timirtiin har'aa baxaamiitti naa galeera.

5. Arattanyaan ba'e.

6. Nuuroon katamaa nama macha'a.

Walumaa galatti himoota 1-6tti tarreefaman keessatti jechoonni afaan amaaraafi dhamjechoonni Afaan Oromoo walitti makamanii jiru. Kunis hawaasa Afaan Oromoo fi Afaan Amaaraa wal qixa dubbataniifis ta'e, hawaasa afaan lamaan isaa wal qixa hin dubbanne biratti waliigalteef ni tajaajilu. Haata'u, malee hawaasa afaanicha sirriitti dhaga'uu hin dandeenyeefi guddina afaanichaa irratti dhiibbaa qaba. Darbees barnoota hubachuu barattoota irrattis gufuu ta'uu danda'a. Qoratichis yoomessa uumamaa keessatti argamuudhaan fayyadama afaan dubbii daree barnootaa keessatti haala Aanaa Baatee xiinxaluudhaan ibseera.

#### 4.1.7.2. Gaalee

Unkaan xixiqqoo caasaa afaan oromoo walirratti ijaaramanii unkaa guddaa uumu.Kanairraa ka’uun gaaleen caasaa Afaan Oromoo haala kamiin caasaa Afaan Amaaraa fudhachuun barattoonni kun itti fayyadaman akka armaan gadiittii ibsameera.

1. Fatanan  keenya gaariidha.

2. Riikard kifiliin kaardii nuu kenne.

3. Nuuroon katamaa cimeera

4. Turgumiin jecha kanaa addadha.

5. Barsiisaan dhufee dabtara nu arrame.

Akka ragaa tokkoffaa irratti arginutti makaa haasaa Aaan Oromoo fi Afaan Amaaraa "fatana-n keenya kabbaadiidha" hima jedhu keessatti makaan haasaa jira. Kunis"fatanaa-n " kan jedhu gaaleedha. Gaaleen kun immoo afaan amaaraa" fatana" fi dueduubee afaan oromoo -n maxxanfachuun gaalee makaa haasa ta'eera. Fayyadama afaanii daree keessaatti afaan dhalootaa fi afaan lammaffaatti dabaluun yaada isaanii ibsataniiru. Afaan akkasii kana immoo jiruufi jireeny ofii keessatti adda baasnee itti fayyadamuuf rakkisoodha.

Hima "Riikard kifilii-n kaardii nuu kenne" jedhu keessatti makaan haasaa sadarkaa gaaleetti ni jira. Makaan haasa kunis afaan oromoo fi afaan amaaraa akkasumas ergifannaa afaan ingillzi irraa fudhatame irraa ijaaramee afaan dubbii ta'ee isaan tajajila jira. Kunis, jecha afaan ingilzii "recard" jecha afaan amaaraa" k if il" jedhuufi dhamjecha afaan oromoo" -ii -n" kan jedhan walitti makamuun gaalee ijaaranii afaan oromoo keessatti itti fayyadamaa jiru. Kanaafuu makaan haasaa sadarkaa gaaleettillee akka itti fayyadamaa jiran ragaan kun ni mirkaneessa.

.Himoota armaan olitti lakkoofsa sadaffaa hanga shanaffaattii tarraa’an haala makaa haasaa sadarkaa gaaleetti ilaalamaniiru. Himoonni sadanuu makaa haasaa Afaan Oromoofi Afaan Amaaraati. Hima "nuuroon katamaa cimeera " jedhu keessatti "nuuroon katamaa "kan jedhu gaalee afaan amaaraa yoo ta'u "cimeera" kan jedhu immoo jecha afaan oromoodha. Akkasumas, hima arfaffaa keessatti "turgumii" kan jedhu Afaan Amaaraa yoo ta'u "jecha kanaa addadha. "kan jedhu immoo afaan oromoodha. Dabalataanis, "barsiisaan dhufee "kan jedhu jecha afaan ormooyoo ta'u, "dabtara nu arrame" kan jedhu immoo afaan amaaraati. Knas ta'u sana makaa haasaa kana keessatti warra afaanicha fayyadamaniif rakkoo hin qabu. Garuu guddina afaan ormoo irratti dhiibbaa fiduu danda'a.

**4.1.7.3. Ciroo**

Sadarkaa cirootti illee fayyadamni afaanii afaan makaa haasaa waan inni fakkaatu raga armaan gadii qindeessuun ibsameera.

1. Hayilumaan yoo axannaane, qormaata dabarra.

2. Ticher: Mastaawashaa osoo nuu tsaafte, xuruu ture.

3. Gabayaa ba'een, dabtara bitadhe.

4. Iskiribitoo dhabeen, tsaafuu dhiise.

Makaa haasaa "Hayilumaan yoo axannaane, qormaata dabarra" hima jedhu keessatti kan Afaan Amaaraafi Afaan Oromootu jira. Kunis, sadarkaa cirootti yoo ilaallu,"hayilumaan yoo axannaane" ciroo hirkataa yoo ta'u, "qormaata dabarra" kan jedhu immoo ciroo of danda'aadha. Ciroo hirkataa Afaan Amaariffaa irraa ijaarameefi ciroo of danda'aa Afaan Oromootiin ijaarame iraa uumaamuun ergaa dabaarseera. Himni  kun ergaa hyiluman yoo axanna'an qormaata darbuu danda'uu isaa galmaan ga'uuf makaa haasaatti fayyadamuu isaa agarra. Caasaa himaatiin yoo ilaalle, caasaa hima Afaan Oromoo kan eegedha. Makaa haasaan akkasii kun walli galtee barattootaafi hawaasa Afaan Amaaraa fi Afaan Oromoo dubbachuu dand'aniif barbaachisaadha. Garuu daree barnootaa keessatti haala afaan barnootaa fi afaan barsiiotaa wajjin walii galuuf dhiibbaa qaba. Keessumattuu barattoonni yeroo marii gareefi yeroo of ibsuu keessatti caalaatti mul'ata. Kunis, barattoonni walii walii isaanii wajjin yeroo haasa'an saffisaan waan dubbataniif Afaan Oromoo bakka buusuun dubbachuuf isaan rakkiseefidha. Qoratichis ragaa kana qabatamaan funaanee qaaccessuudhaan kaa'eera.

Kutaa lammaffaa kana keessatti makaa haasaa Afaan sadii agarra. Kunis "Ticheer" kan jedhu afaan ingilifaa irraa. "mastaawashaa osoo nuu tsaaafte "Afaan Amaaraaa fi Afaan Oromoo irraa yoo ta'u ‘xuru ture” kan jedhus Afaan Amaaraa fi Afaan Oromoo irra ijaaraman. Haata'u malee, makaan haasaa afaanota kanaa walitti dhufanii ergaa yaadannoo nuuf barreessi jedhu dabarsuuf galan. Gama caasaa cirootiinis yoo ilaallu caasaa ciroo hirkataa fi caasaa ciroo of danda'aa guutee argama.

Himoota lamaansa sadaffaafi arfaffaa armaan olii keessatti maakaan haasaa bifa yookiin sadarkaa cirootti mul'atu. Makaan haasa daree barnootaa keessatti taasifamu kunis Afaan Amaaraafi Afaan Oromoo irraa ijaaraman. Kun immoo gama lachuunuu jechuunis ciroo hirkataafi ciroo of danda'aa keessatti afaan lamaanuu makamanii jiru. Sababni makamuu isaaniis ergaa" gabayaa ba'een dabtara bitadhe yookiin gabaa ba'een barruulee bitadhe" jedhu galmaan

ga'uuf dhufe. Akkasumas, ergaa " iskiribitoo dhabeen tsaafuu dhiise yookiin qalama dhabeen barreessuu dhiise." jedu galmaan ga'uuf makame. Walumaa galattii makaa haasaa sadarkaa cirootti daree barnootaa keessatti barattoonnis ta'an barsiisonni dhimma waliigalteef itti fayyadamaa jiraachuu isaanii qorannoon kun ni mirkaneessa.

#### 4.1.7.4. Hima

Himni tokko kan inni madaalamu haala barbaadameen dhaggeeffataaf ergaa dabarsuudha. Haaluma kanaan fayyadama afaanii makaa haasaa sadarkaa himaattii haala armaan gadiin qaacca'eera.

1. Budin mariitu axannaasisa.
2. Aandi la ammistii keenyan tawayaayyaana.
3. Tasaatifoonkoo anaasaadha.
4. Wuxxeetichi tagabii miti.
5. Malsiinko tikikkiliidha ?
6. Hasaabnikoo kunumti baqiidha.

Hima 1ffaa makaa haasaa "Budin mari-tuaxanaa-sis-a"himni kun jechoota Afaan Amaaraa fi dhamjechoota Afaan Oromootu walitti makame. Dhamjechoonni Afaan Oromoo kun dhamjecha akeektuu -tu- sis -dhamjecha taasisaa fi -a dham jecha raawwii fuulduraa agariisiistu irratti maxxanuun gara Afaan Oromootti jijjiirte. Damjechi Afaan Oromoo jechoota Afaan Amaaraa irratti maxxanuun jecha Afaan Oromoo fakkeessiteetti. Makamni afaanota lamaanii kun walitti dhufanii yaada isaanii akka ibsatan taasiseera. Makaa haasaa sadarkaa himaatti dhiyaate kan keessatti ga'een makama Afaan Oromoo dhamjecha afaan oromoo maxxansuu qofaadha. Dhamjechoonni kun immoo afaan lammaffa sana gara afaan oromotti jijjiiruun ergaa dabaru. Barattoonni mana barumsaa baatee makaa haasa sadarkaa himaatti jiru kanaan daree barnootaa keessatti fayyadamu.

Makaa haasaa hima 2ffaa "Aand le ammist-ii keenyaa-n tawayaayyaa-na" jedhu keessatti afaanonni laman wal makanii jiru. Makamni dhamjechootaa kun hundee jechoota Afaan Amaaraa irratti maxxananii ergaa isaa garara gara afaan oromootti jijjiiree jira. Kun walii galtee daree keessatti rakkoo hin qabu. Gama caasaa himaatinis caasaa afaan oromoo fakkaata. Garuu makaan haasaa kun eenyummaa barattoota Baatee kan ibsu ta'uu isaa mirkanaa'eera. Haa ta'uyyu

malee, makaan haasaakun barsiisota hundaa fi barattoota biyya biraa irraa dhufan hundaaf ergaa walqixaa hin dabarsu. Akkasumas afaan barnootaa waliin waan wal hin simneef rakkoo biraa uumuu danda'eera.

Himoonni qabxii 3-6 tarreeffaman kun makaa haasaa Afaan Amaaraafi Afaan Oromooti. Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti himni makaa armaan olotti ijaaraman jechoota Afaan Oromoo tokko tokko fi dhamjechoota afaan oromoo jechoota afaan amaaraa irratti maxxanuun ergaa dabarsuuf ittiin walii galu.

Walumaagalatti, fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti mu'atan keessaa makaa afaanii akka ta'e ibsameera. Makaan haasaa kunis sadarkaa unkaa yookiin caasaa Afaan Oromoottis akka argamu mirkanaa'eera. Makaan haasaa kunis hawaasa naannawaa Baatee keessatti Afaan Oromootiin qunnamtii taasisan biratti rakkoo tokko malee ergaa dabarsa. Garuu hawaasa hunda biratti ergaa walqixa hin dabarsu. Fayyadamni makaa haasaa kun loogaa fi naannoo tokko qofaatti waan dubbatamuuf kan waalta'e miti

### 4.2. Ergaa Itti Fayyadama Afaanii  Daree Barnootaa Keessaatti

Daree barnootaa keesatti qunnamtii taasifamu barataafi barsiisaa gidduutti akkasumas barataafi barataa gidduutti taasifamuun ergaan darba. Akkasumas barataafi barsiisaa giddaauutti ergaan baruu barsiisuu haala inni ittiin darbu ilaalameera. Malli qunnamtii ergaan daree keessaa ittiin darbus mala mariitiin, falmii gaggeessuutiinfi waliin dubbiitiin ergaan nidarba. Ergaa baruu barsiisuu keessaan darbu barattoonnis ta’e barsiisonni gufuu tokko malee hubachuu qabu. Christopher (2017) ”A good understanding of the principle and process of communication will avail the classroom teacher the opportunity to pass his/her pedagogical knowledge and skill…” kanaaf mala ittiin ergaan isaa barattoota bira ga’ee barattoonni barumsicha irraa beekumsaafi dandeettii horatan barsiisichumatu  filata.

#### 4.2.1. Nagaa Gaafachuu Daree Barumsa Keessatti

Barsiisaan daree barnootaa yoo seenu nagaa gaafachuun kanuma baramedha. Haaluma kanaan fayyadamni afaanii 1fi 2 jalatti dhiyaatan ergaa nageenya gaafachuu ilaallata,

1. Barsiisaa; Nagaan bultanii barattoota ?

2. Barattoota; nagayaa bulle barsiis-.

Kutaan kun barataafi barsiisaan haala gaaffiifi deebiin akka walii galaatti itti gargaaramu. As keessatti barsiisaan yoo inni barattootaan nagaa gaafatu ni agarra. Barattoonnis" nagayaa bulle" jechuun garri lamaanuu nagaa wal gaafatu. Gochi kun gocha gulantaa  jalqaba barsiisaan alaa gara dareetti yommuu seenu kan raawwatamu ta'uu isaa qoratichi daawwannaadhaan hubatee dhiyeesseera.Deddeebisa nagaa walgaafachuu barattootaafi barsiisaa gidduutti taasifame kana keessatti barattoonni looga "nagayaa" jedu yoo dubbatan barsiisonni immoo "nagaa" jechuun dubbatu. Kun garaagarummaa dubbii barsiisaafi barataa gidduu jiru agarsiisa.

### 4.2.2. Eeyyama Gaafachuu

Jechoonnii eeyyama yookiin eeyyentaa agarsiisan kan barattoonni gocha daree keessatti dubbataman jiru. Isaanis, kan barattoonni dareettii dubbataman irraa fudhatamanii adda ba'anii dhiyaataniiru. Mee akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Barattuu: Kitaaba Afaan Oromoo naa ergistaa?

Barattuu: Kadijjaa; hyya, misha…

**Misha __** jecha misha jedhu hika isaa gaarii jechuutti hiikama.Yeroo tokko tokko immoo nagaa wal gaafachuu keessatti yoo deebii kennan misha jedhanii deebisu.

**Hayya__** tole,haata'u, haa deemnu (haala dubbii keessatti)

**Bas __**haa ta'u, jaallanne, irratti walii galle

**Marahaaba __**tole haa ta'u (jecha ergisaa afaan arabaa)

Jechoonni kun eeyyama barattuufi barattuun kitaaba walii ergisuuf eeyyama wal gaafatanidha.Kunis, gaaffii isheen gaafatte ergaa eeyyamamuufi eeyyamamuu dhabuu addaan baasuuf kan gaggeeffamedha. Daree barnootaa keessatti yeroo barattoonni walii kennanisfayyadamuma afaanii kana irratti hundaa'uuni kennu kan barattoonni. Dubbiin loogaa barattootaa kunis barattoonni waanta ajajaman yaada eeyyentaan fudhachuun raawwachuu isaanii kan agarsiisan ta;uu isaa bira ga'ameera.

### 4.2.3. Qajeelfama Kennuu

Barsiisaan yeroo hunda daree keessattii qajeelfama baruu barsiisuu kennuufi hoogganuun qajeelfama kenna. Haala kanaan daree keessatti qajeelfama kenna.

3. Barsiisaa: kitaabaa keechan fuula 85 fi dabtara keechan baafadhaa! Hojii daree kana hojjedhaa! Ka'eeti ibsaa!

4. Barataa: marahaabaa, hayya, eewu barsiis"

As jalatti immoo barattoonni meeshaalee barnootaa isaanii akka baafatanii of qopheessan ajaja dabarsa. Kunis gara baruufi barsiisuutti seenuuf afaan barsiisonnii fi barattoonni fayyadamanidha. As keessatti yeroo barsiisaan dabtaraafi kitaaba akka baafatan ajaju barattoonni immoo," marahaaba, hayya, eewu barsiis" jechuun ajaja fudhachuu isaanii agarra.Kun fayyadama afaan dubbii barattoonniifi barsiisaa gidduutti taasifamu ta'uu isaa agarra. Barsiisaan ajaja dabarsaa yoo ta'u barattoonni immoo ajaja fudhachuu isaanii nu hubachiisa. Haallii qunnamtii gidduu isaaniitti taasifames haala deddeebisaan ta'uu isaa nuhubachiisa.

#### 4.2.4. Qabiyyeen Wal Barsiisuu

Barnoota guyyaa eegaluuf dursa qabiyyee sana barattiitaaf ifa gochuun barbaachisaadha.Ragaan armaan gadiis ergaa kallattiin qabiyyicha irratti akka hundaa'an dabarsa.

5. Barsiisaa: yeroo darbe waa'ee maalii baranne; mee kan nu yaadachiisu"?

6. Barsiisaa: harka baasuun kan deebisu jiraa?

7. Baratoota: "afaan akkamitti tajammare" isa jedhuuf ilaalchi sadii...baranneerra"

8. Barsiisaa: baayyee gaariidha ! Harka rukkutaaf !

Aakka ragaa (5fi6) kanatti barsiisaan barnoota yeroo darbee yaadachiisuuf gaaffii inni barattota gaafatudha. Gaaffii kanas harka baasuun akka isaan deebisan yoo inni godhu ni agarra.Gaaffii barsiisaan barnoota darbe yaadachiisuuf barattoota gaafatu kun guyyuma guyyaan walfakkataa ta'us deebii barattoonni kennan akkaataa qabiyyee barnootichaa irratti hundaa'a. Yeroo kana barattoonni afaan isaaniif galeen akka dandeettii isaaniitti deebisuuf yeroo yaalan agarra. As keessatti barattoota deebii sirrii deebisan immoo"baayyee gaariidha"! "harka rukkutaaf ". jechuudhaan haamilee baattootaa kakaasuuf afaan fayyadamanidha.

Ragaa (7) yoo ilaalle immoo gama ergaa isaatiin duuba deebi'anii yaadachuuf adeemsa barsiisaan barattootarratti raawwatu ta'ee gama fayyadama afaan dhalootaan immoo makaa haasaa "tajammare" qabaachuu isaa agarra. Yeroo kanatti qunnamtiin gama lamaaniin jiru haala gaaffiifi deebiin ta'ee haamilee isaanii kan kakaasudha. Bakka kana keessatti fayyadamni afaanii ga'ee waanta darbe duuba deebi'ee yaadachiisuu qaba

Akkuma ragaa (8) irra hubatamutti Barsiisaan “baayyee gaariidha harka rukkutaaf” jechuudhaan barattoota deebii sirrii deebisan jajjabeessa. Kun immoo fayyadama afaanii duubdeebii battalaa basiisaan barataaf kennudha. Dabalataanis fayyadamni afaanii ga’ee haamilee kakaasuufi beekumsa mirkaneeffachuu of keessaa qaba.

### 4.2.5. Afaan Mirkaneeffannaa

As keessatti barsiisaan waan barsiisaa ture barattootaaf ifa ta’uufi ta’uu dhabuu qabiyyichaa bakka inni itti mirkaneeffatudha.

17. Brsiisaa: Isinii galee barattoota?

18. Barsiisaa: ee male barsiis-

19. Barsiisaa: Gaaffii kan qabu jiraa?

20. Barattuu: Hiika jechaa akkamitti hubachuu dandeenya?

21. Barsiisaa: mee kan deebisu

22. Barataa (2): Jechaaf hiika isaa qofaa isaatti yookiin hima keessa *sheenee* hiika argata.

23. Barsiisaa: Baayyee gaariidha! jechaaf hiika kan laannu hima keessa galchuun yookiin immoo qofaa isaa akka hiika galmee jechaatti hiikama.

Bakka kanatti barattoonni beekumsa isaanii erga ibsanii booda waan ibsan sana mirkaneeffachuuf gocha raawwatamudha. Barsiisaanis ibsaa fi sirreeffama barattootaaf qabiyyicha irratiin kenna.Akka xiyyeeffannoo 5 tartiiba 17 irraa hubatamutti gaaffii mirkaneeffannaa barsiisaan barattootaan gaafatu agarra. Fayyadamni afaanii kunis barattoonni isa duuka bu’uun caqasaa jiraachuufi qabiyyee barnoota sanaa hubachuufi dhiisuu isaanii ittiin adda baafachuuf gargaara. Warri isaanii gales isaaniifa galuu isaaniif duubdeebii ”ee male“ jechuun barsiisaaf mirkaneessu.

Dabalataanis, akkuma tartiiba 19 irraa hubannutti barsiisichi barattootaaf galuufi dhiisuu isaa caalaatti mirkaneeffachuuf akka isaan gaaffii gaafatan affeere. Haaluma kanaan barattuun (1) harka baasuudhaan gaaffii yoo gaafattu barsiisaan immoo carraa deebisuu barattootaaf kenne. As keessatti waanti hubatamu qabu; fayyadamni afaanii barattootaafi barsiisaa gidduutti taasifame haala gaaffiin jechoota filatanii gaafachuufi jechoota filatanii deebisuutu mul’ata.

Walumaa galattii fayyadamni afaanii kutaa kana keessatti mullatan kanneen akka mee, baayyee gaariidhafi kanneen miira tasgabbii qaban daree keessatti fayyadamuun seera fayyadama naamuusa afaaniiti. Ga'ee fayyadamni afaanii bakka kanatti raawwatus fayyadama afaanii mirkaneeffannaa barataafi barsiisaa ta'uu isaa qoratichi mirkaneesseera.

Waanti barattoonni baratan sirriitti hubachuu isaaniifi barsiisaa hordofaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuf gaaffii gaafatamanidha. As jalatti barsiisaan caasaa hima bakka waljijjiiruun yoo gaaffii gaafatu ni agarra. Kunis" Barattoota: isinii galee"? osoo jedhe irra caalaa caasaa Afaan Oromoo eeggata.

### 4.2.6. Madaallii Keessattii

Kutaa kana jalatti fayyadama afaanii barsiisaafi barataan daree banootaa keessatti adeemsa madaallii keessatti raawwatan qoratamaniiru. Raga ( 24-29) tti jiran akka armaan gadiittii qaacca'eera.

24. Barsiisaa: Amma immoo gaaffin isin gaafadha.
25. Barsiisaa: Hiika jecha" utaaluu" jedhuu kan natti himu?
26. Basiisaa: At Maammed
27. Barataa: Ati, is asana
28. Barsiisaa: At, ishee kana
29. Ati hoo…Faaxumaa…

Kutaan kun kutaa goolaba barnootaa daree keessatti fayyadamni afaanii barsiisotaafi barattoota giduutti taasifamudha.Kunis xumura barnootaa ta,uu isaa gaaffilee madaallii fi ajaja garafuulduraa iddootti kennamudha.

Akka tartiiba 24 irraa hubannutti barsiisaan gaaffii madaallii isaan gaafachuu isaaf akka of qopheessanii kallatti qabsiisa. Yaadaafi qalbii isaanii waanta baratan irratti yaaduun akka qophaa'aniif isaan gargaara. Fayyadamni afaanii barsiisaan barattota gaafatus bu'aa hubachuu qabiyyee barnootichaa biraga'uuf tooftaa fayyadama afaaniiti.

Akka tartiiba 25fi 26 irraa hubatamutti fayyadamni afaanii barsiisaa qabiyyee barattoota barsiise keessaa darbee darbee hunda isaanii gafata. Kunis, gaaffii afaanii battalaa jedhamee beekama. Barsiisaan "kan natti himu, at, Maammed" jechuun barattoota hunda madaala. Kutaa madaallii

kana keessatti haala kanaan barattoota tokko tokkoon gaafachuun hubannoo isaanii gara qabxiitti jijjiira.

Tartiiba 27-29 yoo illle immoo basiisaan madaallii isaa keessatti barattoota tokko tokkoon irra adeemuun madaallii yoogaggeessu agarraa. Kunis barattoota maqaa isaanii beeku maqaa dhayuun gaaffii madaallii isaa gaggeessa. Kan maqaa isaanii hin beekne immoo bamaqaalee bakka buusuun gaafataa ture. Fayyadamni afaanii haala gaaffiifi deebiin madaallii keesatti barattootaafi barsiisaa gidduuttii taasifames ergaa barbaadame galmaan ga’uu dana’eera. Haa ta’u garuu fayyadamni afaanii barsiisaan barattootaan bamaqaaleetti gargaaramuun maqaa waamu eenyummaa barattootaa irratti kan hunda hammate miti.

Walumaagalatti kutaa fayyadama afaanii daree barumsaa keessattii ragaan daawwiin guurame qaacca’ee dhiyaateea. As jalattii qunnamtiin barattootaafi barsiisaa gidduutti godhame irra caalaa haala gaaffiifi deebiin ta’uu isaa adda ba’eera. Kana malees fayyadamni afaanii wal qunnamtii daree keessaatti fayyadama afaanii ergaa kan ittiin  walii galan yookiin walii dabarsanidha. Daree barnootaa keessatti illee darbee darbee mullachuudhaan ergaa barattootaafi barsiisotaa irratti dhiibbaa fideera. Dabalataanis haalli itti  afaan kutaa kana keessattieragaa dabarsan  adda ba’eera.. Haaluma wal fakkaatuun  barattootaafi barsiisota gidduutti wal qunnamtii afaanii  kan ibsan kanneen bamaqaatiin wal waamuu mullateera.

**4.3. Ga’ee Fayyadama Afaanii Ijaarsa Eenyummaa Daree keessaa Mul’isan**

Sabni tokkoo eenyummaa isaa kan ittiin ibsatu yookiin calaqqisiifatu waan garaagaraa qaba. Isaan keessa immoo fayyadama afaan dubbii ta'a. Fayyadamni afaanii eenyummaa barataafi barsiisaa ibsanis akka ogumma isaaniittii itti fayyadamu. Yaanni kun sochiin fudhatama qabu barattoonni daree barnootaa keessatti taasisan akkaata  bartee hawaasichaan ta.uu qaba. Miira barattoota daree sana keessaa birattis fudhatama qabaachuu qaba. Fayyadamni afaan dubbii kun immoo garaagarummaa dubbii afaan saba afaan tokko dubbatu giduutti mula'tudha. Akka yaada kanaatti halli garaagarummaa dubbii kun haala dubbii, afaan, sagaleessuu fi amala namaa dhuunfaa yookiin amalahawaas garee tokkoo akka ta'e dubbata. Haaluma kanaan as jalatti barsiisonnii fi barattoonni fayyadama afaan dubbi daree yookiin looga eenyummaa isaanii ibsu dhiyaateera. Eenyummaan barattootaafi barsiisotss kun karaa lama ilaalameera. Isaanis

eenyummaa daree barnootaa keessattii fi eenyummaa haala naannootiin wal qabatanidha. Kunis ragaa mala daawwannaatiin argame qorratichi xiinxaleeibseera

### 4.3.1 Fayyadama Afaanii Eenyummaa Daree keessaa

Eenyummaa barsiisaa ilaalchisee daree barnootaa keessatti barsiisaanis ta'e barattoonni seera naamuusa daree keessaa eeguun barnooticha galmaan ga'uudha. Akka yaada kanaatti eenyummaa barsiisaa kan ibsu, walitti dhufeenya, kan araarsu, kan waa uumu, fakkaachuufi wkf kan raawwatu ta'uu isaa ibasa. Kanaafa barsiisaa eenyummaa (identity) inni daree barnoota Baatee keessatti calaqqisiisu raga qabatamaa waliin dhiyaateera. Waan hundaafuu eenyummaan amala barataafi barsiisaa daree keessaa kan mullisudha. Kanaaf, eenyummaan amala dhala namaati.

#### 4.3.1.1 Fayyadama Afaanii Eenyummaa Brsiisaa

Barsiisaan daree barnootaa keessattii ga'ee ol aanaa kan taphatudha.Barattoonni duubee hawaasaa garaagaraa keessa akka isaan dhufan beekuun xiyyeeffannoo daree hoogganuu qaba. Akkasumas sammuu dhala namaa qaraa waan jiraniif of eeggannoon yaada sammuu barattootaa eeguutu barbaachisa. Barsiisaan gocha daree keessatti haaala daree barnootaatiin madaallii, hirmaannaa dalagaa raawwatan keessatti of eeggannoon akka raawwatamu dubbata. Haaluma kanaan eenyummaa barsiisaan daree barnootaa keessatti agarsiisu qaacca'ee dhiyaateera.

30. Barsiisaa: Barattoota; *mee* ilaalaa! kuni “”maalii?

31. Barataa (1): “Antima” jedha.

32. Barsiisaa: *Gaariidha*.“Antima” jechuun maal jechuudha? Hawwa; deebisi *mee*

33. Barattuu : Antimni qaama gocha raawwatedhaa.

34. Barsiisaa: Qaama gocha raawwatedhaa? Hawwaa

35. Barattuu 2: Ee male qaama gocha raawwatedha.

36. Barsiisaa: Sirriidhaa?

37. Barataa 3: Barsiis- Ani haadeebisuu ?

38. Barsiisaa: lakki! ishumti haayaaltu.

39. Barattuu 2: Waanbeeku; Garuu qaama gochi irratti raawwatame natti fakkaata.

40. Barsiisaa: Sirriidha! Antimni qaama hima keessatti gocha raawwatudha.

Deddeebisa armaan olii kana irraa waanti eenyummaa barsiisaa ibsu qaaccae'e dhiyaateera. As keessatti barsiisaan gabatee gurraacha irratti barreessuun akka dubbisa gaafate. Ragaa 30 gubbaatti fayyadama afaanii eenyummaa ibsu **"mee… gaariidha"** kan jedhu fayyadama afaanii affeerraafi haamilee itti horuu fayyadamee jira. Akkasumas, hiriyyummaa gidduu isaanii jiru kan ibsudha.

Kana malees, raga 30 irratti eenyummaa barsiisaa kan ibsu maqaa isaatiin waamamuu barsiisaadha. Kunis, **Barsiis-** jechuudhaan kan inni waamau eenyummaa barsiisaa kan ibsu ta'uu isaa hubanna.

Akkuma raga 33 irraa agarru barattuu hawwaan doggoggorraan barsiisan toonii sagalee ol kaasuun "qaama gocha raawwatedhaa?" jechuun carraa yaalii ishumaaf kenne.Haaluma wal fakkaatuun 35 irattis "**sirriidhaa**" jechuun ofitti amanamummaa barattootaa cimsuuf ia deddeebiin gaafata. Kanaafuu jechoota gaaffii irra deddeebi'uun obsa waan agarsiisuuf eenyummaa barsiisaa ibsa agarsiisuudha. Dbalataanis, toonii sagalee ol baasuufi gad buusuun barattoota keessatti ergaa sirrii miti jedhu dabarsa.

Raga 37 irraa immoo eenyummaa barsiisa kan ibsu baataan kan biraa deebisuuf yoo gaafatu barsiisaan "lakkiishumti haa deebistu" jechuun kallattii kenne. As keessatti jechi ishumti jettu kun hund hammatoo yookiin maqaa Hawwaatiin waan hin waamneef eenyummaa barsiisaa sanaa gadbuusa.

Ragaa 36 fi 37 immoo Hawwaan carraa yaalii meeqa keessa darbuun yaada ishee geeddarattee deebii sirrii deebiste. Dhuma irrattis barsiisaan toonii sagalee ol ka'aatiin "sirriidha!" jechuun deebii ishee mirkaneesseef.

Dabalataanis raga 38 irratti qajeelfama barsiisaan *lakki* jechuun deebisuun isaa eenyummaa barsiisaa daree keessatti qajeelfama daree keessaatti seera naamuusaa barsiisuu waan ta'eef eenyummaa barsiisafi barattootaa ibsa. Yeroo kana barattoonnii barsiisaa diduun hin jiru.

Walumaa galatti fayyadama afaanii eenyummaa barsiisaa ibsan kan armaan olitti raga barsiisotaa fi barattoota irraa daree barnootaa idilee keessatti argamuun sagalee isaanii waraabuu gara barreeffamaattii jijjiire irraa argamedha.

Bu'aan qaaccessa ragaa qorannoo kanaas fayyadama afaanii eenyummaa barsiisaa ibsu, garabali'naan irra deddeebee yaalsisuu, barattoota waliin jechoota hiriyyummaa cimsan fayyadamuu, jajjabeessuu, haamilee kakasuufisagalee ol kaasuufi gadbuusuun ergaa dabarsu qabaachuu isaabeekee itti fayyadamuun isaan gurguddoodha. Garuu jechi ishumti jedhu kun akka eenyummaa (identity ) basiisaatti rakkoo ta'uun ishee bira ga'ameera. Kana malees, haala baruu barsiisuu gegeeddaruudhaan bariisuun fayyadamuun eenyummaa barsiisaa akka ibsu hubatameera.

#### 4.3.1.2. Eenyummaa Baratаа

Barattoonni daree barnootaa keessatti akkaataa seeraafi amala baratаatti kan eenyummaa isaanii ibsuu danda'u sochii hirmaannaa gochuu qabu. Barattoonni yaada daree keessatti barsiisaa irraa maddu mormuun barbaachisaadha. kanaaf barataan eenyummaa inni qabu yaada qajeelaa irratti barsiisa mormuudha. Eenyummaa barataa kan ibsan mormuu, amansiisuu, waa hubachuufi waantonni gama naamusa barataatiin wal qabatee daree keessatti barataa irraa calaqqisu hunda dabalata.

Marii garee barattoonni waliisaanii wajjin taasisan kana keessatti Mata-duree marii kitaaba kutaa 11ffaa fuula 119 irraa namni karraa kamfaa yaada wal jijjiiru isa jedhu iratti marii gaggeessan keessatti eenyummaa barataa kan ibsan adda ba'aniiru.

**Of irraa faccisuu**

Eeenyummaan of irraa faccisuu adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabiyyeen baratamuufi yaanni barattootaan dhiyaatan fudhatamaafi hubatamaa gochuuf raga dhiyeessuu, sababeessuu, mormuufi irrattii walii galuu kan agarsiisudha.

41. Baattuu H: Ani karaa yaada ittiin waljijjiian bilbilafi wajjin dubbachuudhan jedha.

42. Baratаа M: Lakki xalayaanis isa tokkodha. Sababni isaas yeroo bilbilli hin jirre itti fayyadamaa turan.

43. Baratаа I; Mee nadhgayaa, ani immoo: bilbila, xalayaa, raadiyoofi tvn yaada waljijjiiruun ni danada'ama.

44. Barattuu F: Akkas taanaan gaazexaanis jiraka.

45. Baratаа M: Ani kana nan morma. Akka natti fakkaatutti gosa lama qabu: kan afaaniin yaada wal jijjiiraniifi kan barreeffamaan yaada waljijjiiru.

46. Barattaa A: Eeyyen Isa kana irratti walii haagallu.

Marii garee barattoonni armaan olitti gaggeessa turan kan yoo ilaallu eenyummaa barattootaa barattoota gidduutti kan mullisu qaba. Akkuma raga (41) irraa arginu Hawwaan yaada tasgabbiitiin ani…nan jedha jechuun yaada ishee yoo ibsattu hubanna.Kunimmoo ofitt amanamummaa ishee waan mu'isuuf eenyummaa barataa daree keessattii agarsiisa.

Ragaa (41) irratti immoo barataan Mahaammed **lakki ..sababiin isaas** …jechuudhaan yaada isaa yoo ibsatu agarra. Kunis akka eenyummaa barataa daree keessatti **lakki** jechuun isaa mormuu agarsiisa. **Sababiin isaas** kan jedhu immoo amansiisuuf yaada maddisiisuu isaa hubanna. Mormuuffi amansiisuun immoo sochii adeemsa baruu barsiisuu keessatti taasifamu waan ta'eef eenyummaa barattootaa calaqqisiisa.

Ragaa (42) yoo ilaallu eenyummaa barataa kan ibsan, Indiris **mee nadhagayaa ani immoo**, jechuudhaan yaada isaa ibsate. As keessatti mee nadhagayaa. ani immoo kaniin jedhu gidduu barattootaatti jecha garaamummaa (polite words) waan ta'eef eenyummaa barattootaa ibsa. Akkasumas ammaimmoo kan jedhu dabaree waliif akka kennaniif yaada isaanii akka sassaabbatan taasiseera kun immoo eenyummaa barattootaa daree keessaa ni ibsa.

Ragaa (43) irratti barattuu Faaxeen *akkis taanaan* jechuudhaan yaada ishee itt makte. Yaanni ku immoo yaada duraan ture mormaa turtee gara dhumaatti immoo yaada qabiyyee barumsichaa hubachaa dhufuu ishee agarra.

Dhuma irratti 44fi 45 yoo ilaallu 44irratti yaada mormii kaasuun raga amansiisuu danda'u dhiyeessuuf yaaleera. Ragaa 45 gubbaatti garuu barataa Abduun yaada waliigalaa irra akka ga'amuuf yaada eeyyentaan cufuu isaa agarra. As keessatti eenyummaa barataa kan agarsiisu adeemsa barachuu keessatti wal mormuun gara yaada sirriitti dhufuun isa bu'uuraa ta'uu isaa hubanna.

Walumaagalatti daree barnootaa keessatti sochii (interaction ) taasifamu keessa eenyummaa barataa kan ibsan jiraachuu isaa hubanna. Waanti bu'aa qaaccessa raga kanaa ta'es mormuu, amansiisuu, sababeessuu, dabareen dubbachuu, yaada walii tasgabbeessuufi naamusni barataa akkaataa Baateefi aadaa isaaniitiin afaan isaanii galeen daree keessatti raawwachuun isaani enyummaa isaanii akka ibsu qoratichi ragaadhaan deeggaruun dhiyeesseera. Rakkoon gama afaan dubbiitiin sadarkaa adda addaatti mullate kun kan afaan dubbii irrattii qofaadha. Rakkoon

kunis, rakkoo loogaa, rakkoo makaa haasaa, rakkoo ergifannaa Afaan Amaaraafi Afaan Arabaa isaan muraasa.Rakkoo warren kun fudanis walhubannaan barattootaafi barsiisota gidduutti uumamuu, rakkoo hiika jechootaa wallaaluun danqauu akkasumas jechoonni waalta'an baayinaan dubbatamuu dhabuurraan egeree Afaan Oromoof rakkisaadha. Gama barreessuutiin wal qabatee yeroo barreessuurratti afaanuma naannoo isaanii barreessu. Yoorakkatan immoo jechoota ifa hin taane barreessuun ittiin waliigaluuf nama rakkisu.

# BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

## 5.0. Seensa

Boqonnaa kana keessatti ragaawwan fayyadama afaan dubbii daree barnootaa keessatti: Haala Godina Addaa kamisee  Mana Barumsaa Baatee Sadarkaa Lammaffaa jedhu irratti qorannoon gaggeeffameera. As jalatti immoo, odeeffannoo mala daawwannaa, marii garee fi afgaaffiin guuraman qaacca'anii adda bahantu  dhiyaataniiru. Kunis adeemsa Qorannichaa keessatti yaadota ka'aa turan bu'uureffachuun cuunfaa jalatti ibsameera. Akkasumas argannoo Qorannichaa keessatti firiin qorannichaa qabatamoo ta'an ibsamaniiru.Itti aansuudhan immoo.yaboo qorannichaatu yookiin yaada furmaataa qorannichaatu walduraa duubaan dhiyaataniiru.

## 5.1.Gudunfaa

Hojiiwwan qorannoo kana keessatti hammataman boqonnaa shanitti qoodamee dhiyaateera. Boqonnaa tokkoffaa jalatti afaan oromoo sirnoota bittaa darban jalaa erga bahee as afaan barnootaa, afaan hojiilee mootummaa ta'uun tajaajilaa jiraachuun isaa tuqameera. Ibsi odeeffannoo bakka qorannoon irratti gaggeeffamee gad fageenyaan ibsameera. Jiraattonni Baatee illee harki caalaan isaanii amantaa musiliimaa kan hodofaniifi Afaan Amaaraa fi Afaan Oromoo walmakanii waliin jiraachuun isaanii ibsameera. Haala qabatamaa  afaan oromoo mana barumsaa keessatti itti tajaajilaa jiru maal akka fakkaatu qaaccessuuf tartiiba qorannoo tokkoo hrdofee dhiyaateera. Haalli tartiiba qorannoo kanaas, ka'umsa qorannichaa keessatti qorannoo kana akkan gaggeessuuf waantonni na kakaasan kanneen akka barattoonni of ibsuuf sodaachuu ,marii garee keessatti qooda fudhachuuf fedhii dhabuufi qormaata biyyoolessaa irratti qabxii gadaanaa galmeessisaa jiraachuun isaani isaan muraasa. Qorannoon kun akka gaggeeffamuuf waanti barbaachise immoo barattoonni daree barnootaa keessatti ergaa hubachuu akka danda'anii fi akkoo gama daree barnootaa keessatti mul'atuuf furmaata barbaaduufidha. Qorannoon kun mataduree Fayyadama Afaan Dubbii Daree Barnootaa Keessatti Haala Godina addaa kamisee Aanaa Baatee Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa irratti kan daanga'edha. Kaayyoon immoo kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree sadii of jalatti hammata. Hanqinni qorannoo kanaa illee boqonnaa kana keessatti walduraa duraa duubaan ibsamaniiru.

Boqonnaa lammaffaa keessatti yaad rimeewwan fayyadama afaan dubbiitiin wal qabataniifi sakatta'insa barruu wal fakkii dhiyaateera. Sakatta'a barruu yaad rimee keessatti maalummaa

afaanii faayidaa afaaniifi fayyadama afaanii yaadota hayyootaa waliin deeggaramee dhiyaateera. Dabalataanis, afaan dubbii jalatti waa'een aflamee, makaa haasaa, tolfama jechootaa keessatti hiika isaa ibsameera. Kana malees, loogaa fi waaltina afaanii waliin wal qabatee tajaajola hawaasummaaf akka inni oolu addeeffameera. Sakkatta'a barruu walfakkii keessatti immoo qorannoowwan hojii kana waliin walfakkaatan sadii ol fudhachuun ittiin ilaalameera. Dabalataanis, yaaxinoonni qorannoon kun bu'uureffatee ittiin ilaalame dhiyaateera.

Boqonnaa sadii keessatti immoo,malli qorannoon kun ittiin adeemsifame yookiin malli qorannichaa kaa'ameera. Gosa qorannoo akkamtaa waan ta'eef waa qulqulleeffachuuf adda baasa. Madda ragaa qorannichaa kan ta'an immoo, barattoota Mana Barumsaa Baatee fi barsiisota Afaan Oromoo  mana Barumsaa Baateeti. Haaluma kanaan madda ragaa tokkoffaa ta'anii kan fudhataman barattoonni 18 barsiisonni immoo lama walumaa galatti 20 iddatoo qorannoo knaa ta'uudhaan ibsa odeeffannoo waliin dhiyaataniiru. Malli filannoo iddattoo kanaas barattootaaf mala carraa yoo ta'u barsiisotaaf immoo malaxiyyootiin akka dhiyaate ibsameera. Meeshaan ragaa guuruuf filatamanis afgaaffii daawwannaafi mala marii gareeti. Malli ragaan ittiin ibsames mala akkamtaati.

Boqonnaan afur xiinxala ragaalee of jalatti hammatee dhiyaateera. Xiinxalli ragaa immoo, qaaccessa fayyadama afaanii adeemsa daree keessa tartibaan ibsameera. Fayyadamni afaanii daree keessaas gulantaadhaan akka dhiyaau addaan ba'eera. Itti aansuudhaan immoo fayyadama afaanii eenyummaa barsiisaa fi barataaibsan qaacca'anii dhiyaataniiru. Kutaa kana keessatti loogni barsiisotaafi barattootaa akkaataa caacculee afaaniitti addaan ba'anii akka sadarkaa isaaniitti xiinxalamaniiru. Dabalataanis fayyadama afaanii makaa haasaa tuqameera. Makaa haasaa keessatti immoo sadarkaa jechaa, sadarkaa dhamjechaafi sadarkaa gaaallee sadarkaa ciroo fi sadarkaa himaattillee makaan haasaa akka jiru ibsameera.

Boqonnaa shanaffaan yaadota durguddaa sadii of jalatti hammata. Inni jalqabaa cuunfaa qorannoo kanaa kan ibsu yoota'u, isa itti aanu keessatti immoo argannoo qorannichaatu ibsameera.Argannoon qorannoo kanaa ragaalee madda odeeffannoo ta'an irraa guurameee qaacca'e irraa yaada argannoo ijo ijoo ta'an tartiibaan kaa'eera. Itti aansuudhaanis rakkoo bu'aa qorannoo kanaa irraa argamaniif yaada furmaataa kan ta'an qaama dhimmichi ilaallatuuf akka ta'utti yaada  furmaataa  kaa'eera.

Walumaa galatti qoranoo kana keessatti waantonni ka'uu qaban qoranoo kana galmaan ga'u jedhamanii kan yaaadaman ka'uun qorannicha galmaan geessiseera.

### 5.2.Argannoo

Qorannoon kun xiinxala fayyadama afaan dubbii daree barnootaa keessatti haala gidina Addaa Kamisee Aanaa Baatee Mana barumsaa Sadarkaa Lammaffaatti gaggeeffame xumuramee jira. Qorannoo kanaaf ka'ums kan ta'e fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti haala barbaadameen afaanitti fayyadamuu irratti baayinaan milkaa'aa miti. Kanaafuu fayyadama afaanii daree barnootaa keessaa barnoota afaan dubbii keessatti waan itti fayyadamaniif daree barnootaa sana keessatti argamuun raga jiran walitti qabee qaaccessuun addaan ba'eera. Adeemsa raawwii taasifameen haala fayyadama Afaan Oromoo daree barnootaa keessaatiin wal qabatee rakkoowwan garaagaraa mullataniiru. Qabxiin ijoo ijoo ta'anii jiran kunis immoo, kutaa arganoo kana jalatti adda bahee ibsameera. Dabalataanis, yaanni furmaataa isaa itti aanee kaa'ameera.

- Qaamoleen baruu barsiisuu daree keessaa gaggeessan jechuunis barsiisonni haala fayyadama afaanii daree keessaa sirriitti adda baasee ittti fayyadamuurratt rakkoon akka jiru ifoomeera. Kunis, Looga barattoota naaoonnoo kamisee Baatii sirriitti beekanii itti fayyadamuun walii galtee daree keessaa adeemsisuu irratti ni rakkatu. Akkasumas looga barsiisonnifi kitaabni barataa daree keessatti dubbatu barattoota Baatee kana biratti hundi isaa kan bekamu miti. Kanaafuu garaagarummaan dubbii barattootaafi barsiisota gidduutti dubbatamu rakkoo ta'ee argameera.
- Brattoonni Kamisee Baatee kun naannoo Amaaraa keessa jiraachuun isaani ni beekama. Kana irraa kan ka'e jireenya guyyuu isaanii keessatti waliin jireenyaaf jecha afaan amaaraatti yeroo baayyee fayyadamu. Haata'u malee barattoonni kun barnoota afaan oromoofi dubbii Afaan Oromoo gidduu galeessa ta'e dubbatanii daree keessatti ittiin walii galuuf ni rakkatu. Kunis afaan dhalootaa isaanii akka dagaagaa hin deemne taasisaa adeema. Akka biyyoolessaattis dorgomaa ta'uuf isaan rakkisa.
- Sadarkaa jechaattis ta'e sadarkaa dhamsagaatti loogawwan barattoota kana irraatti calaqqisan unkaafi sagaleen tokko ta'an illee addaa addummaa hiikaa loogaan garaagarummaa qabaachuu ifa bahee jira.

- Jechoota loogaa naannoo sanatti dubbataman kan bakka biraatti haala addaatiin hiik qaban kanneen akka maqaa faallaa, maqaa guyyootaa, lakkoofs, guyyootaafi wkf barattootaafi barsiisota gidduutti mullata. Kun immoo adeemsa barachu barattootaa irratti dhiibbaa guddaa akka inni geessisu bira ga'ameera.
- Jechoonni loogaa kanneen afaan barnootaa waliin wal hin qabannee baayinaan haasa'uun niargama. Kun immoo barattoota dorgomaa gochuu irratti rakkoo ta'uun isaa ifa ba'ee taa'eera.
- Ergaan daree barnootaa keessattii karaa barsiisaas ta'e karaa barattootaa darbu gama qunnamtii afaanii ta'ee ergaa darburrattii walhubachuurratti rakkoon gama lamaaniinu jira. Kunis barattoonni tokko tokko sodaa Afaan Oromoo sirriitti dubbachuu dadhabuurraan kan ka'e yaada isaanii ibsachuurratti addaan kutanii dhiisaa jiru. Qunnamtii gama lamaanuu jiru keessatti ergaa walii hubachuun hammi isaa xiqqaadha.
- Ergaan daree barnootaa keessatti darbu barattootaafi barsiisota gidduutti ,akkasumas kitaaba barataa keessattii haalli fayyadama afaanii wal fakkaataa miti. Kun immoo barattoonni ergaa barbaadame argachuun akka walii galaatti Afaan Oromootiin dorgomaa ta'uuf baayyee rakkisaadha.
- Akka fayyadama afaanii barattoota Baatee kanaatti ergifannaan jechoota afaan Arabaafi afaan Amaaraa baayinaan kan fayyadaman akka ta'e hubatamee jira.
- Fayyadama afaanii makaa haasaa kan afaan amaaraafi afaan oromoo sadarkaa caasaa afaaniitti wal makee jiraachuun addaan ba'eera. Kun immoo Afaan Oromoo han gi guddina isaafi hangi itti fayyadamummaa isaatiin walii galuu irratti rakkoo ta'eera.
- Aaadaafi afaan wal make kessatti barattoonni eenyummaa isaanii dagataa adeemuun ni mullta. Kanaaf eenyummaa sabummaa isaanii dagataa adeemuun barattootaa egeree afaanichaf iddoo isaan kennaa adeeman irratti rakkoo akka ta'e adda ba'eera**.**
- Fayyadamni afaanii daree barnootaa keessaa eenyummaa barattootaa kan isaan daree barnootaa keessatti fayyadaman haala seeramala eenyummaa daree barnootaa ibsuun miti. Jechoota akka haamilee barataafi barsiisaa miidhaniitti fayyadamuun hubatameera.

**5.3.Yaboo**

Dhimmi afaan waliin walqabatee ka'u waan baayyeedha. Qoratamees dhumuu hin danda'u. Sababiin isaas, umurii dheeraafi fayyadamtoota afaanii waliin walqabatee haala fayyadama isaafi faayidaainni kennu irratti hundaa'ee bira ga'amuu hin danda'u. Haata'u malee, adeemsa raawwii qorannoo taasifameen haala fayyadama Afaan Oromootiin walqabatee rakkoowwan garaagaraa adeemsa baruu barsiisuu afaan dubbii Afaan O romoo keessatti rakkoon mullateera. Rakkooleen jiran kunis immoo kutaa argannoo kana jalatti adda bahee ibsameera. Yaanni furmaata ta'us itti aanee akka armaan gadiitti taa'ee jira. Rakkoo kanaafis abbummaa fudhachuun furmaata kan kennus walumaan quba qabsiifameera.

- ✓ Barattoonni karaa fayyadama afaan oromootiin wal qabatee mana barumsaa keessattis ta'e jiruufi jireenya isaanii keessatti afaan oromoof xiyyeeffannaa kennuunhaalaan itti fayyadamuu qabu.Kana malees afaanota garaagaraa walkeessa makuun dubbachuun bartee itti ta'aa adeemuu irraan kan ka'e liqimfamuu afaaniichaaf sababa akka hin taaneef ammuman xiyyeeffannoo itti kennuu afaan makanii haasa'uu irraof qusachuufi hawaasa naannoof illee hubannoo qabsiisuun ga'ee barattootaati.
- ✓ Dabalataanis, Barattoonni looga naannoo isaaniifi daree barnootaa keessatti argaman haala waalta'aa ta'en ittifayyadamuun barbaachisaadha. Akkasuma, Hawaasa naannoo biratti illee hangi isaa akka xiqqaata adeemu gochuun dirqama afaaniifi lammummaa itti ta'uu qaba.
- ✓ Inni biraa immoo barattoonni eenyummaa barsiisaafi eenyummaa barataafi haala daree hubachuun haala barnoota hunda hammate akka barsiifamuuf ga'ee isaanii bahachuu qabu.
- ✓ Barsiisonn adeemsa baruu barsiisuu keessattis ta'e hawaasa keessa jiraatu keessatti dhimma itti fayyadama afaanii irratti xiyyeeffannoo kennuun dhaloota fuulduraaf afaanichi akka guddatuuf afaan qulqulluu ta'e haasa'uu, barattoota daree keessatti barsiisuufi qajeelchuuf ga'ee guddaa waan taphataniif barumsaafi leenjii karaa miilta'aafi idilee ta'een gargaaruu.
- ✓ Barsiisonni adeemsa baruu barsiisuu keessatti ergaan baruubarsiisuu haalaan akka milkaa'uuf afaan waalta'een barnoonni akka darbu ga'eeisaanii bahachuun barbaachisaadha. Kunis, loogafi makaa haasaa irratti xiyyeeffachuun daree barnootaan alatti illee hubannoo qabsiisuudha.

- ✓ Qaamoleen hooggansa barnootaa rakkoo hamaa egefee barattootaafi egeree afaanii irratti rakkoo fidan irrattii leenjiii hubannoo kennuun guddina afaanichaaf waan murteessuuf hatattamaan hojiitti hiikuu qabu.
- ✓ Barattoonni, barsiisonniifi hawaasni naannoo ijaarsa eenyummaa daree keessattiif xiyyeeffannoo kennuun waantoota fayyadama afaaniitiif gufuu ta’an jedhamanii addaan ba’an kana afaan xiyyeeffannoo kennuun dirqama lammumaafi eenyummaa ba’uun barbaachisaadha.

**WABII**

Adane Feleke. (2010). "Language Use and Attitude of Gamo Community". Addis Ababa University Institute Of Language studies Department Of Foreign Languages And Literature (Graduate Program) Kan hin maxxanfamne.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo* .Finfinnee:Mega printing press.

_____ ____(2013). *Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee: Alem Printing Press.

______ (2014). Seemmoo. Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo. Oromiyaa Finfinee: Far East Trading PLC

_______(2016/17) *The Discursive Construction And Representation Of The Waata Identity:* Acritical Discourse Analysis Of Oral Texts. In partial Fulfilment of the Requirments For the degreeof Doctor of Philosophy InApplied Linguistics And Development: Addis Ababa University. (un published)

Alijiani Afsaneh. (2018). *Theory and practice in Language Studies*. Vol.8 ,No.6, Iran .Islamic Azad University.

Amhara National Reginal State Educational Bureau. (2014). Research Journal: A Yearly Published Educational Resarch Journal vol. No 16

Andrew Sables. (2003). *Learning, Identity and Classoom Dialogue*, Department of Education, University of Bath,United Kingdom

Andrea E.Tyler (et al). (2005). *Language In Use*. Washington DC, Gorgetown University press.

Angela Scarino and Anthony J. Liddicoat.(2009). *Teaching and Learning Languages*. Australia, GEON Impact printing pty Ltd.

Brown Douglas H. (2003). *Language Assessment Principles and Classroom Practices.* Califonnia*:* San Francisco.

Castello Dominic. (2015). *First Language Acquisition and Classroom Language Learning* Similarities and Differences. United Kingdom. University of Birmingham Edgbaston

Chritopher Oluwatoyin. (2017). *Bulgarian Journal of Science and Education policy (BJSEP).vol.11, No1* Nigeria, Obafemi Awolwo University.

Corder, S.P. (1973). *Introducing Applied Linguistics*. Harmonds worth, Middle Sex: Penguib Books.

Crystal, D. (1997). *English as a global language*. Cambridge: Cambridge UniversityPress. kan

Daangaa Bayeechaa. (2018). "qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo Daldala Dhuunfaafi Gamtaa: MagaalaaSulultaa" WaraqaaQorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Muummee Afaan Orommoo (kan hin maxxanfamne) Finfinnee, Oromiyaa

Dastaa Dassaalany. (2013*). Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee: Far East Trading PLc

Davis, A. (2007). *The Hand Book of Applied Lingustics*. Black well Publishing Ltd.

Finch,G(.2003*)..How to study linguistics:* A guide to understand language (2nd ed.). Great Britain: Palgrave Macmillan.

Fishman, J.A. (1971). *The Relationship between micro and macro socio linguistics*.in the study of who speak what language to whom and when. In Pride, J. B. and

Garee Qormaata Afaan Oromoo. (2006). *wiirtuu* jildii-11. Finfinnee, Biiroo Aadaafi Turizimii.

__________.(2010). *Wiirtuu* jildii-12,Finfinnee, Biiroo Aadaafi Turizimii.

George Toun University. (2005). *Language In Use*.United State Of America Georgetoun University press

Getaachoo Rabbirraa. (2007). *Furtuu.Seerluuga afaan oromoo*.Addis Ababaa :Dhabbata Maxxansaa Kurraz Internaashinaalaa

Goldman Radic, p.s. (1998).”The *prefrontal landscape: Implications ofFunctional architectur* for understanding humen mention and the central executiveIn A.C.

Gosaa Nagaash. (2016). *Xiinxala Loogawwan Afaan Oromoo Arsiifi Haragee*;Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA)Guuttachuuf Muummee Afaan Orommoo (kan hin maxxanfamne

Gurmeessaa Tujubaa. (2015). *Qaaccessa Caasaa Jechaafi Hima Afaan Oromoo Kitaaba Barnootaafi Kitaabilee wabii* :Finfinnee Yuniversiitii Addis Ababaa Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa, (Kan hin maxxanfamne).

Gudy kunst, W. and Kim, Y. (2003). *Communicating with strangers: an approachto intercultural communication.* New York: Mac Graw Hill.

Halliday, M. (1994). *An Introduction to Functional Grammar*. (2nd ed.).London: AmoldLtd.

Hodge,B. and Kress, G. (1993). *Language as Ideology*.London and New York: Routledge.

Holmes, J. (1992). *Socio Linguistics*,15-32.Penguin Books: USA

Holmes, J. (1992). *An Introduction to socio linguistics*.London: Longman.

Hudson, R. A. (1980). *Socio linguistics.* Cambridge: Cambridge University Press. Hyu-Yong

Krashen . S. D. and Terrell. (1983). *The Natural Approach*. New York : Pergamon

.Matras, Y. (2009*). Language contact. Cambridge*: Cambridge University Press.

Mehl, M. (2003). *Psychological aspect of natural language*: Our words our selves. Austin: Univesity of Texas.

Meseret Gizachew. (2007). Classroom Interaction In teaching Oral Communication Through The Use Of Tasks ,Addis Ababa University Institute Of Language studies Department Of Foreign Languages And Literature (Graduate Program) Kan hin maxxanfamne.

Noormohamadi, R. (2008). *Mother Tongue, a necessary steps to intellectual development* , Journal of pan –pacific :Association of Applied Lingustic

Owens, JR. (1988). *Language Development An Introduction* (2th.ed). Newyork :oxford singapor sydney.

Park. (2008). *Journal of Classroom Interaction*,ISSN 0749425.@ 2008,vol 43.1,pages 4-13

Richards, J. C. and Rogers, T. (1986*). Approaches and Methods in Language Teaching* . Cambridge, University press.

Sarantakos, S. (2005*). Social Research.* Beiljing: Palgrave MacmillanLtd.

Silashii Abarraa. (2016).*Qaaccessa Makaa haasaa Haala Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa Aanaa Darraa* . Waraqaa Qorannoo Digirii lammaffaa (MA) Guuttachuuf Muummee afaan oromoo, Ogbarruufi Fookilooriif Ddhiyaate, Finfinnee (Kan hin maxxanfamne)

Susan Malone. (2007). *Mother tongue-Based Multilingual Education* :Implications for education policy.

Tiersma, P. (1999*). LegalLanguage.* Chicago: Chicago University Press.

Wolff, E. (2000*). Language and Society*. In Heine, B. and Nurse, D. (eds.) African Languages: An Introduction. Cambridge University Press.

Wood , D.(1998). *How children think and Learn*. Massachusetts Blak well Publisher

Xahaa Maammaa. (2008). *Qaaccessa Itti Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Agariffa.*Waraqaa Qorannoo Digirii lammaffaa (MA)Guuttachuuf Muummee afaan oromoo, Ogbarruufi Fookilooriif Ddhiyaate, Finfinnee (Kan hin maxxanfamne)

Yule, G.(1985). *The Study of Language*. Cambridge: Cambrdge University Press.

Zelalem Leyew, (1998*). Code switching: Amharic-English.*Journal of African culture studies 2,11:197-216.

www.campaignforeductio.org

https://www.teachingideas.Co.ul

https://w ww.thoughco.com

## Dabaleewwan

**Dabalee –A**

**Yunversiitii Addia Ababaatti Kollejjii Namooma Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii**

**CheeklistiiDaawwannaa Adeemsa baruu barsiisuu Mana Barumsaa Baatee Sadarkaa 2ffaa**

**Kutaa 1ffaa- Itti Fayyadama Afaanii**

1. Adeemsi fayyadama afaaniibarattoota afaan oromoo baruu barsiisuu daree keessaa maal fakkaataa ?
2. Adeemsa sadarkaa baruu barsiisuu daree keessatti fayyadamni afaanii maal fakkaataa ?
3. Fayyadama afaanii gulantaa garaagaraa keessatti akkamiin gaggeeffamaa ?
   A. Gulantaa seensa keessatti akkaniin ibsama ?
   B. Gulantaa Ibsa keessatti akkamiin fayyadamu ?
   C. Gulantaa gudunfaa keessatti maalfakkaata ?
4. Loogni barattootaafi barsiisotaa sadarkaa adda addaatti akkamiin ibsamaa?
   A. sadarkaa dhamjechaatti akkamiin dubbatama ?
   B. Sadarkaa gaaleetti akkamiin haasa'ama ?
   C. sadarkaa cirootti akkamiin fayyadamu ?
   D. D.Sadarkaa himaatti hiika akkamii qaba ?
5. Haalli fayyadama afaan waalta'aa daree keessattii maal fakkaata?
6. Barattoonni yeroo gaaffii gaafatan haala akkamiin gaafatu?
7. Rakkoon gama fayyadama afaanii adeemsa baruu barsiisuu keessatti mullatan jiruu ?

**Dabalee -B**

**Yunversiitii Addia Ababaatti Kollejjii Namooma Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii**

**Cheeklistii afgaaffii (waliin dubbii) Eenyummaa barataafi barsiisaa Mana Barumsaa Baatee Sadarkaa 2$^{ffaa}$Ibsan**

**Kutaa 1$^{ffaa}$- Itti Fayyadama Afaanii**

1. Barsiisonniifi barattoonnii akkamiin ergaa walii hubatuu?
2. Hiikni jechoota loogaa barattootaa fi barsiisotss maal fakkaataa ?
3. Fayyadamni afaanii nagaa wal gaafachuu keessatti akkamiin ibsamaa?
4. Makaan haasaa afaan amaaraa afaan oromootti makuun dubbachuu maal fakkaataa?
5. Ergifannaan jechoota Afaan Amaaraa, Afaan Arabaafi Afaan Ingiliffaa ergaa afaan oromoo dabarsuurratti dhiibbaa qabaa?
6. Afaan barnootaa kun hammam barattoota oromoo kamisee baatii birattii hubachuun ittiin barachaa jiruu?
7. Barattoonni barsiisotata waliin yeroo dubbatan haala kamiin eenyummaa isaanii ibsuu?
8. Eenyumaan barsiisahoo akkamiin seera amala daree eeguun barnoota hunda hammatoo kennaa?

**Dabalee -C**

**Yunversiitii Addia Ababaatti Kollejjii Namooma Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii**

**Cheeklistii falmii gaggeessuu Eenyummaa baratаa Mana Barumsaa Baatee Sadarkaa 2ffaa Ibsan**

**Kutaa 1ffaa- Itti Fayyadama Afaanii**

1. Haalli barattoonni yaada isaanii itti ibsatan maal fakkaataa ?
2. Barattoonni haala caasaa afaan oromoo eeguun yookiin haala qindaa'aa ta'een akkamitti afaanitti fayyadamuu?
3. Miira akkamiitiin dubbachuudhaan falmii daree keessaa gaggeessuu?

Fkn-kirkiruun sagalee jiraa?

- waliindhyuun yaadaa mul'ataa?
- afaan oromoo wallaaluun dhaabachuun argamaa?
- Irra deddeebiin yaadaa calaqqisaa?

4. Jechootatti haala akkamiin fayyadamuu ? Jechoota waalta'ootti hammam fayyadamuu?
5. Wal hubannaan gidduu barattoota shamarraniifi barattoota dhiiraa gidduu jiru maal fakkaataa?
6. Barattoonniifi barsiisonni eenyummaa ofii ibsuurratti maal fakkaatuu?

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaan koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaako kan ta'eefi Yuniversiitii kamuu keessatti kan hin hojjetamne ta'uu isaa mallattoo kootiin nan mirkaneessa. Wabiileen waraqaa qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadames, hunda isaanii wabii keessatti kaa'uuko nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa: Kabbadaa Oljirraa Gaarii

Mallattoo ______________________ Guyyaa_________________

Ani Dr.Addunyaa Barkeessaa barataan____________________________________waraqaa qorannoo isaa haala seera qorannaa eegeen qopheessuu isaafi ofittisuu (defense) muummeef galchuu danda'uu isaa ani gorsaan mallattookootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa _______________________________

Mallattoo___________________________________

Guyyaa_____________________________________